9 Tulloonni gaaronnis hundinuu,
mukkeetiin ija godhatan,
gaattiraanis hundinuu,
10 bineensonni, horiin qe'ees hundinuu,
warri lafa irra munyuuqan,
warri baalleedhaan ka'anis,
11 mootonni lafaa, sabnis hundinuu,
gurguddoonni, warri biyya
seerratanis hundinuu,
12 dargaggoonni, durboonnis
akkasuma,
jaarsoliinis ijoollee wajjin,
13 hundumti isaanii maqaa
Waaqayyoo haa jajatan!
Maqaan isaa kophaan ol ka'ee
waan beekameef,
surraan isaa lafaa fi bantii
waaqaa gararraa dha.
*7 104:26
*8 104:4

14 Jajuu ijoollee Isra'el,
warra isatti dhi'aatanii,
isaaf of kennan bundumaaf,
inni gaanfa mataa saba isaa
ol qabeera.
Waaqayyoon jajadhaa*!
*14 Kes 4:7-8

Faarfannaa Galataa

149 1 Waaqayyoon jajadhaa!
Faarfannaa haaraadhaan
Waaqayyoon
faarfadhaa!
Walga'ii warra isaaf of-kennanii
keessatti
jajuu isaa dhageessisaa*!
2 Isra'el isa isa uumetti haa
gammadu,
ijoolleen Xiyoon
mootii isaaniitti gammaduu
isaanii haa mul'isan*!
3 Sirbanii maqaa isaa baa jajatan,
dibbee fi kiraara
rukutuudhaanis isa haa
faarfatan!
*1 33:3; 96:1
*2 100:2

4 Waaqayyo saba isaatti in
gammada,
warra gad deebi'aniifis
mo'icha kennuudhaan
ulfina in argachiisa*.
5 Warri isaaf of kennan
ulfina kanatti haa gammadan,
afata isaanii irrattis guddisanii
baa faarfatan!
6 Waaqayyoon jajatanii ol himuun
afaan isaanii keessaa,
billaan gar lamaan qaramaanis
barka isaanii keessaa hin bu'in!
7 Saba lafa irraa irratti ijaa
ba'uudhaaf,
saba warra kaanis adabuudhaaf
8 mootota isaanii fuuncaadhaan,
ulfina-qaboota isaaniis
funyoo sibiilaatiin hidhuudhaaf,
9 firdii caafamee jiru isaan irratti
in raawwata,
kun warra isaaf of kennan
hundumaaf ulfina!
Waaqayyoon jajadhaa*!
*4 147:6
*9 Isa 63:4-6; Yoe 4:2-14

Faarfannaa Jajachuu Isa Guddaa

150 1 Waaqayyoon jajadhaa!
Iddoo isaa isa qulqullaa'aa
keessatti Waaqayyoon
jajadhaa!
Bantii waaqaa isa
humna-qabeessa keessatti
isa jajadhaa!
2 Gocha isaa isa
aango-qabeessaaf isa
jajadhaa;
akka guutummaa guddina
isaatti isa jajadhaa!

3 Sagalee fiinootiin isa jajadhaa;
kiraaraa fi maseenqoodhaan isa
jajadhaa!
4 Dibbeedhaa fi sirbaan isa jajadhaa;
mi'a ribuu qabuun, ululleedhaanis
isa jajadhaa!
5 Sibiila walitti rukutamee
sagalee ol kaasuun,
isa jajadhaa!
sibiila walitti rukutamee sagalee
guddaa dhageessisuun,
isa jajadhaa*!
6 Wanti hafuura baafatu hundinuu
Waaqayyoon haa jajatu!
Waaqayyoon jajadhaa*!
*3-5 98:4-5; 2Sam 6:5
*6 Mul 5:13

Macaafa Fakkeenyaa

Bu'aa Fakkeenyonni Kennan

1 1 Fakkeenyonni Solomoon ilma
Daawit, mootii Isra'el kanatti aa-
nanii jiru*. 2 Isaanis namoonni ittiin
ogummaa fi barsiisa akka argataniif,
dubbii beekumsa of keessaa qabus
akka hubataniif in gargaaru; 3 akkasu-
mas qalbifachuudhaan, qajeelummaa fi
wanta seeraan eegame, wanta dhugaa
ta'es akka argataniif, 4 wallaalonni ma-
la, ijoollonnis beekumsaa fi dubbii
gargar baasuu akka qabaataniif kenna-
man. 5 Namni ogeessi in dhaggeeffata,
barumsas in dabalata, namni dubbii
gargar baasuu beekus mala in argata.
6 Dubbii fakkeenyaan dubbatamu, baa-
saa sookaa, wanta ogeeyyiin dubbata-
niif hibboo in hubata.
7 Waaqayyoon sodaachuun jalqaba
ogummaa ti,
gowwoonni garuu ogummaa fi
barsiisa in tuffatu*.
*1 1Mot 4:29-32
*7 8:13; 9:10; Iyo 28:28; Far 111:10;
Lal 12:13

Dargaggeessaaf Gorsa Kennuu Isaa

8 Yaa ilma ko, gorsa abbaa keetii
dhaga'i,
barsiisa haadha keetiis hin
tuffatin*.
9 Isaan mataa keetiif akka daraaraa
battee dha'amee ti,
morma keetiifis mi'a
miidhaginaa ati dirattuu
dha.
10 Yaa ilma ko,
cubbamoonni yoo si
wallaalchisuuf jedhan,
tole hin jedhiniif*;
11 isaan, "Nuu wajjin kottu,
dhiiga namaa
dhangalaasuudhaaf
dhaqnee ripbnee eeggannaa;
nama balleessaa hin qabnes
sababiidhuma tokko malee,
miidhuudhaaf karaatti in
eegganna;
12 akka iddoo lafa jalaatti,
akka warra fayyaatti
boolla gad fagoo keessa
buufamaniittis
guutummaatti isaan in
liqimsina.
13 Nuyi wanta gati-jabeessa
hundumaa
in arganna,
manneen keenyas wanta
saamneen in guuttanna;
14 birmaata keenya walitti in
dabalanna,
korojoon keenyas tokko haa
ta'u!"
yoo siin jedhan,
15 yaa ilma ko, isaanii wajjin hin
adeemin,
karaa isaanii irras bin bu'in!
16 Miilli isaanii hamaatti in fiiga,
isaan dhiiga dhangalaasuudhaaf
in ariifatu.
17 Warra baalleedhaan ka'an
qabuudhaaf,
orga isaan arganii
kiyyoo diriirsuun waa'ee hin
baasu.
18 Namoonni kun riphanii
eeggachuun isaanii,
dhiiguma ofii isaanii
dhangalaasuutti in geessa;
kan biraa karaatti eeggachuun
isaaniis
jireenya ofii isaanii in
balleessa.
19 Jireenyi nama bu'aa jal'inaa
buufatuu
kana in fakkaata;
qabeenyi akkasiis
lubbuu namichaa in balleessa.
*8 6:20; 23:22; 30:17; Bau 20:12;
Kes 21:18-21
*10 16:29; Kes 13:7-9

Ogummaan Namoota Waamuu Isbee

20 Ogummaan bakkee keessaa
guddiftee in iyyiti,
walga'ii karaa keessaas
sagalee ishee in dhageessifti;
21 mataa lafa namoonni
itti wal ga'anii irraa,
sagalee ishee ol fudhattee in
iyyiti;
karra kellaa mandaraatiis in
dubbatti*.
*20-21 8:1-3; 9:3

22 Isheen, "Isin wallaalota nana,

hamma yoomiitti
wallaalummaa jaallattu?
Isin ga'iftoota nana,
hamma yoomiitti ga'isuutti
gammaddu?
Isin warri gowwoonnis
hamma yoomiitti beekumsa
jibbitu?
23 Gorsa koo dhaggeeffadhaa!
Kunoo, ani hafuura koo isiniif
nan dhangalaasa,
dubbii koos akka beektan nan
godha;
24 ani isin waamnaan erga diddanii,
harka koo bal'ifnaanis
gara koo kan dhufu erga dhibee*,
25 isin gorsa koo hundumaa
tuffattanii,
iffata koos erga hin barbaannee,
26 ani immoo badiisa keessanitti
nan kolfa,
naasuun yommuu isin qabatus
isinittan ga'isa*.
27 Naasuun akka bubbeetti
yommuu isinitti dhufu,
badiisi akka qilleensa jabaatti
yommuu isinitti bubbisu,
rakkinnii fi muddamni
yommuu isin irra garagalu,
28 isin na waammattu,
ani garuu deebii isiniif hin
kennu;
dhimmitaniis na barbaaddu,
ana bin argattan*.
29 Isin beekumsa in jibbitan,
sodaa Waaqayyoos hin fo'anne;
30 isin gorsa koo hin barbaanne,
iffata koo hundumaas in
tuffattan;
31 kanaaf isin ija hojii keessanii in
nyaattu,
wanta akeeka baafattaniinis
in wichirooftu*.
32 Wallaalota karaa irraa goruutu
ajjeesa,
gowwootas 'Giddii hin qabu'
jechuutu balleessa.
33 Namni anaaf dhaga'u garuu
nagaatti in jiraata,
wanta hamaa hin sodaatu, hin
bir'atus" in jetti.

**24 Isa 65:2,12; Er 25:1-6*
**26 Kes 28:63*
**28 Isa 59:2; Er 11:11; Amo 8:11-12; Mik 3:4*
**31 Isa 3:10-11*

Bu'aa Ogummaan Namaaf Kennitu

2 1 Yaa ilma ko, dubbii koo yoo
fudhatte,
abboommota koos yaada kee
keessa yoo kaa'atte,
2 gurra kee gara ogummaatti
qabdee,
yaada kee gara hubannaatti yoo
deebifte,
3 beekumsa gad fagootti yoo
iyyatte,
hubannaa argachuudhaafis
guddiftee yoo iyyite,
4 akka nama meetii barbaaduutti,
akka nama qabeenya
dhokfamee jiru qoratuuttis
ishee yoo barbaadde,
5 ati yommus Waaqayyoon
sodaachuu in barta,
waan ittiin ishee beektus in
argatta*.
6 Ogummaa Waaqayyotu kenna,
beekumsii fi hubannaan
dubbii afaan isaa keessaa
ba'uun in argama*;
7 inni nama yaadni isaa qajeelaaf
ogummaa in kenna,
warra balleessaa bin qabneefis
gaachana*;
8 inni daandii qajeelummaa in
to'ata,
karaa warra isaaf of kennaniis
in eega.

**4-5 1:7; Yaq 1:5*
**6 1Mot 5:9-10; Lal 2:26; Dan 2:20-23*
**7 Far 7:10*

9 Yommus ati wanta qajeelaa ta'ee
fi firdii dhugaa,
amanamummaa fi
wanta ba'eessa ta'e hundumaas
in hubatta.
10 Yeroo ati ogeessa taatee,
beekumsis si gammachiisu*,
11 of eeggannaan si golga,
hubannaanis si eega.

**10 1Qor 1:30*

12 Ogummaan karaa namoota
jal'ootaa irraa,
warra dubbiin isaanii jal'aa
ta'e irraa,
13 warra karaa dukkanaa irra
adeemuuf jedhanii,
daandii qajeelinaa dhiisan irraa,
14 warra hamaa gochuutti,

micciiramummaa warra
jal'ootaattis gammadan
irraa,
15 namoota warra karaan isaanii
micciiramaa,
warra adeemsi isaanii jal'aa
ta'e irraas si oolchiti.

16 Isheen dubartii ormaa irraa,
dubartii gaalamoota
ishee afaaniin namatti kuultu
irraa,
17 ishee dhirsa qarrummaa isheetii
dhiifte irraa,
ishee kakuu Waaqayyoo ishee
irraanfatte irraas si eegdi.
18 Gara mana dubartii gaalamootaa
dhaquun,
boolla du'aatti adeemuu dha;
karaan jireenya ishees
gara ekeraa warra du'aniitti in
geessa.
19 Warra ishee bira dhaqan keessaa
kan deebi'e,
deebi'ees karaa jireenyaa kan
argate hin jiru*.

**16-19 5:3-6*

20 Ati garuu karaa namoota
gaggaarii irra in adeemta,
karaa warra qajeelotaa irraa
akka hin jal'anneefis in
eeggatta.
21 Warri gara-qajeelonni biyya
keessa in jiraatu,
namoonni balleessaa bin qabnes
isa keessatti in bafu*.
22 Warri jal'oonni garuu biyyicha
keessaa in balleeffamu;
warri bin amanamnes isa
keessaa in buqqifamu*.

**21 Far 37:9,11; Mat 5:5*
**22 Far 37:10*

Bu'aa Ogummaan Namaaf Kennitu Ittuma Fufee Dubbachuu Isaa

3 1 Yaa ilma ko, gorsa koo hin
irraanfatin,
abboommota koos yaadatti
qabadhu!
2 Isaan guyyoota baay'ee fi
waggoota baay'ee,
nagaatti jiraachuus siif in
dabalu*.

**1-2 4:4,10; 7:1-3; 9:11; 10:27; Lew 18:5; Kes 30:16*

3 Gaarummaa fi amanamummaan
sittii hin fagaatin!
Morma keetti isaan hidhadhu,
gabatee garaa keettis isaan
caaffadhu*!
4 Yommus ati Waaqayyo duratti,
nama durattis maqaa gaarii in
argatta,
faara tolaadhaanis in ilaalamta*.

**3 Kes 6:8*
**4 1Sam 2:26; Luq 2:52*

5 Garaa kee guutuu Waaqayyoon
amanadhu,
hubannaa ofii keetiitti bin
hirkatin!
6 Karaa kee hundumaatti isa yaadi,
innis daandii kee siif in
qajeelcha.
7 Ani ogummaa qaba ofiin hin
jedhin;
Waaqayyoon sodaadhu,
wanta hamaattiis fagaadhu*!
8 Kun fayyaa dhagna keetiif,
cimina lafee keetiifis in ta'a.

**7 Lal 12:13; Isa 5:21; Rom 1:22; 12:16*

9 Qabeenya keetiin,
ija midhaan keetii hundumaa
keessaa isa duraatiinis,
Waaqayyoof ulfina kenni*!
10 Yommus midhaan gombisaa kee
in guuta,
daadhiin waynii kee inni
baaraanis
guutee iddoo cuunfaa waynii
kee irra in dhangala'a.

**9 Bau 23:19*

11 Yaa ilma ko, adaba Waaqayyoo
hin tuffatin,
ifata isaas bin jibbin*!
12 Abbaan ilma isaa isa jaallatu
akkuma adabu,
Waaqayyo nama jaallatu in
adaba*.

**11 Iyo 5:17-19; Ibr 12:5-6*
**12 1Qor 11:32; Mul 3:19*

13 Namni ogummaa argatu,
namni hubataanis haa
gammadu!
14 Ogummaan meetii caalaa bu'aa
qabdi,
iji isheen godhattus
kan warqee irra in wayya;

15 isheen calleewwan caalaa
gati-jabeettii dha,
wanta ati caalaatti hawwitu
keessaa
kan isheedhaan qixxaatu hin
jiru*.
16 Gara harka ishee mirgaa jireenya
dheeraatu jira,
gara harka ishee bitaas
soorumaa fi ulfinatu jira;
17 karaan ishee karaa
namatti toluu dha,
daandiin ishees
daandii nagaa ti;
18 isheen warra jabeessanii ishee
qabataniif
muka jireenyaa ti,
warri jabeessanii ishee qabatan
haa gammadan*!
14-15 2:4; 8:10-11; 16:16; Iyo 28:15-19
18 11:30; Uma 2:8-9

19 Waaqayyo ogummaadhaan
hundee lafaa jabeessee uume,
hubannaadhaanis bantiiwwan
waaqaa jabeessee in
dhaabe.
20 Beekumsa isaatiin burqituuwwan
callabboo in futta'an,
duumessoonnis fixeensa in
coccophsan*.
19-20 8:22-31

21 Yaa ilma ko,
ogummaa fi dubbii gargar
baasanii hubachuutti
jabaadhu,
ija kee duraa akka dhabaman
hin godhin!
22 Isaan siif jireenya,
morma keetiifis miidhagina
in ta'u.
23 Yommus ati nagaadhaan
karaa kee irra in adeemta,
miilli kees hin gufatu.
24 Yommuu ciiftu hin sodaattu,
yommuu raftus
hirribni kee miyaa'aa in ta'a*;
25 naasuun dingataa,
badiisi jal'oota qabatus
yommuu dhufu hin sodaatin!
26 Waaqayyo amanannaa kee in ta'a,
miilli kee kiyyoodhaan
akka hin qabamneef in eega*.
24 Far 3:5; 4:8
26 10:29

27 Gocbuudhaaf utuu dandeessuu,
warra wanta gaarii argachuun
ta'uuf
duraa bin hambisin!
28 Utuu of harkaa qabduu,
"Bor siif nan kennaatii
deebi'ii kottu!"
namaan hin jedhin!
29 Nama si amanatee si bira taa'utti
wanta hamaa bin yaadin!
30 Utuu namni si hin miidhin,
akkasumaan nama hin lolin.
31 Nama humna isaa namatti
argisiifatutti
bin binaafin,
karaa isaa keessaas tokko illee
hin fo'atin*;
32 namni micciiramaan
Waaqayyo duratti in
ciigga'ama,
warri yaada qajeelaa qaban
garuu in amanamu*.
31 23:17; 24:1,19-20
32 15:8-9; Far 25:14

33 Abaarsi Waaqayyoo
mana warra jal'ootaa irra jira,
mana warra qajeelotaa garuu
Waaqayyo in cebbisa*!
34 Dhugumaan inni
warra ga'iftuutti in ga'isa,
warra gara-laafotaaf garuu
ayyaana isaa in kenna*.
35 Ogeessonni ulfina in argatu,
warri gowwoonni garuu
salphina irra in bu'u.
33 2:21-22; 13:21; 14:11; 24:20; 1Sam 2:9; Iyo 20:4-19; Isa 3:10-11
34 Yaq 4:6; 1Phe 5:5

Ogummaan Bu'aa Guddaa Qabaachuu Ishee

4 1 Yaa ilmaan ko, gorsa abbootaa
dhaga'aa,
akka hubattanitti yaadaan
duukaa bu'aatii
dhaggeeffadhaa!
2 Ani barsiisa gaarii isiniif nan
kenna,
isin seera koo hin dhiisinaa!
3 Ani mana abbaa kootti mucaa
qanani'aa,
haadha kootiifis ilma tokkicha
yommuun ture,
4 abbaan koo kanatti fufee
kan jiru na barsiise;

"Waanan sitti dubbadhu cimsii
yaadatti qabadhu,
in jiraattaatii abboommota koo
eegi*!
5 Ogummaa argadhu, hubataas ta'i!
Dubbii afaan kootii hin
irraanfatin,
irraas hin jal'atin!
6 Ogummaan si golgitii isbee hin
dhiisin,
si eegdiitii ishee jaalladhu!
7 Ogummaan hundumaa irra in
caaltiitii isbee argadhu!
Wanta qabdu hundumaanis,
hubannaa bitadhu*!
8 Ol isbee fuudhi,
isheenis ol si qabdi,
ofitti ishee qabi,
isheenis ulfina siif in kenniti;
9 isheen daraaraa battee dha'ame
mataa kee irra in keessi,
gonfoo miidhagaas siif in
kenniti" jedhe.
4 3:1-2; Lew 18:5
7 23:23; Mat 13:44-46

10 Dhaga'i yaa ilma ko, dubbii koo
fudhadhu!
Barri jireenya kees in
baay'ata*.
11 Ani karaa ogummaa si barsiiseera,
daandii qajeelaa irras si
geggeesseera.
12 Yommuu adeemtu
karaan sitti hin dhiphatu,
yommuu fiigdus hin gufattu;
13 gorsa siif kennamtetti jabaadhu,
gad ishee bin dhiisin!
Isheen jireenya kee waan taatecf,
ba'eessa godhii eeggadhu!
14 Daandii namoota jal'ootaa irra
hin bu'in,
karaa namoota hamootaa irras
hin deddeebi'in*!
15 Irraa fagaadhu! Isa irras bin
adeemin,
irraa gori karaa kee irra
adeemi!
16 Isaan hamma bamaa godhanitti
hin rafan,
hamma nama gufachiisanitti
hirribni ija isaaniitti hin dhufu*;
17 buddeena jal'inaa in nyaatu,
daadhii humnaan nama irratti
ka'uudhaan
argamus in dhugu.
10 3:1-2
14 Far 1:1
16 Far 36:4; Mik 2:1

18 Daandiin qajeelotaa
akka ifa barii ganamaa,
isa yeroo biiftuun baatee
ol adeemtu,
ittumaa ifaa ol adeemuu ti.
19 Daandiin jal'ootaa garuu
akka dukkana limixii ti,
jal'oonni
wanta isaan gufachiisu hin
beekan*.
19 24:20

20 Yaa ilma ko, dubbii koo dhaga'i,
gurra kees gara wanta
ani jedhuutti qabi!
21 Isaan ija kee duraa hin dhabamin,
yaadatti isaan qabadhu!
22 Isaan nama isaan argatcef
jireenya,
guutummaa dhagna isaatiifis
fayyina*;
23 wanti jireenyaaf barbaachisu
yaada garaa keessaa waan
ba'uuf,
yaada kee ba'eessa godhii
eeggadhu!
24 Jal'ina dubbachuu afaan keettii,
dubbii micciiramaas
arraba keettii fageessi!
25 Iji kee kallattiidhaan qajeelchee
haa ilaalu,
wanta ija kee dura jiru
duwwaa ilaali*!
26 Irra adeemuudhaaf akka ta'utti,
daandii kee wal qixxeeffadhu!
Yommus adeemsi kee
hundinuu siif in qajeela*;
27 gara mirgaatti yookiis bitaatti
hin gorin,
miilla kee wanta hamaattii
deebisi*!
22 3:8
25 17:24
26 Ibr 12:13
27 Iya 1:7

Gorsa Ejjummaa Irraa Of Eeggachiisuu

5 1 Yaa ilma ko, dubbii ogummaa
kootii dhaggeeffadhu,
gurra kees gara wanta ani
hubannaadhaan dubbadhuutti
qabi!

2 Yommus dubbii gargar baasuu in dandeessa,
dubbiin afaan kees beekumsaan in ta'a;
3 hidhiin dubartii ejjituu damma coccophsa,
haasaan afaan isheetii akkuma dhadhaa ti, namas hin quuqu;
4 dhuma irratti garuu akka hadhooftuu,
akka billaa gara lamaan qaramees in taati.
5 Miilli ishee gara du'aatti gad in bu'a,
ejjennaan ishees gara iddoo lafa jalaatti in geessa;
6 ati waa'ee karaa jireenyaa akka hin yaadnetti,
daandiin ishee gegeddaramaa dha;
ati garuu isa hin beektu*.
3-6 2:16-19; 6:24—7:27; 22:14; 23:27-28; Lal 7:26

7 Egaa yaa ilmaan ko, mee na dhaga'aa!
Wantan afaan kootiin dubbadhu irraa hin jal'atinaa!
8 Karaa kee ishee irraa fageessi,
balbala mana isheetti iyyuu hin dhi'aatin!
9 Yoo kana eeggachuu dhaabaatte,
ulfina kee namoota biraatiif,
bara jireenya kees nama gara-jabeessaaf kennuu kee ti;
10 qabeenya kee ormatu nyaata,
dadhabbiin kees mana alagaa in sooromsa;
11 dhuma bara jireenya keetti,
foon kee fi dhagni kee yommuu gad dhumu in aadda.
12 Ati, "Ani attamittan gorsa jibbe,
garaan koos attamitti adabamuu tuffate!
13 Ani barsiisota kootiif hin abboomamne,
gurra koos gara warra na gorsaniitti hin qabne;
14 guutummaa walga'ii waldaa keessatti,
hamma xinnoofan waan hamaa hundumaa
keessa lixee oole" in jetta.
15 Boolla bishaanii kee keessaa bishaan boollaa,
ija bishaanii kee keessaas bishaan yaa'u akka dhugdu,
[haadha manaa kee ishee jaalala siif burqisiiftutti gammadi!]
16 Burqituun kee bakkee keessa,
bishaan lagaa kees karaa keessa haa tamsa'anii ree?
17 Isaan si duwwaadhaaf malee,
orma warra sii wajjin jiraniif hin ta'in!
18 Burqaan kee eebbifamaa haa ta'u,
haadha manaa qeerrummaa keetii wajjin gammadi*!
19 Isheen jaallatamtuu akka borofaa,
simbo-qabeettii akka kurupheettis,
harmi ishee yeroo hundumaa si haa gammachiisu,
jaalalli ishees laphee si haa coru*!
20 Yaa ilma ko,
maaliif dubartiin ormaa laphee si corti?
Maaliifis haadha manaa namaa ammatta?
21 Karaan namaa guutummaatti Waaqayyo dura jira,
inni daandii nama hundumaa in ilaala.
22 Namni jal'aan hojii hamaa hojjetetti in gala,
funyoo cubbuu isaatiinis in qabama;
23 inni gorsa waan dhabeef in du'a,
guddinni gowwummaa isaatiis karaa irraa isa in kaachisa.
18 Lal 9:9
19 Wed 4:5

Gowwummaa Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

6 1 Yaa ilma ko, namaaf wabii yoo darbite,
akkasumas walii galtee jabeessuudhaaf
2 nama biraa wajjin yoo harka wal rukuttan,
wanti ati dubbatte futtaasaa sitti ta'ee,
dubbiin afaan keetiis kiyyootti yoo si galche,
3 ati harka fira kee keessa yommuu buutu,
gara fira kee sanaa dhaqiitii gad of deebisii,
akka si irraa buusuuf isa kadhadhu,
yaa ilma ko, kana gochuu keetiin of in oolchita;
4 utuu kana hin godhin hin rafin,
baallee ija keetiis wal irra hin buusin!
5 Akka kuruphee harka adamsituu jalaa,
akka simbirroo warra ishee qaban jalaa baatuuttis of oolchi*!
1-5 11:15; 17:18; 20:16; 22:26-27

6 Ati namicha dhibaa'aa nana,
mee dhaqii mixii ilaali,
akka isheen itti jiraattu yaadaan qabi,
ogeessas ta'i*!
7 Isheen geggeessituu, eegduu, mootiis hin qabdu;
8 kana keessaa immoo waan ishee barbaachisu bona in tuullatti,
nyaata ishees yeroo makarii walitti in qabatti.
9 Ati dhibaa'aa nana,
hamma yoomiitti ciifta?
Hirriba keessaas yoom kaata?
10 Ciisuudhaaf harka kee wal irra in qaxxaamursita,
yeroo muraasa in mugda,
yeroo muraasa in rafta;
11 hiyyumni akka saamtuutti,
dhabinnis akka nama mi'a lolaa hidhateetti sitti in dhufa*.
6 10:4; 20:4; 19:24; 26:13-16
10-11 24:33-34; 19:15; 20:13

12 Namni waa'ee hin baafne,
namni jal'aan arraba isaa
isa micciiramaa fudhatee,
asii fi achi in adeema*;
13 ija isaatiin in bawwata,
miilla isaa in raasa,
quba isaatiin in argisiisa*;
14 micciiramummaan garaa isaa keessa jira,
yeroo hundumaa hammina in korata,
gargar ba'uu nama gidduu in facaasa;
15 kanaafis badiisi dingata isatti in dhufa;
caba fayya hin qabne in caba.
12 10:31-32
13 10:10; 16:30

16 Waaqayyo wanta ja'a in jibba,
isa torbaffaa immoo in ciigga'a;
17 isaanis kanatti fufanii jiru,
nama waan guddaatti of ilaalu,
arraba sobu,
harka dhiiga nama balleessaa hin qabnee dhangalaasu,
18 garaa akeeka hamaa yaadee qopheessu,
miilla waan hamaa gochuuf ariifatee fiigu,
19 nama sobaan nama irratti dhugaa ba'u,
isa soba gad jijjigsu,
nama gargar ba'uu obboloota gidduutti facaasuu dha*.
19 19:5

Ejjuu Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

20 Yaa ilma ko, abboommii abbaa keetii eegi,
barsiisa haadha keetiis hin tuffatin*!
21 Garaa kee keessa kaa'adhu,
morma keettis hidhadhu!
22 Yommuu ati adeemtu karaa si argisiisa,
yommuu raftu si eega,
yommuu dammaqxu si haasofsiisa.
23 Abboommiin kun ibsaa dha,
barsiifni kunis ifa,
ifanni adabaa karaa jireenyaa ti.
24 Inni dubartii hamtuu irraa,
dubartii ejjituu ishee afaaniin namatti kuultu irraas si eega*.
25 Garaan kee miidhagummaa ishee hin hawwin,
iji ishees si hin booji'in!
26 Dubartii balaleen buddeena tokkoon qacaramti,
isheen abbaa manaa qabdu garuu nama qabeenya qabu in adamsiti.
20 1:8
24 2:16-17

27 Namni dachaasaa wayyaa isaatii keessa
ibidda in kaa'ataa ree?
Wayyaan isaas utuu hin gubatin

hafuu danda'aa ree?
28 Yookiis namni barbadaa
giimii irra yoo ejjete,
miilli isaa utuu hin gubatin
bafuu danda'aa ree?
29 Namni baadha manaa namaa bira
dhaqu akkasuma ta'a,
namni ishee bira ga'es
utuu hin adabamin bin hafu*.
30 Hattuun yommuu beeloftu
beela ba'uudhaaf yoo hatte,
namoonni isbee in tuffatu laataa?
31 Yoo qabamte garuu,
wanta isheen manaa qabdu
hundumaa
yoo gaaga'e iyyuu,
dachaa torba baasuutu
isheedhaaf ta'a mitii ree?
32 Namni ejju qalbii bin qabu,
namni kana godhu of in
balleessa;
33 madaa'uunii fi salphachuun
isa in argata,
ga'oonis raawwatee isa irraa
hin badu;
34 hinaaffaan abbaa manaa in aarsa,
gaafa ijaa baafatus bin oo'uuf;
35 fureen tokko illee isatti hin tolu,
gabbarri hammamii iyyuu
isa hin gammachiisu.

**29 5:8-14*

Ittuma Fufee Gowwummaa Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

7 1 Yaa ilma ko, dubbii koo eegi,
abboommii koos garaatti
qabadhu,
2 abboommii koo eegi, in jiraattas;
barsiisa koos akka agartuu ija
keetiitti eegi!
3 Quba keetti isaan bidhadhu,
gabatee garaa keetiittis isaan
caaffadhu*!
4 Ogummaadhaan, "Ati obboleettii
koo ti" jedhi,
hubannaadhaanis, "Aantii koo"
jedhii waami!
5 Isaan dubartii ormaa irraa,
dubartii gaalamoota
afaaniin namatti kuultu irraas
si eegu.

**1-3 3:1-2*

6 Ani golgaa koo keessaa
karaa qaawwa mana kootii ala
ilaalee,
7 wallaalota keessaa,
dargaggoota gidduudhaa,
gurbaa qalbii hin qabne
tokko nan arge.
8 Inni cinaacha karaa mana
dubartii tokkoo dhaqu irra,
gara mana isheetti fuula
deebifatee,
in adeema ture.
9 Yeroon isaas aduun lixxee
erga dukkanaa'e booddee,
halkan walakkaa ture.

10 Yommus dubartiin tokko
haxxummaadhaan,
uffata balalummaa uffattee
gad isatti baate.
11 Isheen sagalee gad hin qabattu,
mata-jabeettii dhas;
isheen asii fi achi labdi malee,
mana isheetti hin argamtu.
12 Takka karaa irra, takka immoo
walga'ii karaa keessa,
takkas golee karaa keessa
dhaabattee in eeggatti;
13 isheen qabdee, isa in dhungatti,
ija-jabinaanis isatti dubbattee,
14 "Har'a wareega koo waanan
raawwadheef,
aarsaa galataa dhi'eessuun
ana irra jira*;
15 kanaafan si simachuudhaaf
gad ba'e,
dhimmee si barbaadee tureen si
argadhe;
16 ani uffata quncee talbaa
isa biyya Gibxiitti
bubburreeffamee hojjetame,
siree koo irra afeera;
17 siree kootti qumbii,
sabiriidhaa fi qarafaa
firfirseera;
18 kottu hamma lafti bari'utti
jaalala keenya iddoodhaan in
ga'annaa,
halkan guutuus itti gammadaa
in bullaa;
19 abbaan manaa koo mana hin jiru,
biyya fagoo dhaqeera;
20 korojoo isaatti horii guuttatee
fudhatee ka'eera,
hamma ji'i gobbantutti
deebi'ee manatti bin galu"
in jetti.

**14 Lew 7:15-16*

21 Isbeen haasaa baay'eedhaan
karaa irraa isa in kaachifti,
itti kuuluu isheetiinis isa in
giddisiifti;
22 yommus inni tokkichumaan
akka sangaa qalamuuf
oofamuutti,
akka bosonuu futtaasaatti
adeemtunttis,
ishee duukaa in bu'a.
23 Hamma xiyyi mar'umaan ishee
waraanutti,
akkuma simbirri
gara kiyyootti kaatutti,
innis akkasuma wanti kun
lubbuu isaatti akka adeemu
utuu hin beekin
itti in kaata.

24 Ammas yaa ilmaan ko
dhaggeeffadhaa,
wantan jedhus yaadaan duukaa
bu'aa!
25 Garaan keessan gara karaa
isheetti hin gorin,
daandii isbee irra
adeemuudhaafis
karaa irraa hin kaatinaa!
26 Isheen akkasitti
namoota baay'ee madeessitee
kuffifteetti,
macca baay'ees ajjeefteetti.
27 Karaan iddoo lafa jalaatti geessu
mana ishee keessa in ba'a,
gola mana du'aattis gad in
buusa.

Ogummaan Gorsa Kennuu Ishee

8 1 Ogummaan in waamti mitii ree?
Hubannaan sagalee ishee in
dhageessifti mitii ree?
2 Isheen iddoo ol ka'aa
gubbaa bukkee karaa irra,
daandii keessa in dhaabatti;
3 karra balbala
ittiin mandarichatti lixan
bukkeedhaa,
sagalee isbee ol fudhattee
iyyitee*,
4 "Yaa namootaa, ani isin nan
waama,
sagalee koos ilmaan namaa nan
dhageessisa;
5 isin warri wallaalonni of
eeggannaa,
isin warri gowwoonni
hubannaa argadhaa!
6 Ani wanta ta'u dubbachuufan
jedha,
mee dhaggeeffadhaa!
Waan qajeelaas dubbachuudhaaf
afaan koo nan saaqqadha;
7 afaan koo dubbii dhugaa in
dubbata,
arrabni koos jal'ina dubbachuu
in ciigga'a;
8 dubbiin afaan kootii bundinuu
qajeelaa dha,
isaan keessa jal'aan
yookiis micciiramaan hin jiru.
9 Nama isa hubataadhaaf
hundumti isaanii mul'atoo dha,
isa beekumsa qabuufis
qajeeloo dha;
10 qooda meetii gorsa koo
fudbadhaa,
warqee caalaas beekumsa
fo'adhaa!
11 Ogummaan elellaan diimaa irra
in caalti,
wanti ba'eessi ati bawwitu
bundinuus
isheedhaan hin qixxaatu*.

**1-3 1:20-21*
**10-11 3:14-15*

12 "Ani ogummaan,
of eeggannaadhaa wajjin,
walitti in taana;
beekuma ani ittiin
dubbii gargar baasus
nan argadha.
13 Waaqayyoon sodaachuun wanta
hamaa jibbuu dha,
ani of bokoksuu fi of
gurguddisuu,
karaa hamaadhaaf arraba
dubbii micciiru nan jibba.
14 Gorsii fi firdii gargar baasuun
kan koo ti,
ani hubannaa dha,
humnas anatu qaba.
15 Mootonni anaan mo'u,
gurguddoonni biyyaas anaan
seera qajeelaa baasu;
16 abboonni biyyaa, gurguddoonni
biyyaa,
warri firdii qajeelaa kennanis
hundinuu
anaan biyya bulchu.

17 Ani warra na jaallatan nan
jaalladha,
warri na barbaaddatanis na
argatu.
18 Soorumaa fi ulfina,
qabeenya hin darbinee fi
qajeelummaa anatu kenna.
19 Bu'aan ana irraa argamu warqee
irra,
warqee qullaa'aa irra iyyuu in
wayya,
barakanni ani kennus
meetii qullaa'aa irra fo'amaa
dha;
20 ani karaa qajeelummaa irra,
daandii dhugaa irras nan
adeema;
21 warra na jaallataniif qabeenya
nan kenna,
gombisaa isaaniis nan guuta.
22 Waaqayyo jalqaba hojii isaatiitti,
hojii isaa isa bara durii sana
hundumaa dura na uume;
23 Ani jalqaba bara durii duriitti,
utuu biyyi lafaa hin
uumaminan aboo irra
kaa'ame;
24 callabboo duran dhaladhe,
yommus burqituun
bishaan guddaan keessaa yaa'u
iyyuu hin turre;
25 mlloonni,
gaaronnis utuu hin uumaminan
dhaladhe.
26 Waaqayyo, lafa wanta
isa irra jiruu wajjin,
biyya lafaa isa bal'aa kana
keessaa
gar tokko illee utuu hin tolchin
na uume.
27 Yommuu inni bantiiwwan
waaqaa iddoo iddoo
isaanii kaa'ee,
waaqas callabboo irra diriirse,
ani achin ture;
28 yommuu inni waaqa keessa
duumessoota kaa'ee,
burqituuwwan callabbootti
yommuu tolche,
29 bishaanonni abboommii isaa irra
akka hin darbinetti,
yommuu inni galaanatti daarii
godhe,
yommuu inni hundeewwan
lafaatti milikkita godhes,
30 ani yommus ijaartuu
isa gaarii sana biran ture,
yeroo hundumaa
fuula isaa duratti gammadaa,
har'aa hor isa nan
gammachiisan ture.
31 Guutummaa biyya lafaa isa kan
isaatiitti nan gammada,
nama hundumaattis nan
gammadan ture*.
22-31 3:19-20; Iyo 28:23-27

32 "Egaa yaa ilmaan ko, mee na
dhaga'aa,
warri karaa koo irra bu'an haa
gammadan!
33 Ogeessota ta'aa,
gorsa koo dhaga'aa malee hin
tuffatinaa!
34 Namni na dhaga'u,
guyyuma guyyaatti karra kellaa
koo dammaqee kan eegu,
michichila balbala kootti hirkatee
kan eeggatus haa gammadu!
35 Namni ana argatu jireenya
argachuu isaa ti,
Waaqayyo biraas ayyaana in
argata.
36 Namni na yakku garuu ofii isaa
in miidha,
namni na jibbu
hundinuu immoo
du'a in jaallata" in jetti.

Ogummaan Waamuu Ishee

9 1 Ogummaan mana ishee
ijaarratteetti,
utuboota mana ishee torbanis
sooftee tolfatteetti;
2 isheen horii qaltee,
daadhii waynii calaltee,
maaddii ishees qopheessiteetti;
3 maadaricha keessaa
iddoo ol jedhaa irra
dhaabatanii,
akka waamaniif
durboota isheedhaaf hojjetan
ergiteetti*.
4 Isheen, "Warri wallaalan
hundinuu
as haa dhufan!" in jetti;
warra qalbii hin qabneenis,
5 "Kottaa buddeena koo nyaadhaa,
daadhii ani calales dhugaa*!
6 In jiraattuutii wallaalummaa
keessan dhiisaa!

Karaa hubannaa irras
adeemaa!" in jetti.
3 1:20-21
5 Isa 55:1-3; Mat 22:3-4

7 Namni nama ga'isaa gorsu,
of in salphisa;
namni nama jal'aa ifatu,
yeelloo ofitti in fida;
8 nama ogeessa ifadhu,
inni si jaallata,
nama ga'isaa garuu hin ifatin,
inni si jibba;
9 nama ogeessa gorsi,
inni caalaa ogeessa in ta'a;
nama qajeelaa barsiisi,
innis beekumsa in baay'ifata*.
9 Mat 13:12

10 Waaqayyoon sodaachuun jalqaba
ogummaa ti,
isa qulqulluu sana beekuun
hubannaa dha*.
11 Ogummaan kun
guyyoota jireenya keetii in
baay'ifti,
bara jireenya kees itti in
dabalti*.
12 Ogeessa yoo taate bu'aan isaa
kanuma kee ti,
ga'isaa yoo taate garuu
ofiidhuma kee in miita.
10 1:7; Iyo 28:28; Far 111:10
11 3:1-2

13 Aadde gowwummaan iyyituu dha,
isheen homaa tokko iyyuu hin
hubattu,
beekumsas hin qabdu;
14 isheen mandarattii keessaa
iddoo ol jedhaa irra,
balbala ishee dura barcuma irra
in teessi;
15 warra karaa irra darbaniin,
warra qajeelanii karaa isaanii
irra adeemaniin,
16 "Warri wallaalonni hundinuu
as haa dhufan!" in jetti;
warra qalbii hin qabneenis,
17 "Bishaan hannaa miyaa'aa dha,
buddeenni dhoksaatti nyaatamus
nama in gammachiisa" in jetti*;
18 garuu isaan warri du'an
achi akka jiran,
warri isheen waamtes
iddoo lafa jalaa isa
gad fagoo keessa
akka jiran isaan hin beekan*.
17 20:17
18 2:18

Fakkeenyota Ogummaa

10 1 Fakkeenyonni Solomoon
kanatti aananii jiru;
ilmi ogeessi abbaa isaa in
gammachiisa,
ilmi gowwaan garuu haadha
isaa gaddisiisa*.
2 Badhaadhummaan jal'inaan
argame
bu'aa hin qabu,
qajeelinni garuu du'a nama in
oolcha*.
1 15:20; 23:24-25
2 11:4

3 Waaqayyo, warri qajeelonni
akka beela'an hin godhu,
kajeellaa warra jal'ootaa garuu
lafatti in dabala*.
4 Namni dhibaa'ummaadhaan
hojjetu in hiyyooma,
namni cimsee hojjetu garuu in
sooroma;
5 inni bona midhaan isaa walitti
qabatu
ilma hubataa dha,
inni yeroo makariitti rafu garuu
salphina in harkisa;
6 eebbi mataa qajeelotaa irra jira,
humnaan nama irratti ka'uun
garuu,
afaan jal'ootaa in cufa.
7 Seenaan nama qajeelaa eebbaaf,
maqaan nama jal'aa immoo
abaarsaaf in ta'a;
8 namni yaada hubataa qabu
abboommii in dhaga'a,
gowwaan dubbii midhaan hin
qabne
dubbatu garuu in kufa.
9 Namni balleessaa hin qabne,
sodaa malee in deddeebi'a,
namni karaa isaa micciiru
garuu in qabama.
10 Namni ijaan hawwatu rakkina in
fida,
gowwaan dubbii midhaan hin
qabne dubbatu garuu in
kufa*.

11 Afaan nama qajeelaa burqaa jireenyaa ti,
humnaan nama irratti ka'uun garuu,
afaan jal'ootaa in cufa.
3 13:25; Far 34:9-10
10 6:13

12 Jibbi lola in kaasa,
jaalalli garuu, irra-daddarbaan hundinuu
deebi'ee akka hin mul'anne in godha*;
13 ogummaan afaan nama hubannaa qabu keessaa in argamti;
uleen garuu dugda nama qalbii hin qabneetiif in ta'a*.
14 Ogeessonni beekumsa walitti in qabamu,
dubbiin nama gowwaa inni midhaan hin qabne garuu badiisa in waama*;
15 qabeenyi warra sooreyyii isaaniif mandara da'oo qabuu dha,
badiisi hiyyeessotaa immoo hiyyuma isaanii ti*;
16 gatiin dadhabbii qajeelotaa jireenya,
bu'aan warra jal'ootaa immoo du'a;
17 namni gorsa yaadatti fudhatu karaa jireenyaa irra in bu'a,
namni ifata tuffatu garuu karaa irraa in kaata.
18 Namni jibba isaa dhoksu, soba in dubbata;
namni hama odeessu gowwaa dha.
12 1Phe 4:8; Yaq 4:20
13 19:29
14 13:3
15 18:11

19 Yommuu dubbiin baay'atu cubbuun hin hafu,
namni arraba isaa eeggatu garuu hubataa dha*;
20 arrabni nama qajeelaa akka meetii fo'amaa ti,
yaadni nama jal'aa garuu gatii hin qabu*;
21 arrabni nama qajeelaa nama baay'ee in soora,
warri gowwoonni garuu qalbii dhabuu isaaniitiif in du'u*.
22 Eebbi Waaqayyoo nama in badhaasa,
badhaadhummaattis inni rakkina hin dabalu*;
23 namni gowwaan bamaa hojjechuutti in gammada,
namni hubataan garuu ogummaatti in gammada.
19 13:3; 17:27
20 Far 37:30
21 11:9; 12:6
22 Far 127:1-2

24 Nama jal'aa wanta inni sodaatutu itti dhufa,
nama qajeelaaf garuu wanti inni hawwu in kennamaaf*;
25 akkuma bubbeen bubbisee darbu, jal'oonni akkasuma deebi'anii hin argaman;
warri qajeelonni garuu, bara baraan jabaatanii in dhaabatu*.
26 Wanti dhangaggaa'aan ilkaan, aarris ija akkuma rakkisu,
namni dhibaa'aan, warra isa ergatan in rakkisa.
27 Waaqayyoon sodaachuun bara jireenyaa in dheeressa,
barri warra jal'ootaa garuu in gabaabbata*.
28 Wanti namni qajeelaan eeggatu gammachiisaa dha,
abdiin nama jal'aa garuu in bada*.
24 12:7
25 Mat 7:24-27
27 3:1-2; 14:26-27; 19:23; 22:4
28 11:23; Iyo 8:13; Far 9:18

29 Karaan Waaqayyoo warra balleessaa hin qabneef
da'oo ol ka'aa dha,
warra hamaa godhanitti garuu badiisa*;
30 namni qajeelaan bara baraan hin mittiqu,
namni jal'aan garuu lafa irra hin jiraatu*;
31 afaan nama qajeelaa keessaa ogummaatu ba'a,
arrabni wanta jal'aa dubbatu garuu,

in kutama*;
32 arrabni nama qajeelaa dubbii namatti tolu in dubbata,
afaan nama jal'aa garuu, wanta micciiramaa duwwaa beeka.
29 3:26
30 12:3
31 Far 37:30

Gorsa Jireenya Har'aa Borii Ilaalu

11 1 Miijanni sobaa Waaqayyo duratti jibbamaa dha,
dhagaan safaraa inni guutuun garuu isatti in tola*;
2 yommuu of gurguddisuun dhufu, salphinni in dhufa;
yommuu gad of deebisan ogummaatu dhufa*;
3 balleessaa dhabuun warra qajeelotaa isaanuma in geggeessa;
micciiramummaan warra hin amanamnee garuu, isaanuma in balleessa.
4 Guyyaa dheekkamsaatti soorumni homaa waa'ee hin baasu,
qajeelummaan garuu du'a nama oolcha*;
5 qajeelummaan warra mudaa hin qabnee,
isaanumaaf karaa qajeelcha,
jal'oonni garuu jal'inuma isaaniitiin in kufu;
6 qajeelummaan warra gara-qajeelotaa isaanuma oolcha,
warri hin amanamne garuu, kajeellaa hamaadhaan in qabamu.
1 16:11; 20:10,23; Lew 19:35-36; Mik 6:10-12
2 16:18
4 10:2; Luq 12:20

7 Abdiin nama jal'aa yommuu inni du'u in bada,
soorumni inni amanamu waan tokkotti illee hin galu*;
8 namni qajeelaan rakkina jalaa in ba'a,
namni jal'aan garuu, iddoo isaa rakkinatti in gala*;
9 namni Waaqayyo malee jiraatu, dubbii afaan isaatiitiin nama balleessa;
namni qajeelaan garuu, beekumsaan isa duraa in ba'a*.
7 10:28
8 21:18
9 10:21

10 Warra qajeelotatti yommuu tolu, mandarri in gammaddi;
namni jal'aan yommuu badu, mandarattiin gammaduu isbee in mul'ifti;
11 eebba gara-qajeelotaatiin mandarri in guddatti,
dubbii afaan jal'ootaatiin garuu, gara in gaggalfamti*.
12 Namni nama tuffatu qalbii hin qabu,
namni hubataan garuu calluma jedha;
13 namni hama deddeebisu dhoksaa mul'isa,
namni amanamaan garuu dhoksaa eega*;
14 geggeessaan yoo itti hir'ate sabni in kufa,
gorsituun baay'achuun garuu, biyya nagaatti jiraachisa.
11 28:12
13 20:19

15 Namni nama ormaaf wabii darbu in rakkata,
namni wabii namaaf darbuu jibbu garuu, nagaatti in jiraata*.
16 Dubartii gaariin ulfina in argatti,
warri humnaan nama irratti ka'an garuu in sooromu;
17 namni gara-laafessi ofiidhuma isaatiif bu'aa argata,
namni gara-jabeessi garuu ofuma isaa miidha;
18 namni jal'aan beenyaa sobaa argata;
qajeelummaa kan facaasu garuu gatii isa dhugaa in argata;
19 qajeelummaan gara jireenyaatti, wanta hamaa duukaa bu'uun garuu
gara du'aatti nama in geessa.
15 6:1-5

20 Waaqayyo namoota yaada micciiramaa qaban in jibba,
warra jireenyi isaanii mudaa hin qabnetti garuu, in gammada.

21 Warri jal'oonni utuma
harka wal qabatanii iyyuu,
utuu bin adabamin hin hafan,
sanyiin warra qajeelotaa garuu
duraa in ba'a.
22 Dubartiin miidhagduun
dubbii alalfattee haasa'uu hin
beekne,
akka amartii warqee
funyaan boyyeetti jiruu ti;
23 hawwiin nama qajeelaa
waanuma gaarii duwwaa dha,
abdiin jal'ootaa garuu,
dheekkamsaan in deebi'a*.
23 10:28

24 Horii isaa kan asii fi achi
bittimsu jira,
kana keessaa immoo ittuma
dabalamaafii in adeema;
safara malee kan doqnoomu jira,
kana keessaa immoo in
hiyyooma;
25 namni arjaan in lalisa;
namni dheebuu nama baasus
dheebuu in baafama*.
26 Nama midhaan harka keessa
qabatu
namoonni in abaaru,
mataa nama midhaan gurguruu
irratti garuu eebbatu dhufa.
24-25 Mat 25:29; 2Qor 9:6

27 Namni wanta gaarii dhimmee
barbaadu,
faara tolaa in argata;
nama wanta hamaa barbaadutti
garuu hamaatu dhufa.
28 Namni sooruma isaa amanatu in
kufa,
namni qajeelaan garuu,
akka muka jiidhaatti in lalisa*;
29 namni maatii isaa rakkisu
harka duwwaa in hafa;
gowwaan nama ogeessaaf
hojjetaa in ta'a;
30 iji hojii nama qajeelaa
muka jireenyaa ti,
namni ogeessi malaan
lubbuu namaa in deebifata.
31 Warrumti qajeelonni iyyuu
lafa irratti gatii isaanii
kan argatan erga ta'ee,
kan warra jal'ootaa fi
kan warra cubbamootaa immoo
hammam kana irra baa
hammaatu ree*?
28 15:6; Far 1:3; 52:8-9
31 1Phe 4:17-18

Gorsi Jireenya Har'aa Borii Haalu Ittuma Fufuu Isaa

12 1 Namni gorsa jaallatu,
beekumsa argachuu jaallata,
namni ifata jibbu garuu
gowwaa dha*;
2 namni gaariin Waaqayyo biraa
ayyaana in argata,
warra wanta hamaa malanitti
garuu,
Waaqayyo in farada;
3 namni jal'inaan jabaatee hin
dhaabatu,
hiddi nama qajeelaa garuu
raawwatee hin socho'u*.
1 13:1,18; 15:12
3 10:30; Far 1:3-4

4 Haati manaa dandeessuun
abbaa manaa isheetiif
gonfoo dha,
isheen yeellaasiftuun garuu,
akka dhukkuba lafee
bososiisuu ti*;
5 yaadni qajeelotaa
wanta Waaqayyo duratti
qajeelaa ta'ee fudhatamee dha,
gorsi jal'ootaa garuu
gowwoomsaa dha.
6 Dubbiin jal'ootaa utuu hin
beekamin
dhiiga in dhangalaasisa;
dubbiin warra qajeelotaa garuu,
dhiiga dhangala'uu in oolcha*;
7 jal'oonni in figgimfamu,
deebi'aniis hin argaman;
manni qajeelotaa garuu
jabaatee in dhaabata*.
4 31:10-12
6 10:21
7 10:24-25; 14:11

8 Namni akkuma ogummaa
isaatiitti in jajama,
namni yaada jal'aa garuu in
tuffatama;
9 nama isa utuu
buddeena nyaatu hin qabaatin
nama guddaa of fakkeessuu
mannaa,
nama isa tuffatamee
hojjetaa ta'ee jiraatu wayya.

10 Namni qajeelaan jireenya borii
isaatiif in yaada,
inni warri jal'ootaa,
"Gara-laafina" jedhan iyyuu
gara-jabina*;
11 namni lafa isaa qotatu buddeena
quufa,
namni wanta waa'ee hin baafne
duukaa bu'u garuu,
qalbii hin qabu*.
10 Bau 20:10; 23:4-5; Kes 25:4
11 28:19

12 Namni jal'aan
bu'aa warra hamootaa in-
kajeela,
hiddi warra qajeelotaa garuu
yaa'ee wal in bora;
13 namni jal'aan
irra-daddarbaa afaan isaa
keessaa ba'uun
kiyyootti in gala,
namni qajeelaan garuu
rakkina jalaa in ba'a;
14 namni wanta afaan isaa keessaa
ba'uun
wanta gaarii in quufa,
wanta harka isaatiin hojjetes
isumatu fudhatee gala*.
15 Nama gowwaatti karaan ofii
isaatii
qajeelaa in fakkaata,
namni ogeessi garuu gorsa in
dhaga'a;
16 aariin nama gowwaa
dafee irraa in beekama,
namni bubataan garuu
salphina in dhoksa.
14 18:20

17 Namni dubbii dhugaa dubbatu
qajeelummaa mul'isa,
namni sobaan dhugaa ba'u
garuu in gowwoomsa.
18 Dubbiin gar-malee dubbatamu
akka billaa nama waraana,
arrabni ogeessaa garuu in
fayyisa*;
19 afaan dhugaa dubbatu
bara baraan jabaatee in
dhaabata,
arrabni soba dubbatu garuu,
yeroo gabaabaadhaaf in jiraata;
20 garaa warra wanta hamaa malanii
keessa
gowwoomsaatu jira,
warri wanta nagaa nama
gorsan garuu in gammadu.
21 Nama qajeelaatti rakkinni bin
dhufu,
nama jal'aatti garuu
rakkinni in baay'ata.
18 13:3; Far 57:4

22 Waaqayyo namoota soba
dubbatan in ciigga'a,
namoota amanamootti garuu in
gammada;
23 namni hubataan
beekaa ta'uu isaa in dhoksa,
warri gowwoonni garuu
gowwummaa isaanii in
beeksisu.
24 Namni harki isaa ba'eessa
godhee hojjetu in mo'a,
namni harki isaa dhibaa'u
garuu,
garbicha namaa in ta'a;
25 yaaddoon garaa namaa keessa
yoo jiraate,
gad nama qaba;
dubbii gaariin garuu nama
gammachiisa*.
25 16:24

26 Namni qajeelaan
wanta gaarii namaaf in
barbaada,
namni jal'aan garuu
karaa irraa nama kaachisa;
27 namni dhibaa'aan jabaatee
wanta adamsu duukaa hin bu'u,
namni dhimmee hojjetu garuu,
wanta gati-jabeessa in argata;
28 karaa qajeelummaa irra
jireenyatu jira,
dhuguma, inni karaa
ba'eessa ta'ee hojjetamee dha,
duunis isa irra hin jiru.

Fakkeenyaan Barsiisuu Isaa

13 1 Ilmi ogeessi
gorsa abbaa isaatii in
dhaga'a,
inni ga'isaan garuu
ifata hin dhaga'u*;
2 namni ija wanti gaariin,
inni afaan isaa keessaa ba'u
godhatu in nyaata;
hawwiin warra nama
gowwoomsuu garuu,

humnaan nama irratti ka'uu
dha;
3 namni arraba isaa eeggatu,
jireenya isaa in eeggata;
namni of eeggachaa
hin dubbanne garuu,
jireenya isaa in balleessa*.
4 Namni dhibaa'aan waa argachuu
in kajeela,
homaas hin argatu;
namni ba'eessa godhee hojjetu
garuu in guddata;
5 namni qajeelaan dubbii sobaa in
jibba,
namni jal'aan garuu
ciiggaasisaa dha,
wanta nama yeellaasisus in
hojjeta.
*1 1:8; 12:1
*3 10:14,19; 12:18; 21:23

6 Qajeelummaan,
daandii nama balleessaa hin
qabnee in eega,
jal'inni garuu nama cubbamaa
in figgimsa.
7 Namni sooressa of fakkeessu jira,
kana keessaa immoo homaa
hin qabu;
namni hiyyeessa of fakkeessu jira,
kana keessaa immoo
badhaadhaa dha*.
8 Namni sooressi horii isaatiin
jireenya isaa in furata,
nama hiyyeessa garuu kanaaf
kan doorsisu hin jiru;
9 ifni nama qajeelaa
ba'eessa godhee in ifa,
ibsaan nama jal'aa immoo in
dhaama*.
10 Of gurguddisuun morkii in kaasa,
ogummaan garuu warra gorsa
fudhatan bira jira.
*7 Mul 2:9; 3:17
*9 Iyo 18:5-6

11 Badhaadhumni karaa malee
argamu
irraa hir'achaa in adeema,
namni itti dadhabee
wal irra buusaa adeemu garuu
in baay'ifata.
12 Abdiin lafa irra harkifamu
garaa nama dhukkubsa,
hawwiin namaaf raawwatamu
garuu
muka jireenyaa ti.
13 Namni gorsa tuffatu of in
balleessa,
namni abboommicha sodaatu
garuu,
gatii isaa in argata.
14 Barsiifni nama ogeessaa
burqaa jireenyaa ti,
namas futtaasaa du'aa irraa in
deebisa*;
15 hubannaa gaariin faara tolaa
nama argachiisa,
karaan warra hin amanamnee
garuu bu'aa-ba'ii dha.
*14 14:27

16 Namni afchaalli hundinuu
beekumsaan hojjeta,
gowwaan garuu goowwuma
isaa bakkeetti in mul'isa.
17 Ergamaan jal'aan
wanta hamaa keessatti in kufa,
ergamaan amanamaan garuu in
fayyisa.
18 Nama gorsa tuffatutti
deegaa fi yeellootu dhufa,
namni ifata dhaga'ee deebi'u
garuu,
ulfina in argata.
19 Hawwiin namaaf raawwatamu
lubbuudhumaaf namatti
miyaa'a,
gowwoonni garuu wanta hamaa
irraa deebi'uu in ciigga'u.

20 Namni ogeessaa wajjin adeemu,
ogeessa in ta'a;
miiltoon gowwootaa garuu in
bada.
21 Wanti hamaan cubbamoota in
ari'ata,
wanti gaariin garuu
gatii qajeelotaa ti*;
22 dhaalli nama gaarii
ijoollee ijoollee isaatiitti in
darba,
qabeenyi nama cubbamaa
garuu,
nama qajeelaadhaaf in
kaa'ama*.
23 Maasiin nama deegaa midhaan
ba'eessa kenna,
loogni garuu haxaa'ee duraa in
balleessa.
24 Namni ilma isaa

karaabaadhaan reebuu dhiisee
qusatu
isa jibbuu isaa ti,
namni ilma isaa dafee adabu
garuu
isa jaallachuu isaa ti*;
25 namni qajeelaan hamma quufutti
in nyaata,
namni jal'aan garuu in
beela'a*.
*21 3:33
*22 28:8; Lal 2:26; Iyo 27:13-17
*24 19:18; 22:15; 23:13-14; 29:15,17
*25 10:3

Fakkeenyi Solomoon
Ittuma Fufuu Isaa

14 1 Dubartoonni ogeeyyiin
hundinuu
mana isaanii in ijaaru,
warri gowwoonni garuu,
barka isaaniitiin mana ofii
isaanii in diigu*.
2 Namni yaada qajeelaadhaan
jiraatu
Waaqayyoon in sodaata,
inni jireenya isaatti micciiramaa
ta'e garuu,
isa in tuffata.
3 Namni gowwaan dubbii afaan
isaa keessaa ba'uun
of gurguddisuu isaatiin
ulee ofitti in fida,
dubbiin afaan ogeessotaa
keessaa ba'u garuu,
isaanuma in eega.
*1 31:10-31

4 Lafa qotiyyoon hin jirretti
gombisaan duwwaa in ta'a,
humna qotiyyootiin garuu,
midhaan baay'een in argama;
5 dhuga-baatuun amanamaan bin
sobu,
namni sobaan dhugaa ba'u
garuu
soba in dubbata*;
6 namni ga'isaan ogummaa in
barbaada, hin argatus;
nama bubataa garuu beekumsa
argachuun hin dhibu.
*5 Bau 20:16; 23:1

7 Wanta afaan gowwaa keessaa
ba'u keessaa
beekumsa waan bin arganneef,
isattii fagaadhu!
8 Ogummaan nama of eeggataa
karaa isaa gargar baasee
akka hubatuufii dha;
gowwummaan nama gowwaa
garuu
nama wallaalchisuu dha.
9 Warri gowwoonni,
warra sababii cubbuu isaaniitiif
aarsaa dhi'eessanitti in ga'isu,
yaadni gaariin garuu
qajeelota giddunitti in argama.
10 Namni hundinuu adduma addaan
jireenya isatti hadhaa'u
ofii isaatii in beeka,
gammachuu jireenya isaatti
argatus
ormi biraan bin birmaatu.

11 Manni jal'ootaa in jiga,
godoon qajeelotaa garuu in
eebbifama*.
12 Karaan qajeelaa namatti fakkaatu
jira,
dhumni isaa garuu
karaa du'aa ti*;
13 kolfa keessa iyyuu garaan in
gadda,
dhumni gammachuus boo'icha.
14 Namni garagaggalaan gatii hojii
isaa isa hamaa,
namni gaariin garuu
gatii hojii isaa isa gaarii in
argata.
*11 3:33; 12:7
*12 16:25; Mat 7:13

15 Namni wallaalaan dubbii
hundumaa amana,
namni hubataan garuu
lafa dhaqu in ilaallata;
16 namni ogeessi wanta hamaa in
sodaata,
irraas in deebi'a;
namni gowwaan garuu ija in
jabaata,
ofis in amanata.
17 Namni dafee aaru
waan hojjetu hin beeku,
namni hubataan garuu in obsa*;
18 wallaalaan gowwuma in dhaata,
hubataan garuu beekumaan in
gonfama;
19 warri hamoonni warra gaggaarii
duratti,
warri jal'oonnis

karra kellaa qajeelotaa duratti
in gugguufu.
*17 15:18; 19:19; 22:24; 29:22

20 Hiyyeessi ollaa isaa biratti iyyuu
in jibbama,
sooressi garuu firoota baay'ee
qaba*;
21 namni nama tuffatu cubbamaa dha,
namni hiyyeessaaf garaa laafu
garuu haa gammadu*!
22 Warri wanta hamaa koratan
karaa irraa in kaatu mitii ree?
Warri wanta gaarii yaadan garuu,
gaarummaa fi amanamummaa
in argatu.
23 Hojiin itti dadhaban hundinuu
bu'aa qaba,
haasaa duwwaan garuu deegatti
nama geessa;
24 gonfoon afchaalotaa ogummaa
isaanii ti,
gonfoon gowwootaa garuu
dhibaa'ummaa isaanii ti.
*20 19:4,6-7
*21 14:31; 17:5; 19:17; 22:9; 28:27; Iyo
31:13-23; Mat 5:7

25 Dhuga-baatuun amanamaan
jireenya in oolcha,
dhuga-baatuu sobduun garuu
soba in dubbata;
26 Waaqayyoon sodaachuu keessa
amanannaa cimaatu jira;
ijoolleen nama isa sodaatuu
da'oo in argatu*;
27 Waaqayyoon sodaachuun burqaa
jireenyaa ti,
namas futtaasaa du'aa irraa in
deebisa*.
28 Ulfinni mootii baay'ina sabaa ti,
muraasachuun sabaa garuu
guddaa biyyaa in balleessa;
29 namni dheekkamsatti suuta jedhu,
hubannaa guddaa qaba;
namni dheekkamsatti ariifatu
garuu,
gowwuma bakkeetti in baasa*.
30 Yaadni nagaa qabu
namummaa namaatiif jireenya
in kenna;
hinaaffaan garuu lafee in
bososiisa.
*26 18:10
*27 13:14
*29 16:32; 19:11

31 Namni hiyyeessa cunqursu
uumaa isaa in arrabsa,
namni dhabaadhaaf garaa laafu
garuu
uumaa isaatiif ulfina in kenna*;
32 namni jal'aan
hammina isaatiif gad in
darbatama,
namni qajeelaan garuu,
yeroo du'utti illee abdii in
qabaata*;
33 ogummaan yaada nama hubataa
keessa in boqotti,
kun gowwoota gidduutti iyyuu
beekamaa dha;
34 qajeelummaan saba ol in kaasa,
cubbuun garuu
saba hundumaaf yeelloo dha;
35 mootiin hojjetaa isaa isa
ogeessatti
faara in tola,
hojjetaa isa nama yeellaasisu
irratti garuu
dheekkamsi isaa in dhufa*.
*31 14:21; 17:5; Iyo 31:13-15; Mat 25:40
*32 23:18
*35 Uma 41:37-40

Fakkeenyi Solomoon
Ittuma Fufuu Isaa

15 1 Deebiin laafaan dheekkamsa
in qabbaneessa;
dubbiin jabaan garuu
dheekkamsa in kaasa.
2 Arrabni ogeessaa beekumsa
jajee in dhageessisa,
afaan gowwootaa garuu
gowwummaa gad in jijjigsa.
3 Iji Waaqayyoo iddoo hundumaa
jira,
isa hamaa fi isa gaarii in arga*.
*3 2Sen 16:9

4 Arrabni dubbii nama suphu
dubbatu muka jireenyaa ti;
arrabni dubbii mimicciiru
garuu yaada namaa cabsa.
5 Gowwaan gorsa abbaa isaa
tuffata,
namni ifata dhaga'u garuu
hubataa dha*;
6 mana nama qajeelaa keessa
badhaadhummaa guddaatu jira,
bu'aa namni jal'aan
argatu keessa garuu
rakkinatu jira.

7 Afaan ogeessotaa beekumsa
facaasa,
yaadni gowwootaa garuu
iddoo tokko hin dhaabatu.
*5 10:17; 12:1

8 Waaqayyo aarsaa warra jal'ootaa
in ciigga'a,
kadhanni qajeelotaa garuu
isatti in tola;
9 Waaqayyo karaa jireenya
jal'ootaa in ciigga'a,
warra qajeelina duukaa bu'an
garuu in jaallata*.
10 Nama karicha irraa goretti
adabatu hammaata,
namni ifata jibbus in du'a.
11 Iddoon lafa jalaa fi iddoon
badiisaa
fuula Waaqayyoo duratti
mul'ataa dha erga ta'ee,
keessi garaa namaa immoo isaan
caalaa
hammam mul'ataa haa ta'u
ree*?
*8-9 3:32; 15:29
*11 Iyo 26:6; Far 139:8; Er 17:9-10

12 Namni ga'isaan ifatamuu hin
jaallatu,
nama ogeessas gorsa bin
gaafatu*;
13 nama garaan isaa gammade
fuulatu ifa,
namni garaan isaa gadda qabu
garuu yaadni isaa cabaa
dha*;
14 garaan nama dubbii gargar
baafatuu
beekumsa barbaada,
afaan nama gowwaa garuu
gowwuma soorata.
*12 12:1
*13 17:22

15 Hiyyeessaaf guyyaan hundinuu
hamaa dha,
garaa gammacbuu qabuuf
garuu,
guyyaan bundinuu cidha;
16 qabeenya guddaa waca qabu irra,
qabeenya muraasa
Waaqayyoon sodaacbuudhaan
itti jiraatan wayya*.
17 Lafa jibbi jiruu,
cooma sangaa uyaachuu irra,
lafa jaalalli jiruu,
raafuu nyaachuu wayya*.
18 Namni dheekkamaan lola kaasa,
namni dheekkamsatti suuta
jedhu garuu
qoccolloo in qabbaneessa*.
19 Karaan dhibooftuu qoraattiidhaan
cufamaa dha,
karaan nama yaada qajeelaa
qabuu garuu,
gufuu hin qabu.
*16 16:8; Far 37:16
*17 17:1
*18 14:17

20 Ilmi ogeessi abbaa isaa in
gammachiisa,
namni gowwaan garuu
haadha isaa in tuffata*;
21 nama qalbii hin qabne
gowwumatu gammacbiisa,
namni hubataan garuu
karaa jireenya isaatii in
qajeelfata;
22 mareen hin jiru yoo ta'e,
wanti yaadame fiixaan hin ba'u;
warri gorsa kennan yoo
baay'atan garuu,
fiixaan in ba'a;
23 namni deebii ta'u namaaf kennuu
isaatti
ofii isaatii in gammada,
dubbiin yeroo isaatti dubbatamu
maal maal ba'eessa*!
*20 10:1
*23 25:11

24 Karaan uama ogeessaa,
iddoo lafa jalaatti
akka inni gad bin buuneef,
gara jireenyaatti ol isa in
geessa.
25 Waaqayyo mana warra of
gurguddisanii in jigsa,
daarii haadha biyyeessaa garuu
in eega*.
26 Waaqayyo yaada jal'ootaa in
ciigga'a,
dubbiin warra qajeelotaa garuu
isatti in tola.
*25 23:10

27 Namni bu'aa dalgaaf sassatu
maatii isaatti rakkina in fida,
namni gabbarsuu fudhachuu
hin jaallanne garuu,
in jiraata.

28 Namni qajeelaan
deebii kennuu isaa dura irratti in yaada,
afaan nama jal'aa garuu
dubbii hamaa gad in jijjigsa*.
29 Waaqayyo, nama jal'aattii fagoo dha,
kadhata nama qajeelaa garuu in dhaga'a*.
28 10:21
29 15:8; Yoh 9:31

30 Fuulli ifaan nama gammachiisa,
oduun gaariin lafee namaa in cimsa*.
31 Namni gurri isaa ifata jireenyaa dhaga'u,
ogeessota gidduu in jiraata.
32 Namni gorsa tuffatu,
ofii isaa in tuffata;
namni ifata dhaga'u garuu
qalbii in godhata.
33 Waaqayyoon sodaachuun barsiisa ogummaa ti,
ulfina dura
gad of deebisuunu jira*.
30 25:25
33 1:7; 22:4; 18:12

Gorsi Solomoon Ittuma Fufuu Isaa

16 1 Namni garaa isaatti yaadee in akeeka,
wanta namni deebii kennu garuu,
Waaqayyotu isaaf kenna*.
2 Namni akka ofii isaatii ilaalutti
karaan jireenya isaa hundinuu qullaa'aa dha,
Waaqayyo garuu,
hafuura inni ittiin geggeeffamu sana in miijana*.
1 16:9; 19:21
2 21:2

3 Hojii kee hundumaa Waaqayyotti kennadhu,
wanti ati yaaddus
fiixaan siif in ba'a*;
4 Waaqayyo wanta hundumaa
sababii uumeef qaba,
warra jal'oota iyyuu
guyyaa badiisaatiif kaa'e*.
5 Waaqayyo warra garaa isaaniitti of gurguddisan
hundumaa in ciigga'a,
isaan utuma harka wal qabatanii iyyuu
utuu hin adabamin hin hafan.
6 Gaarummaa fi
amanamummaadhaan
isa yakkeef araarri in godhama;
namni Waaqayyoon
sodaachuudhaan
wanta hamaa irraa in fagaata.
3 Far 37:5
4 Rom 9:22

7 Waaqayyo karaa jireenya namaa yoo jaallate,
diinonni isaa iyyuu isaa wajjin
nagaatti akka jiraatan in godha*.
8 Qabeenya baay'ee karaa
jal'inaatiin argamu irra,
qabeenya xinnaa karaa
qajeelaatiin argamu wayya*.
9 Namni garaa isaa keessatti yaada in qopheessa,
Waaqayyo garuu tarkaanfii isaatti murtoo in godha*.
7 Uma 31:24; 33:4
8 15:16
9 16:1; 19:21; Er 10:23

10 Afaan mootii hooda in dubbata,
firdii yommuu kennus hin jal'isu*;
11 madaaliin qajeelaanii fi miijanni qajeelaan
kan Waaqayyoo ti,
dhagaan safaraa korojoo keessaa hundinuu
hojii harka isaatii ti*.
12 Teessoon isaa qajeelummaadhaan jabaatee waan dhaabatuuf,
jal'inni mootii biratti jibbamaa dha*.
13 Mootonni nama dubbii dhugaa dubbatutti
in gammadu,
nama wanta qajeelaa dubbatus in jaallatu;
14 dheekkamsi mootii akka ergaa du'aa ti,
namni ogeessi garuu isa in qabbaneessa.
15 Fuulli mootii yommuu ifu nagaa dha jechuu dha,
faara-tolinni isaas akka bokkaa arfaasaa ti*.
10 20:26; 1Mot 3:28; Far 72:1-4
11 11:1
12 20:28; 25:5; 29:14
14-15 19:12; 20:2

16 Warqee argachuu irra ogummaa argachuun,
meetii fo'achuu irra
hubannaa fo'achuun maal maal gaarii dha*!
17 Karaan warra yaada qajeelaa qabanii
wanta hamaa irraa fagaachuu dha,
namni karaa ofii isaatii eeggatu
lubbuu isaa in eeggata.
18 Of gurguddisuun badiisatti,
of bokoksuunis kufaatiitti nama in geessa*;
19 warra of gurguddisanii wajjin
boojuu hirmachuu irra,
karaa hafuuraa gad of deebisanii
warra hiyyeessotaa wajjin jiraachuu wayya.
16 3:14-15
18 18:12

20 Nama barsiisa yaadatti qabatuuf
wanti inni godhu
wal in qixxaataaf;
namni Waaqayyoon amanatu
maal maal haa gammadu!
21 Warri ogummaa qaban "Hubatoota" jedhamu,
dubbiin namatti miyaa'u
beekumsa namaaf in dabala;
22 hubannaan warra isa qabaniif
burqaa jireenyaa ti,
gowwummaan garuu warra gowwootatti
adaba in fida;
23 namoonni ogeeyyiin itti yaadanii in dubbatu,
dubbiin afaan isaaniis
nama in amansiisa;
24 dubbii ba'eessi akka nadhii dammaa
namatti in miyaa'a,
lafee namaas in cimsa*.
24 12:25

25 Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira,
dhumni isaa garuu
karaa du'aa ti*;
26 qoonqoon waan isa hin obsisiifneef,
namni itti dadhabee
hojii in hojjeta;
27 namni waa'ee hin baafne
wanta hamaa korata,
dubbiin isaas akka ibidda boba'uu ti.
28 Namni micciiramaan goolii kaasa,
namni nama hamatu firoota cimoo iyyuu
gargar in baasa;
29 namni humnaan nama irratti ka'u
sobaan karaa irraa nama in kaachisa,
karaa gaarii hin taane irras nama in buusa.
30 Namni ija isaa liph liph godhu
jal'ina mala,
hidhii isaa kan ciniinnatus
wanta hamaa in yaada*.
25 14:12
30 6:13

31 Harriin gonfoo ulfinaa ti,
barri dheeraan gatii qajeelinaa ti*;
32 nama aango-qabeessa irra,
nama obsa-qabeessa wayya;
nama biyya bulchu irra,
nama of abboomu wayya*.
33 Buufanni mukaa dachaa wayyaa irra in buufama,
murtoon hundinuu garuu
Waaqayyo biraa ta'a*.
31 20:29
32 14:29
33 18:18; Bau 28:30

Gorsi Jecha Solomoon Itti Fufuu Isaa

17 1 Mana wanta nyaatamuun guutee
waliin morkii qabu irra,
lafa nagaan jirutti buddeena cabduu ishee wayya*;
2 hojjetaan ogeessi
ilma doofaa bulcha,
obboloota gidduudhaas dhaala in hirmata;
3 akkuma meetiinii fi warqeen
qodaa itti baqfaman
keessatti qoraman,
Waaqayyo garaa namaa in qora*.
1 15:7
3 Far 66:10

4 Hamaa kan godhu nama hamaatiif in dhaga'a,
namni sobu dubbii nama hamaa in fudhata.
5 Namni hiyyeessatti ga'isu

uumaa isaa arrabsa,
badiisa namaatti kan gammadus,
utuu hin adabamin bin hafu*;
6 akaakaawwan maanguddootaaf,
abboonnis ijoollota isaaniitiif
gonfoo dha;
7 dubbiin ba'eessi nama gowwaaf
hin ta'u,
dubbiin sobaa immoo
caalaadhumatti
guddaa biyyaaf hin galu;
8 gabbarsuun nama isa kennuuf
akka callee miidhagaa ti,
namichi iddoo dhaqu hundumaatti
wanti inni hojjetu hundinuu
waan wal qixxaatuuf
itti in fakkaata*;
9 namni irra-daddarbaa namaa
namaaf dhiisu
jaalala barbaada;
namni dubbii hafe keessa
deddeebi'u garuu
firoota gargar baasa.
5 14:21
8 18:16

10 Gowwaatti rukuttaan dhibbi
dhaga'amuu caalaa,
nama hubataatti ifanni in
dhaga'ama.
11 Namni hamaan humnaan
nama irratti ka'uu barbaada,
isatti immoo ergamaa
araara hin buufnetu ergama.
12 Nama gowwaa gowwuma isaatti
jirutti dhaquu irra,
amaaketa dhaltuu
ilmaan ishee jalaa butatamanitti
dhaquu wayya.

13 Namni qooda gaarii
wanta hamaa yoo dcebise,
wanti hamaan mana isaattii hin
fagaatu;
14 lola jalqabuun
akka nama bishaan jal'isii
cabsee yaasuu ti,
kanaafis ati
utuu dubbiin isaa hin jabaatin
qabbaneessi!
15 Isa nama jal'aadhaan
"Qajeelaa dha"
jedhuu fi
isa nama qajeelaatti faradu,
Waaqayyo in ciigga'a*.

16 Gowwaan ogummaa
argachuudhaaf erga hin
hawwinee,
horii of harkaa qabaachuun isaa
maal isaaf godha ree?
17 Firoonni yeroo hundumaa wal
jaallatu,
haadhounis gaafa xiiqiitiif*.
15 18:5; 24:23-25; 28:21; Isa 5:23; Lew 19:15
17 18:24; 27:10

18 Namni qalbii hin qabne
walii galtee jabeessuudhaaf
harka namaa in rukuta,
ollaa isaatiifis wabii in darba*.
19 Namni irra-daddarbaa jaallatu
lola jaallata,
namni "Na argaa, na argaa!"
jedhu immoo
badiisa ofitti in waama.
20 Nama yaada micciiramaa qabuuf,
wanti inni hojjetu
wal hin qixxaatuuf;
namni nama gowwoomsu,
rakkina keessa in bu'a.
21 Gowwaa ilmatti guddifachuun
gadda namatti in fida,
abbaan ilma gowwaas
gammachuu hin qabu.
18 6:1-5

22 Garaan gammadu fayyina namaaf
kenna,
yaadni cabaan garuu lafee
gogsa*.
23 Namni jal'aan firdii qajeelaa
micciiruudhaaf,
dhoksaatti gabbarsuu in
fudhata*.
24 Ijj nama ogeessaa gara ogummaa
ilaala,
iji nama gowwaa garuu,
hamma daarii lafaatti in joora*.
22 15:13
23 Bau 23:8
24 4:25

25 Ilmi gowwaan abbaa isaatti aarii
in fida,
ishee isa deessettis
jireenyi akka hadhaa'u in
godha*;
26 nama balleessaa hin qabne
adabuun,
gurguddoota biyyaas
sababii isaan qajeeloo ta'aniif

rukutuun gaarii miti;
27 namni beekaan of qusachaa
dubbata,
namni hubataanis hin banbanu*;
28 gowwaan iyyuu yoo cal jedhe
akka ogeessaa ti,
afaan isaas yoo qabate
akka hubataatti in ilaalama*.
25 19:13
27 10:19; Yaq 1:19
28 Iyo 13:5

Gorsi Solomoon Ittuma Fufuu Isaa

18 1 Namni namaa wajjin walii
hin galle,
fedha ofii isaatii duukaa bu'uu
barbaada;
ogummaa guutuudhaanis in
morma.
2 Namni gowwaan
yaada garaa isaa mul'isuu
barbaada malee,
hubaunaatti hin gammadu.

3 Jal'inni yommuu dhufu
tuffatamuun in dhufa,
salphina duukaas yeelloon in
dhufa.
4 Dubbiin afaan namaa
akka bishaan gad fagoo ti,
burqaan ogummaas
akka bishaan yaa'uu ti;
5 nama jal'aadhaaf looguun,
yookiis nama balleessaa hin
qabne
firdii dhugaa dhowwachuun
gaarii miti*.
5 17:15; Kes 1:17

6 Haasaan nama gowwaa lola isatti
kaasa,
dubbiin afaan isaas
rukutamuu isatti in fida;
7 gowwaa arraba isaatu isa
balleessa,
wanta afaan isaa dubbateenis
in qabama.
8 Dubbiin nama nama hamatuu
akka buddeena miyaa'aa ti,
innis gara mar'umaaniitti
gad in bu'a*.
9 Namni hojii isaatti dhibaa'u,
obboleessa isa nama
balleessuu ti*.
8 26:22
9 10:4

10 Maqaan Waaqayyoo gimbii jabaa
dha,
namni qajeelaan gara isaatti
baqatee in oola*.
11 Qabeenyi warra sooreyyii
isaaniif mandara da'oo qabuu
dha,
akka dallaa dhedheeroottis
isa in lakkaa'u*;
12 badiisi utuu hin dhufin
namni garaa isaatti of
gurguddisa,
ulfina dura garuu gad of
deebisuutu dhufa*.
13 Namni dubbii utuu hin
dhaggeeffatin deebii kennu,
gowwuma isaa fi yeelloo isaa
mul'isa.
14 Yaadni namaa yeroo dhukkubaatti
nama in hirkisa,
yaadni yoo cabe garuu,
eenyutu isa fayyisuu danda'a
ree?
10 14:26; Far 46:1; 61:3-4
11 10:15
12 16:18

15 Garaan nama hubataa
beekumsa in argata,
gurri nama ogeessaas
beekumsa in barbaada;
16 gabbarsuun nama isa kennuuf
karaa in bana,
fuula gurguddootaa durattis
isa in dhi'eessa*.
17 Namni kan biraa dhufee
hamma isaan mormutti,
inni dura dhufee dubbii isaa
yaa'iitti dhi'eeffatu,
waan dhugaa qabu fakkaata;
18 buufanni mukaa dubbii namaaf
in fixa,
humna-qabootas gargar
in eega*.
19 Obboleessa gufatu deebisuun,
mandara marsaa qabu caalaa
namatti in jabaata,
wal loluunis akka danqaraa
sibiilaa
isa ittiin karra dallaa dhagaa
cufanii ti.
16 17:8; Uma 43:11
18 16:33

20 Namni ija wanti gaariin
iuni afaan isaa keessaa ba'u
godhatuun in quufa,

dubbii arrabni isaa dubbatuunis
dharraa in ba'a*.
21 Duunii fi jireenyi aboo arrabaa
jala jiru;
warri isa jaallatan ija isaa in
nyaatu*.
22 Namni haadha manaa isaaf
taanu argatu,
wanta gaarii in argata,
Waaqayyo biraas ayyaana in
argata*;
23 rakkataan arraba laafaadhaan
rakkina isaa himata,
sooressi garuu sagalee
jabaadhaan
deebii in kennaaf;
24 fira fakkaatanii kan nama
balleessan jiru,
firri obboleessa caalaa
namatti aanus immoo jira*.
20 12:14
21 13:3
22 19:14; 31:10-12; Uma 2:18
24 17:17

Ammas Gorsi Solomoon Itti Fufuu Isaa

19 1 Sooressa gowwaa dubbii mic-
ciiramaa dubbatu irra,
hiyyeessa dubbii hin
balleessine wayya*.
2 Beekumsa utuu hin qabaatin
hawwa duwwaa qabaachuun
gaarii miti,
namni miilli isaa jarjaru
karaa irraa kaata.
1 28:6

3 Gowwummaan namaa jireenyuma
isaa in balleessa,
inni garuu garaa isaatti
Waaqayyoon in komata.
4 Badhaadhummaan nama baay'ee
fira namaaf godha,
hiyyumni garuu fira irraa
gargar nama kuta*;
5 namni sobaan dhugaa ba'u,
utuu hin adabamin hin hafu,
soba kan dubbatus adaba
jalaa hin ba'u*.
4 14:20
5 19:9; 21:28; 24:28; 25:18; Bau 20:16; Kes 19:18-20

6 Namoonni baay'een
nama guddaatti firoomuu in
barbaadu,
nama waa namaaf kennuufis
hundumatu fira.
7 Nama hiyyeessa obboloonni isaa
iyyuu
in jibbu erga ta'ce,
firoonni isaa immoo hammam
caalchisanii
isattii haa fagaatan ree!
Hammam dubbatee isaan
deebifachuu
yoo barbaade iyyuu,
isaan hin argaman*;
8 namni qalbii qabu ofii isaa
jaallata,
nama hubannaa of keessaa
qabuuf immoo
wanti inni hojjetu in tolaaf.
9 Namni sobaan dhugaa ba'u,
utuu hin adabamin hin hafu;
soba kan dubbatus in bada*.
6-7 14:20
9 19:5

10 Qannootti jiraachuun
nama gowwaaf hin ta'u,
garbootaafis gurguddoota
bulchuun hin qajeelu.
11 Hubataa ta'uun dheekkamsaaf
suuta nama jechisiisa,
balleessaa irra namaaf
darbuunis ulfina isaa ti*.
12 Dheekkamsi mootii akka aadnaa
leencaa ti,
faara-tolinni isaa garuu
akka fixeensa marga irraa ti*;
13 ilmi gowwaan abbaa isaatti
badiisa fida,
haati manaa qoccoltuun
akka mana yeroo bundumaa
dhimm'isuu ti*.
11 14:29
12 16:14-15
13 17:25; 21:9,19; 25:24; 27:15-16

14 Manaa fi badhaadhummaa
abboota irraa in dhaalu,
haati manaa hubatnuun garuu
kennaa Waaqayyoo ti*.
15 Dhibaa'ummaan birriba ulfaataa
namatti fida,
hojii malee taa'uunis
beela irra nama buusa*;
16 namni abboommii eegu jireenya
isaa in eeggata,
namni karaa Waaqayyoo
tuffatu garuu in du'a*.
17 Namni hiyyeessaaf garaa laafu

akka waan Waaqayyoof
liqeessuu ti;
Waaqayyos gatii isaa isaaf in
deebisa*;
18 deebisuudhaaf utuu abdiin jiruu,
ijoollee kee adabi!
Gad dbiiftee akka isaan du'an
bin godhin*!
19 Namni aaraan adaba ofitti fida,
rakkina keessaa isa baasuu yoo
yaalte,
akka inni itti caalu in goota*.
14 18:22
15 6:10-11
16 16:17
17 14:31
18 13:24; Kes 21:18-21
19 14:17

20 Gara booddeetti ogeessa akka
taatutti,
gorsa dhaga'i, barsiisas
fudhadhu!
21 Yaada namaa keessa akeeka
baay'eetu jira,
garuu wanta Waaqayyo yaadee
qopheessetu
jabaatee dhaabata*.
22 Amanamummaan namaa bu'aa
qaba,
sobduu ta'uu irra hiyyuma
wayya.
23 Waaqayyoon sodaachuun
jireenyatti nama geessa,
namni sodaa Waaqayyootiin
guutame
yaaddoo malee in boqota,
wanti bamaanis isatti hin bu'u*;
24 namni dhibaa'aan harka isaa
waciitii
keessa in kaa'a,
garuu gara afaan isaatiitti iyyuu
danda'ee bin deebifatu*.
21 16:1,9
23 10:27
24 26:15

25 Nama ga'isu yoo rukutte,
namni wallaalaan
of eeggataa in ta'a;
nama hubataa ifadhu,
innis beekumsa in argata*.
26 Namni abbaa isaa irratti hamaa
bojjetu
haadha isaas mana isaatii kan
ari'u,
ilma nama yeellaasisuuf
arrabsiisuu dha*.
27 Yaa ilma ko, gorsa dubbii
beekumsaa irraa si
kaachisu
dhaggeeffachuu dhiisi*!
28 Dhuga-baatuun waa'ee hin baafne
firdii dhugaatti in ga'isa;
afaan nama jal'aa immoo
irra-daddarbaa in liqimsa.
29 Warra ga'iftuuf firdiin,
dugda warra gowwootaafis
uleen qophaa'aa dha*.
25 21:11
26 20:20
27 Yaq 1:22
29 10:13; 26:3

Gorsi Solomoon Ittuma Fufuu Isaa

20 1 Daadhiin waynii ga'iftuu
nama godha,
dhugaatii jabaanis nama in
wacisiisa;
namni isaaniin machaa'ee
gatantarus
ogeessa miti*.
2 Dheekkamsi mootii inni naasisaan
akka aadnaa leencaa ti,
namni isa dheekkamsiisus
ofiidhuma isaa irratti muka
muruu isaa ti*;
3 qoccolloo irraa fagaachuun
namaaf ulfina,
wal lolnutti ariifachuun garuu
gowwummaa dha.
1 23:20-21,29-35; 31:4,6-7; Hos 4:11
2 16:14-15

4 Namni dhibaa'aan yeroo
dhaamochaa
waan hin qonneef,
makariitti midhaan kadhata,
garuu homaa hin argatu.
5 Akeeki garaa namaa akka bishaan
gad fagoo ti,
nama hubataa duwwaatu
isa keessaa waraabbata.
6 Namoonni baay'een,
"Nuyi amanamoo dha" ofiin
jedhu,
garuu nama amanamaa
eenyutu argachuu danda'a?
7 Namni qajeelaan jireenya
mudaa hin qabne jiraata,
isa booddees ijoolleen isaa in
gammadu*.
8 Mootiin barcuma firdii irra

yommuu taa'u,
ijuma isaatiin wanta hamaa hundumaa
of duraa in bittimsa*.
9 Eenyutu, "Ani yaada garaa koo qulleeffadheera,
cubbuu koo irraas qullaa'eera"
jechuu danda'a ree*?
7 Far 112:1-2
8 16:10; Far 101:3
9 30:12; Iyo 4:17

10 Miijanni jal'aanii fi safartuu jal'aan,
Waaqayyo biratti jibbamoo dha*;
11 mucaan iyyuu qullaa'aa fi qajeelaa ta'uun isaa,
hojii isaatiin in beekama.
12 Gurra dhaga'uu fi ija argu,
lachuu isaa Waaqayyotu uume.
10 11:1

13 Akka hin hiyyoomnetti hirriba hin jaallatin!
Midhaan akka quuftutti dammaqii hojjedhu*!
14 Namni yommuu waa hituuf jedhu,
"Gatiin isaa miyaa dha" jedha,
erga bitatee booddee garuu,
"Ba'eessan bitadhe" jedhee
of in jaja.
15 Warqeenii fi elellaan diimaan
baay'inatti jiru,
afaan dubbii beekumsaa dubbatu garuu,
akka dhagaa gati-jabeessa
isa baay'inatti hin argamnee ti.
16 Wayyaa nama isa ormaaf wabii darbuu
qabsiisa fudhadhu!
Qooda namicha hin beekamne sanaa
wayyaa isaa qabsiisa godhii fudhadhu*!
17 Buddeenni gowwoomsaadhaan argame
namatti in miyaa'a;
booddee garuu cirrachatu
afaan nama guuta*.
13 6:10-11
16 6:1-5; 27:13
17 9:17

18 Wanti yaadame,
mareedhaan jabaatee in dhaabata;
lola yoo dhaqxe
ogummaadhaan geggeessi*!
19 Namni asii fi achi labee nama hamatu
dhoksaa in mul'isa,
nama dubbii baay'isuttii fagaadhu*!
20 Namni abbaa isaa fi haadha isaa yoo abaare,
ibsaan isaa dukkana limixii keessatti in dhaama*.
21 Qaheenyi dhaalaan dhufu
jalqabatti dafee argamuu in danda'a;
dhumni isaa garuu eebba hin qabu.
22 Namni si irratti hamaa yoo hojjete,
"Deebiseen hamaa irratti hojjedha" hin jedhin!
Waaqayyoon eeggadhu, inni immoo si oolcha*.
18 24:6
19 11:13
20 30:17; Bau 21:17
22 24:29; Mat 5:38-42; Rom 12:17

23 Waaqayyo miijana jal'aa in jibba,
madaaliin hin amanamnes isatti hin tolu*.
24 Ejjennaa namaa
kan qajeelchu Waaqayyoo dha,
namni karaa isaa gargar baasee hubachuu danda'aa ree?
25 Namni utuu itti hin yaadin
Waaqayyoof wareega wareegee,
booddee immoo deebi'ee yoo seese
kiyyoo lixuu isaa ti*.
26 Mootiin ogeessi warra jal'oota in bittimsa,
konkolaataa ittiin midhaan cagadan
isaan irra in gangalcha.
23 11:1
25 Abo 11:29-40; Lal 5:4-5

27 Ibsaan Waaqayyoo yaada namaa keessatti in ifa,
keessa namummaa namaas qoree in ilaala*.
28 Gaarummaanii fi amanamummaan nagaadhaan mootii in eegu,
teessoon isaas qajeelummaadhaan in jabaata*.

29 Surraan dargaggootaa jabina isaanii ti,
ulfiinni maanguddootaa garuu harrii isaanii ti*;
30 kabalee madeessuun wanta hamaa irraa qulleessuuf,
rukutuunis keessa namummaa namaa qulleessuuf.
27 1Qor 2:11
28 16:12; Far 61:7
29 16:31

Gorsi Solomoon Ittuma Fufuu Isaa

21 1 Yaadni mootii harka Waaqayyoo keessa jira,
inni akka bishaaniitti gara jaallateetti isa in deebisa.
2 Namatti karaan ofii isaa hundinuu qajeelaa in fakkaata,
Waaqayyo garuu yaada isaa in miijana*.
3 Wanta qajeelaa fi wanta dhugaa hojjechuun,
aarsaa caalaatti Waaqayyo biratti fudhatamaa dha*.
4 Waan guddaatti of ilaaluun,
of bokoksuun,
wanti jal'oonni hojjetan hundinuus cubbuu dha.
2 16:2
3 1Sam 15:22; Far 51:17; Er 7:22-23; Hos 6:6

5 Yaadni warra dhimmee hojjetuu bu'aa qaba,
wanti ariitiidhaan hojjetamu hundinuu
hiyyeessa nama godha.
6 Qabeenyi dubbii sobaatiin walitti qabame,
akkuma harrii tokkichumaan lafa inni bu'e dhabanii ti,
akka kiyyoo nama ajjeesuu tis;
7 warri jal'oonni
wanta qajeelaa hojjechuu waan didaniif,
humnaan nama irratti ka'uun isaanii
isaanuma in balleessa.
8 Karaan nama balleessaa qabuu jajal'aa dha,
hojiin nama balleessaa hin qabne garuu qajeelaa dha.
9 Haadha manaa qoccoltuu wajjin mana tokko keessa taa'uu irra,
golee bantii manaa irra taa'uu wayya*.
9 19:13

10 Namni jal'aan wanta hamaa hawwa,
namaafis garaa hin laafu.
11 Yommuu namni ga'isaan adabamu,
inni wallaalaan ogummaa in argata;
namni ogeessi yommuu karaan isatti argisiifamu,
beekumsa in argata*.
12 Waaqayyo inni qajeelaan,
wanta mana jal'ootaa keessatti hojjetamaa jiru
yaadaan in qaba,
warra jal'oota gad gara in galcha,
isaan in balleessas.
13 Nama, hiyyeessa rakkatee gargaarsaaf iyyuuf,
inni dhaga'uu didu,
yommuu inni ofii rakkatee gargaarsaaf iyyus immoo hin dhaga'amuuf;
14 kennaan dhoksaadhaan kennan dheekkamsa gab godha,
gabbarsuun dhoksaadhaan harka keessa kaa'anis
aarii in qabbaneessa*.
11 19:25
14 1Sam 25:18-35

15 Wanti dhugaan yommuu hojjetamu,
warra qajeelota in gammachiisa,
warra jal'oota garuu in naasisa.
16 Namni karaa hubannaa irraa jal'atu,
walga'ii warra du'anii keessa in bu'a.
17 Namni qananii jaallatu in deega,
namni daadhii waynii fi dhadhaa ejersaa jaallatu raawwatee hin sooromu*.
18 Namni jal'aan wanta hamaa nama qajeelaadhaaf qopheessetti in darba,
namni hin amanamnes wanta hamaa nama amanamaadhaaf qopheessetti in gala*.
19 Dubartii qoccoltuu fi aartuu wajjin jiraachuu irra,
lafa onaa keessa jiraachuu wayya*.

*17 23:20-21
*18 11:18
*19 19:13

20 Mana ogeessaa kcessa
qabeenyii fi
urgooftuun dibataa
fo'amoon guutuu dha;
gowwaan garuu wanta qabu
hundumaa nyaatee in fixa;
21 namni qajeelummaa fi
gaarummaa duukaa bu'u,
jireenyaa fi qajeelummaa,
ulfinas in argata;
22 namni ogeessi
mandara warra
hunma-qabootaa in qabata,
da'oo isaan amanatanis in diiga;
23 namni afaan isaa fi arraba isaa
eeggatu,
rakkinatti akka hin galleef
of in eega*.
24 Namni waan guddaatti of
ilaaluudhaan
of jajee of bokoksuun
amala ta'eef,
"Nama ga'isaa" in jedhama.
*23 13:3

25 Namni dhibaa'aan sababii
hojii hojjechuu dhiisuuf,
kajeellaadhaan in du'a*.
26 Inni ittuu caalchisee argachuuf
guyyaa guutuu in kajeela,
namni qajeelaan immoo
harka keessa ntuu hin qabatin
in kennaaf.
27 Aarsaan namni jal'aan dhi'eessu,
Waaqayyo duratti jibbamaa
erga ta'ee,
aarsaan namni yaada hamaatiin
dhi'eessu immoo
caalaatti hammam ciigga'amaa
haa ta'u ree*!
28 Namni sobaan dhugaa ba'u
in bada,
dubbiin namni
irratti yaadee dubbatu garuu,
in fudhatama*.
29 Namni jal'aan ija-jabinaan in
falma,
garun namni yaada qajeelaa
qabu
karaa isaatti jabaatee in
dhaabata.
*25 13:4
*27 15:8

*28 19:5,9

30 Ogummaan yookiis hubannaan
yookiis mareen,
Waaqayyoon mormee
dhaabachuu
danda'u hin jiru*.
31 Fardi guyyaa lolaatiif
qophaa'aa dha,
mo'icha kan namaa keunu
garuu Waaqayyoo dha*.
*30 Far 33:10-11
*31 Far 33:16-17

Gorsi Solomoon Ittuma Fufuu Isaa

22 1 Badhaadhummaa guddaa irra,
maqaa gaarii wayya;
meetii yookiis warqee irra,
faara tolaadhaan ilaalamuu
wayya*.
2 Isaan lachuus Waaqayyotu uume
waan ta'eef,
sooressii fi hiyyeessi
wal qixxee dha*;
3 namni bubataan wanta hamaa
in arga,
jalaas in dhokata,
namni wallaalaan garuu itti in
adeema,
in adabamas*.
*1 Lal 7:1
*2 29:13; Iyo 31:15
*3 27:12

4 gad of deebisuu fi Waaqayyoon
sodaachuun,
qabeenya, ulfinaa fi jireenya
namaaf in kenna*.
5 Qoraattiinii fi kiyyoon karaa
nama jal'aa keessa jiru,
namni ofii isaa eeggatu garuu
isaan irraa in gora.
6 Akka itti jiraachuun ta'u
mucaa barsiisi!
Innis yommuu dulloomu iyyuu
irraa hin kaatu.
7 Sooressi hiyyeessa in bulcha,
inni liqeeffatus abbaa liqiitiif
hojjetaa dha*.
*4 10:27; 15:33
*7 Nah 5:1-5

8 Namni firdii jal'isu,
rakkina in haammata;
uleen dheekkamsa isaatiis in
caba*.
9 Sababii buddeena isaa irraa

isa dhabaadhaan ga'uuf,
namni arjaan eebbifamaa
in ta'a*.
10 Qoccolloon akka hafutti,
nama ga'isaa ofittii fageessi!
Yommus lollii fi salphinni in
dhaabata*.
11 Namni yaadni garaa isaatii
akka qullaa'u jaallatu,
haasaan isaas gurra namaatti
kan tolu,
fira mootii in ta'a*.
*8 Iyo 4:8-9
*9 14:21; 19:17
*10 26:20
*11 Far 101:6; Qol 4:6

12 Iji Waaqayyoo beekumsa in eega,
dubbii warra hin amanamnee
garuu
gara in galcha.
13 Namni dhibaa'aan,
"Leenci ala jira,
yookiis karaa gubbaatti nan
du'a ta'a" in jedha*.
14 Afaan dubartii ejjituu
akka boolla gad fagoo ti,
namni Waaqayyo itti
dheekkamu
achi keessatti in kufa*.
15 Wallaalumni yaada mucaatti
qabamee jira,
uleen adabaa garuu wallaaluma
oofee isattii in fageessa*.
16 Namni sooressaaf kennaa
keunuuf,
inni qabeenya isaatti
dabalachuuf
hiyyeessa cunqursus in
hiyyooma.
*13 26:13
*14 5:3-6
*15 13:24; 23:13-14; 29:17

Jecha Ogeessotaa

17 Gurra kee as qabi!
Dubbii ogeessi dubbatu
dhaggeeffadhu!
Yaada kees gara barsiisa kootti
deebisi!
18 Yaadatti yoo qabatte,
waa'ee isaanii dubbachuun
si harkaa hin badu yoo ta'e si
gammachiisa.
19 Ati iyyuu Waaqayyoon akka
amanattuuf,
ani har'a sin barsiisa.
20 Ani jecha fo'amaa,
beekumsaa fi gorsa ba'eessa
of keessaa isan qabu
siif hin caafnee ree?
21 Warra si erganiif
deebii amanamaa akka
deebiftunf,
dubbii dhugaa sana ani si hin
barsiifnee ree?

22 Hiyyeessa sababii inni
hiyyoomeef hin saamin,
lafa yaa'iitti warra rakkatoo
hin cunqursin!
23 Waaqayyo isaaniif in ilaala,
nama isaan saamu Waaqayyo
immoo
isa in saama*.
*22-23 23:10-11; Bau 23:6-7

24 Nama dheckkamaatti hin
firoomin,
nama dafee aaruttis hin
hidhatin*!
25 Isa irraa bartee,
kiyyoo keessa akka of hin
buufnetti of eeggadhu!
*24 14:17; 15:18
26 Hidhata nama walii galtee
jabeessuudhaaf
harka namaa rukutuu,
yookiis hidbata nama namaaf
wabii darbuu hin ta'in*!
27 Sababiin isaa immoo ati waan
baaftu yoo dhabde,
afanni kee cinaacha kee jalaa
in fudhatama.
*26 6:1

28 Dhagaa daarii isa abboonni kee
dhaaban,
iddoodhaa hin butin*!
*28 23:10; Kes 27:17

29 Nama hojii isaatti harka tolu
kana argitaa?
Inni moototaaf in ergama,
nama hin malleedhaaf garuu
hin ergamu.

Jechi Ogeessotaa Ittuma Fufuu Isaa

23 1 Nyaata nyaachuudhaaf nama
biyya bulchuu wajjin
yommuu teessu,

wanta si dura jiru hubadhuu
ilaali!
2 Nama nyaataaf sassatu yoo taate,
of dhowwi!
3 Nyaatichi waan si gowwoomsuuf,
miyaan isaa si hin kajeelchisin!

4 Sooromuuf jettee of hin
dadhabsiisin,
of qabuu kee argisiisuufis
ogummaa qabaadhu*!
5 Soorumni akka wanta baallee
qabuutti,
akka joobiraattis qilleensa
keessa balali'ee,
hamma liphsuu ijaatti
ija namaa duraa in sokka.
**4 28:22*

6 Maaddii hinaaftuu irraa hin
nyaatin!
Miyaan nyaatichaas si hin
kajeelchisin!
7 Inni akka nama isa yeroo
hundumaa
gatii nyaatichi baasu garaa isaa
keessatti yaaduu ti,
inni afaaniin, "Hadaraa nyaadhu,
dhugi!" siin jedha,
garaan isaa garuu si bira hin
jiru.
8 Wanta nyaatte in diddigda,
dubbii kee isa miyaa'aas in
balleessita.

9 Gowwaan ogummaa dubbii keetii
sababii tuffatuuf,
ati isatti hin dubbatin!

10 Dhagaa daarii bara durii dhaabate,
iddoo isaatii hin butin,
maasii ijoollee abbaan irra hin
jirreettis
daarii hin darbin!
11 Inni isaan furu aango-qabeessa,
waa'ee isaaniitiifis sitti in
falma*.
**10-11 22:28; 15:25; 22:22-23*

12 Gorsicha garaa keetti,
dubbii beekumsaas
gurra keetti galfadhu!

13 Mararfattee mucaa adabuu hin
dbiisin,
karaabaadhaan yoo rukutte inni
hin du'u;
14 karaabaadhaan isa yoo rukutte,
lubbuu isaa iddoo lafa jalaa
dhaquu in oolchita*.
**13-14 13:24; 22:15*

15 Yaa ilma ko, ati ogeessa yoo
taate,
garaan koo immoo in gammada.
16 Afaan kee dubbii qajeelaa
yommuu dubbatu,
keessi namummaa kootii in
gammada.

17 Ycroo hundumaa garaan kee
sodaa Waaqayyoof
haa hinaafu malee,
cubbamootatti hin hinaafin*!
18 Dhugumaan ati gara fuula duraatti
abdii in godhatta;
abdiin kees hin citu*.
**17 3:31*
**18 14:32; 24:14*

19 Yaa ilma ko dhaga'i!
Ogeessa ta'i,
yaada kees daandii qajeelaa
irratti eegi!
20 Hidhata warra daadhii waynii
gar-malee dhuganii fi
foon gar-malee nyaatanii bin
ta'in!
21 Machooftuu ta'uunii fi
albaadhessa ta'uun
nama in hiyyoomsa,
raftuu ta'uunis moofaa namatti
in uffisa*.
**20-21 20:1; 21:17*

22 Abbaa kee isa si dhalche dhaga'i,
yommuu haati kee dulloomtus
ishee hin tuffatin*!
23 Dhugaa fi ogummaa, barsiisaa fi
hubannaa,
argadhu malee hin gurgurin*!
24 Abbaan nama qajeelaa guddaa in
gammada,
inni ilma ogeessa dhalches
isatti in gammada.
25 Abbaan kee fi baati kee haa
gammadan,
isheen si deesse haa
gammaddu*!
**22 1:8*
**23 4:7*
**24-25 10:1*

26 Yaa ilma ko, dubbii koo yaadatti
qabadhu,
iji kees akka ani itti jiraadhu
haa ilaalu!
27 Dubartii ejjitunn boolla gad
fagoo dha,
dubartiin gaalamoonni boolla
bishaanii isa dhiphaa dha.
28 Isheen akka saamtuu riphxee in
ciifti,
namoonni baay'een
akka hin amanamne in gooti*.
**27-28 5:3-6; 22:14; 7:10-14*

29 Eenyutu "Wayyoo! Wayyoo!"
jedha?
Eenyutu gadda?
Eenyutu nama qoccola?
Eenyutu nama komata?
Eenyutu sababii malee madaa'a?
Eenyutti iji diddiimata?
30 Warra daadhii waynii gar-malee
dhugan,
warra yeroo hundumaa daadhii
waynii
isa makaa qabu barbaaduuf
adeemanii dha;
31 daadhiin waynii yommuu diimatu,
bifni isaas shurrubbee keessaa
yommuu calaqqisu,
yommuu inni miyaa'aa gad
lixu si hin gomjaasisin!
32 Innoo erga isa dhuganii booddee
akka bofaa nama in idda,
akka hadhaa mar'ataas
nama in miidha.
33 Yommus gara dubartii
gaalamootaa in ilaalta,
afaan kees dubbii micciiramaa
in dubbata.
34 Akka nama galaana walakkaa
ciisuu,
akka nama bantii markabaa
irra rafuus in taata.
35 Ati, "Isaan ana dha'an,
garuu na hin dhukkubne,
ana rukutan garuu
anatti hin dhaga'amne,
yooman dammaqee
dhugaatii kan biraa argadha?"
in jetta*.
**29-35 20:1; Isa 56:12*

Jechi Ogeessotaa Ittuma Fufuu Isaa

24 1Namoota jal'ootatti hin
hinaafin,
hidhata isaanii ta'uus hin
hawwin*!
2 Isaan garaa isaaniitti
humnaan nama irratti ka'uu in
yaadu,
afaan isaaniitiinis wanta hamaa
in dubbatu.
**1 3:31*

3 Manni ogummaadhaan ijaarama,
hubannaadhaanis jabeeffamee
in dhaabama;
4 beekumsaan kutaawwan
manichaa,
wanta gati-jabeessaa fi
badhaadhummaa nama
gammachiisu hundumaan
in guuta.

5 Namni ogeessi nama jabaa caalaa
aangoo qaba,
namni beekaanis nama humna
qabu irra in caala.
6 Ati geggeessaa ogummaatiin
lolaaf in baata,
baay'ina gorsitootaanis
mo'icha in argatta*.
**6 20:18; 11:14*

7 Nama gowwaadhaaf ogummaan
baay'ee
ol fagoo dha,
karra kellaa walga'ii keessattis
afaan isaa hin saaqqatu.

8 Namni wanta hamaa gochuudhaaf
malu,
"Hamtu-gootee" in jedhama.
9 Akeeki gowwummaa cubbuu dha,
namoonnis ga'iftuu in ciigga'u.

10 Ati bara rakkinaatti yoo raafamte,
humni kee muraasa.
11 Warra gara du'aatti geeffaman
oolchi,
warra ajjeefamuuf
hollachaa adeemanis deebisi*!
12 Ati, "Nuyi waa'ee kanaa hin
beekne" yoo jette,
inni garaa namaa qoru
kana hin hubatuu ree?
Inni jireenya kee eegu kana hin
beeku ree?
Inni namaaf akka hojii isaatti
gatii isaa in kenna mitii ree?
**11 Far 82:4*

13 Yaa ilma ko, dammi gaarii
waan ta'eef, isa nyaadhu!
Nadhiin dhaaba dammaa
keessaa coccophu sitti in
miyaa'a;
14 akkasuma ogummaanis
jireenya keef ba'eessa akka
ta'u beeki!
Ati isa yoo argatte
guyyaa booddeetiif abdii qabda,
abdiin kees hin badu*.
14 23:18

15 Akka nama jal'aa
jireenya nama qajeelaa
riphxee hin eeggatin,
bultii isaa irrattis humnaan hin
ka'in!
16 Namni qajeelaan si'a torba
utuma kufee iyyuu,
deebi'ee in ka'a;
namni jal'aan garuu,
wanta hamaa keessatti in kufa*.
16 Far 37:23-24

17 Yommuu diinni kee kufu,
kufaatii isaatti hin gammadin;
yommuu inni gufatus garaa kee
keessatti hin gammadin*!
18 Itti gammaduu kee Waaqayyo
yoo arge hin jaallatu,
dheekkamsa isaas isa irraa in
deebisa.
17 Iyo 31:29

19 Waa'ee namoota hamaa
hojjetaniif hin aarin,
warra jal'ootattis hin hinaafin*!
20 Namni hamaan abdii borii hin
qabu,
ibsaan nama jal'aas in
dhaama*.
19 Far 37:1; Fak 3:31
20 3:33

21 Yaa ilma ko, Waaqayyoon
sodaadhu,
mootiidhaaf ulfina kenni;
hidhata warra ittiin mormaniis
hin ta'in*!
22 Namoonni akkasii kun
hamma liphsuu ijaatti in badu,
badiisa isa Waaqayyo yookiis
mootiin isaanitti fidu
eenyutu beekuu danda'a ree?
21 1Phe 2:17

23 Jechi kanatti fufee jirus immoo
jecha namoota ogeessotaa ti;
firdiitti nama wal caalchisuun
gaarii miti.
24 Nama jal'aadhaan, "Ati qajeelaa
dha" nama jedhu,
namoonni in abaaru;
sabni lafa irraas isa in ciigga'a.
25 Garuu warra nama jal'aa ifataniif
gaarii in ta'a,
eebbi gaariin isaaniif in dhufa*.
23-25 17:15

26 Deebiin dhugaan,
milikkita firooma dhugaa ti;
27 maasii qopheeffattee,
waan ittiin jiraattu hamma
argattutti
mana hin dhaabbatin!

28 Akkasumaan nama irratti dhugaa
hin ba'in,
yookiis nama hin sossobin*!
29 Ati, "Waanuma namni
ana hojjeteen isa hojjedha,
gatii hojii isaatiis isaaf nan
deebisa"
hin jedhin*!
28 19:5; Bau 20:16
29 20:22

30 Ani maasii nama dhibaa'aa
keessa,
iddoo dhaabaa waynii
nama qalbii hin qabnee
keessas nan adeeme;
31 kunoo, qoraattiin iddoo
hundumaatti in biqile,
aramaan irra in garagale,
dallaan dhagaa isaas in jijjige;
32 yommus ani ilaaleen wanta kana
yaadaan qabee,
isan arge kana irraas
barumsa nan argadhe.
33 Rafuudhaaf harka kee wal irra in
qaxxaamursita,
yeroo muraasa in mugda,
yeroo xinnoo ishees in rafta;
34 garuu utuma ati raftuu
hiyyumni akka saamtuutti,
dhabinnis akka nama mi'a lolaa
hidhateetti
sitti in dhufa*.
33-34 6:9-11

Solomoon Ittuma Dahalee Fakkeenyaan Dubbachuu Isaa

25 1 Isaan kunis immoo
fakkeenyota Solomoon,
isa namoonni Hisqiyaas mootii
Yihudaa
caaffata irraa garagalfatanii
dha*;
2 waa dhoksuun ulfina
Waaqayyoo ti,
dubbii qorachuun ulfina
moototaa ti*;
3 akkuma ol fageenyi bantii
waaqaa,
gad fageenyi lafaas qoramuu
hin dandeenye,
akkasuma yaadni mootii
qoramuu hin danda'u.
1 1:1; 10:1; 2Mot 18:1-8
2 Kes 29:28

4 Inni meetii irraa mi'a hojjetu,
meetii qullaa'aa akka
qabaatutti,
ati meeticha haqsii udaan isaa
gati!
5 Teessoon mootii
qajeelummaadhaan cimee
haa dhaabatuutii,
gorsitoota hamoota mootii irraa
dhowwi*!
6 Mootii duratti ol of hin qabin,
nama guddaas of hin
fakkeessin!
7 Mootichi guddaa hiyyaa duratti
"Iddoo gara gadii dhaqi!" siin
jechuu isaa irra,
"As ol kottu!"
siin jechuu isaa wayya*.
5 16:12
7 Luq 14:7-11

8 Wanta tokko ijuma keetiin
argiteef
ariifattee gara yaa'iitti hin
fidin!
Namni dubbii isaa caalchisee
keessa heeku
yoo si sobsiise dhuma irratti
maal goota ree?
9 Namatti waan falmitu yoo
qabaatte,
namichumatti falmadhu malee,
dhoksaa nama kan biraa hin
mul'isin*!
10 Kanaa achis namni kana dhaga'u
si in qaanessa,
maqaa kee halleessuus
gonkumaa hin dhiisu.
9 20:19

11 Dubbiin yeroo isaatti dubbatamu,
akka killa hudha qabuu
isa meetiidhaa fi warqee itti
naqanii miidhagsanii ti*;
12 ifanni ogeessi
nama isa dhaga'u ifatu,
akka amartii gurraa isa warqee
irraa hojjetamuu fi
akka mi'a miidhaginaa
isa warqee ba'eessa irraa
tolfamuu ti;
13 bishaan cabbiidhaan diilallaa'e
yeroo makariitti akkuma
garaa nama qabbaneessu,
ergamaa amanamaanis akkasuma
nama isa ergatu garaa in ciibsa.
11 15:23

14 Namni wanta hin kennineen of
jaju,
akka duumessaa fi qilleensa
isa bokkaa of keessaa hin
qabnee ti.
15 Namni obsa-qabeessi
hulchaa biyyaa garaa in
laaffifata,
namni arraba toles lafee
nama in cabsa*.
16 Damma yoo argatte,
akka inni sitti baay'atee si hin
halaqamsifnetti,
hamma si ga'u duwwaa
nyaadhu!
17 Namni si nufee akka si hin
jibbinetti,
ammaa amma mana namaa hin
dhaqin!
15 15:1

18 Namni nama irratti sobaan
dhugaa ba'u,
akka hokkuu yookiis billaa
yookiis xiyya qaramaa ti*;
19 nama hin amanamne bara
rakkinaatti amanachuun,
akka nama ilkaan raafamuun
waa alalfachuudhaaf,
miilla lawwaasa'aadhaanis
adeemuudhaaf amanatuu ti;
20 nama garaan isaa gadde
faarfachuun,

akka waan guyyaa dhaamochaa
uffata isaa isa irraa
fuudhanii ti,
akka waan soogidda madaatti
naqanii tis.
18 19:5

21 Diinni kee yoo heela'e buddeena
inni nyaatu,
yoo dheebotes hishaan inni
dhugu kenniif.
22 Kana gochuu keetiin immoo,
gaabbee akka inni yeella'u in
goota;
Waaqayyos gatii kee siif in
deebisa*.
23 Qilleensi gara bitaa akkuma
hokkaa fidu,
jette-jetteen,
ija dheekkamsaatiin
nama ilaaluu in fida.
24 Haadha manaa qoccoltuu wajjin
mana tokko keessa taa'uu irra,
golee bantii manaa irra taa'uu
wayya*.
21-22 Rom 12:20-21
24 19:13

25 Oduu gaarii biyya fagoodhaa
dhufu dhaga'uun,
akkuma nama dheebotee
bishaan diilallaa'aa
dhuguu ti*;
26 namni qajeelaan
nama jal'aa duratti kufuun,
akka burqaa boora'ee,
yookiis akka bishaan boollaa
isa xuriin isaa ijaan ilaaluu
nama jibbisiisuu ti.
27 Damma baay'isanii nyaachuun
gaarii miti,
ulfina mataa ofii barbaaduunis
ulfina miti.
28 Namni of qabuu hin dandeenye,
akka mandara dallaawwan isaa
jijjiganii ti*.
25 15:30
28 29:11

Solomoon Fakkeenyaan Duhhachuu Ittuma Fufuu Isaa

26 1 Cabiin bonaaf, bokkaanis
yeroo makariif
akka hin taane,
akkasuma ulfinni immoo
nama gowwaadhaaf hin ta'u.
2 Abaarsi akkasumaan nama
abaaran,
akka dinbiitii waan irra qubattu
dhabdee
asii fi achi barriftuu,
yookiis akka girrisa
balaliituu ti malee,
nama hin ga'u.

3 Sottoon fardaaf,
luugamni harreef akka
barbaachisu,
akkasuma uleen
dugda gowwootaaf in
barbaachisa*;
4 ati iyyuu akka isaa akka hin
taanetti,
gowwaadhaaf akka goowwuma
isaatiitti
deebii hin kennin!
5 Namni gowwaan ogeessa
akka of hin seenetti,
akkuma goowwuma isaatiitti
deebii kenniif;
6 namni nama gowwaa ergatu,
akka nama miilla isaa of irraa
muree
rakkina ofitti waamuu ti;
7 fakkeenyi afaan gowwaa keessaa
ba'u,
akka miilla naafatee rarra'uu ti.
3 19:29

8 Namni gowwaadhaaf ulfina
kennu,
akka nama furuursaatti dhagaa
hidhuu ti;
9 fakkeenyi afaan gowwootaa
keessaa ba'u,
akkuma qoraattii
harka nama machaa'aa
waraanaa jiruu ti;
10 namni nama gowwaa
yookiis nama kara-adeemaa
hojiitti qacaratu,
akka nama iddaa baatuun
waanuma arge madeessuu ti;
11 sareen diddigee diddiga isaatti
akkuma deebi'u,
gowwaan gowwuma isaatti in
deddeebi'a*;
12 nama ogeessa utuu hin ta'in
ogeessa of se'uu irra,
nama gowwaatu caalaa abdii
qaba*.

11 2Phe 2:22
12 29:20

13 Namni dhibaa'aan,
"Leenci saafelli karaa irra,
leenci sodaachisaanis
karaa guddaa keessa jira" in
jedha*.
14 Muchoon saanqaa boolla muchoo
isaatii
keessa akkuma naanna'u,
namni dhibaa'aanis akkasuma
siree isaa irra in gangalata*.
15 Namni dhibaa'aan ittootti
cuuphachuudhaaf
harka isaa waciitii keessa in
kaa'a,
garuu gara afaan isaatiitti
iyyuu danda'ee hin
deebifatu*.
16 Namni dhibaa'aan isa ogeessonni
torba,
ogummaadhaan deebii kennan
caalaatti
hubataa of se'a.
13 22:13
14 6:6,9-11
15 19:24

17 Namni akkasumaan adeemee
dhufee
dubbii namaa keessa lixu,
akkuma nama gam godhee
gurra saree karaa adeemtuu
qabuu ti;
18 maraatuun diimina guhaa fi
xiyya nama ajjeesu
namatti gad dhiisu,
19 nama nama gowwoomsee
"Anoo nan taphadhe!" jedhuu
wajjin wal hin caalu.

20 Qoraan hin jiru yoo ta'e,
ibiddi in dhaama,
hameen hin jiru yoo ta'e,
qoccolloon in hafa*.
21 Cilaattii harbadaa dhaamuuf
jedhutti,
qoraanis ibiddatti dabaluun,
humna isaa akka baay'isu,
namni dubbii tuttuqu qoccolloo
in baay'isa*.
22 Dubbiin hasaasa hamattuu,
akka buddeena miyaa'aa ti,
keessa namummaa namaattis in
dhaga'ama
gara mar'umaanittis gad in
bu'a*.
20 22:10
21 15:18
22 18:8

23 Namni afaan isaatiin gaarii
fakkaatee
garaa isaa keessaa yaada
hamaa qabu,
akka qodaa suphee, isa meetiin
itti uffifamee ti;
24 namni nama jibbu
jibbi isaa akka irraa hin
mul'anneef,
haasaadhaan gara in balleessa;
garaa isaa keessa garuu
haxxummaatu jira.
25 Sababii wanti jibbisiisaan torba
yaada isaa keessa jiruuf,
yommuu inni afaan laafee dubbatu
isa hin amanin!
26 Inni jibba isaa haxxummaadhaan
yoo dhokfate iyyuu,
jal'inni isaa walga'ii keessatti
bakkee in baafama*.
24-26 6:12-15

27 Namni boolla namaaf qotu,
ofuma isaatii isa keessatti in
kufa;
nama dhagaa namatti
konkolaachisus,
dhagichi deebi'ee isumatti in
konkolaata*.
28 Arrabni sobu warruma ofii
mammadeesse in jibba;
afaan itti kuulee duhhatus
badiisa namatti in fida.
27 28:10; Far 7:15-16; Lal 10:8

Fakkeenyaan Duhhachuu Ittuma Fufuu Isaa

27 1 Wanta guyyaan fidu hin
beektu,
kanaafis wanta bor ta'uun
of hin jajjin*!
2 Namni si haa jaju malee,
ati of hin jajjin!
Namni biraa si haa jaju malee,
afaan keen of hin jajjin!
3 Dhagaan ulfaataa dha, cirrachi
ba'aa dha,
inni namni gowwaan tuttuqee
nama aarsu garuu,
isaan lachuu caalaa in ulfaata.
4 Dheekkamsi akka gara-jabinaatti,

aariin akka lollaatti guutee
nama irra in dhangala'a;
caalaatti garuu hinaaffaa dura
cenyutu dhaabachuu
danda'a?
1 Yaq 4:13-14

5 Isa dhoksaatti nama jaallatu irra
isa mul'inatti
nama ifatu wayya*.
6 Dhungachuu diinaa irra,
rukutee madeessuu nama
nama jaallatuu wayya*;
7 namni quufe, damma in balfa;
nama beela'aatti garuu
wanti hadhaa'aan iyyuu in
miyaa'a.
8 Namni mana isaa irraa kaate,
akka simbira mann'ee irraa
kaatee ti;
9 dibannii fi urgooftuun
akkuma nama gammachiisan,
akkasuma gorsi firaa inni dhugaan
garaa nama in ciibsa.
5 Lew 19:17
6 Far 141:5; Mat 26:49

10 Michuu kee fi michuu abbaa
keetii hin dhiisin!
Yeroo rakkina keetiitti
mana obboleessa keetii hin dhaqin!
Obboleessa fagoo jiru irra,
ollaa dhi'oo jiru wayya*.
11 Yaa ilma ko, nama ana arrabsuuf
dcebii kennuu akkan danda'utti,
ati ogeessa ta'i, garaa na ciibsi!
12 Namni hubataan
wanta hamaa argee jalaa in
dhokata,
wallaalaan garuu itti in adeema,
in adabamas*.
13 Wayyaa nama nama
ormaaf wabii darbuu
qabsiisa fudhadhu!
Qooda namicha hin beekamne sanaa,
wayyaa isaa qabsiisa godhii
fudhadhu*!
10 17:17; 18:24
12 22:3
13 20:16

14 Namni ganama obboroo ka'ee,
sagalee guddaadhaan nama yoo
eebbise,
eebbi sun abaarsa itti in
fakkaata.
15 Haati manaa qoccoltuun,
akka mana guyyaa bokkaan
roobu dhimm'isaa ooluu ti;
16 ishee ittisuun akka nama
qilleensa ittisuu,
yookiis akka nama dhadhaa
ejersaa qabuuf yaaluu ti*;
17 sibiilli sibiila in qara,
namnis nama biratti in qarama.
18 Namni muka harbuu dhaabu
ija isaa in nyaata,
namni gooftaa isaa eegu ulfina
in argata.
15-16 19:13

19 Bishaan nama isa keessa ilaale
akkuma mul'isu,
akkasuma yaadni namaas
namichuma in mul'isa.
20 Iddoon lafa jalaa fi lafti badiisaa
"In quufne" akkuma hin jenne,
iji namaas akkasuma
ilaalee bin quufu*;
21 meetiinii fi warqeen
qodaa itti baqfaman kcessatti
akkuma qoraman,
akkasuma namni
afaan warra isa
galateeffatuutiin in
ilaalama.
22 Gowwaa akka midhaaniitti
moonyeetti
yoo tumte iyyuu,
gowwuma isaa isa irraa bin
baaftu.
23 Bushaayeen kee attamitti akka
jiran yaadaan qabi,
saawwan kees ba'eessa godhii
eeggadhu!
20 Lal 1:8

24 Soorumni bara baraan
nama harkatti bin bafu,
gonfoon mootummaas
dhalootaa dhalootatti hin
darbu.
25 Okaan yeroo haamamu,
margis jalaan yommuu biqilu,
biqilli tulluu irraas yommuu
sassaabamu,
26 hoolota keetiin daara in baata,
korbeeyyii re'oota keetiinis
lafa in bitatta.
27 Soora keetiif soora maatii keetiif,
xomboreewwan kee ittiin
jiraachisuufis

kan si ga'u, aannan reettii in
qabaatta.

**Fakkeenyaan Dubbacbuu
Ittuma Fufuu Isaa**

28 1Namni jal'aan
utuu namni isa bin ari'in
baqata,
namni qajeelaan garuu
akkuma leenca saafclaa
ija in jabaata*.
2 Biyya Waaqayyo irratti kaatu
bulchitoota isheetu baay'ata,
nama hubataadhaa fi beekaa
yoo qabaatte garuu,
mootummaan ishee jabantee in
dhaabata.
3 Hiyyeessi hiyyeessa cunqursu,
akka bokkaa midhaan
balleessuu ti.
1 Isa 57:21

4 Warri seera dhiisan nama jal'aa
jaju,
warri seera eegan garuu
isaan in mormu.
5 Namoonni bamoonni firdii
dhugaa hin hubatan,
warri Waaqayyoon
barbaaddatan garuu,
wanta hundumaa in bubatu;
6 sooressa jireenyi isaa
micciiramaa irra,
hiyyeessa balleessaa hin qabne
wayya*;
7 namni seera eegu ilma hubataa
dha,
inni hidhata albaadhessaa ta'u
garuu
abbaa isaa in salphisa.
6 19:1

8 Namni biiqiidhaan, gar-malee
dhala fudhachuudhaanis
badhaadhummaa baay'ifatu,
nama isa hiyyeessaaf oo'uuf
walitti in qaba*;
9 nama seeraaf hin abboomamne,
kadhanni isaa iyyuu
ciigga'amaa dha*.
10 Namni nama yaada qajeelaa qabu
hamaa irra buusu,
boolluma qotetti in kufa;
namni balleessaa hin qabne garuu,
wanta gaarii ta'e in dhaala*;
11 namni sooressi ogeessa of se'a,
hiyyeessi hubataan garuu qoree
isa bira in ga'a.
8 13:22; Lew 25:35-37
9 15:8-9
10 26:27

12 Namni qajeelaan yommuu biyya
fudhatu,
hundumatu gammada;
namni jal'aan yommuu ka'u
garuu,
namoonni in dhokatu*.
13 Namni irra-daddarbaa isaa
dhokfatu, bin biiqu;
namni irra-daddarbaa isaa
bimatu,
kan dhiisus garuu
araara in argata*.
14 Namni yeroo hundumaa
Waaqayyoon sodaatu
eebbifamaa dha,
namni mataa jabaatu garuu
rakkina keessa in bu'a;
15 bulchaan biyyaa inni jal'aan,
warra gargaarsa hin qabne
irratti
akka leenca aaduu,
akka amaaketa beela'ee
waan butu barbaaduu tis.
12 28:28; 29:2
13 Far 32:3-5; 1Yoh 1:8-9

16 Bulchaan biyyaa,
inni dubbii gargar baasee
bubachuun itti hir'atu,
warra barka isaa keessa jiran in
miidha;
namni bu'aa karaa malee
argamu jibbu garuu,
bara dheeraa gammadaa in
jiraata.
17 Namni nama ajjeesee barbaadamu,
hamma du'a isaatiitti jooraa
haa ta'u!
Namni tokko illee isa hin
gargaarin*!
18 Namni qajeelinatti jiraatu in oola;
namni karaan jireenya isaa
micciirame garuu
battalatti in kufa.
19 Namni lafa isaa qotatu buddeena
in quufa,
namni wanta waa'ee hin baafne
duukaa bu'u garuu, in
biyyooma*.
17 Uma 4:14
19 12:11

20 Namni amanamaan baay'ee eebbifama,
namni soorummaaf sassatu garuu,
utuu bin adabamin hin hafu*;
21 firdii jal'isuun gaarii miti,
kana keessaa immoo,
namni buddeena cabaa tokkoof balleessaa hojjeta*.
22 Namni weenna'u, sooromuuf in sassata,
hiyyumni akka isatti dhufus hin beeku*.
23 Nama sobee afaaniin namatti kuulu irra,
nama balleessaa namaa namatti mul'isee nama ifatutu,
gara booddeetti caalaa jaallatama.
24 Namni abbaa isaa yookiis haadha isaa saamee,
"Kun balleessaa miti" jedhu,
bidhata nama isa nama balleessuu ti*.

**20 13:11*
**21 18:5; Kes 1:17*
**22 23:4-5; 1Xim 6:9*
**24 Mat 15:4-6*

25 Namni sassataan yaadaan gargar ba'uu in kaasa,
namni Waaqayyoon amanatu garuu
itti tolee in jiraata;
26 namni yaada oofii isaa amanatu gowwaa dha,
ogummaadhaan kan deddeebi'u garuu in oola.
27 Nama biyyeessaaf kennuutti homtuu bin hir'atu,
namni achi ilaalee biyyeessa bira darbu garuu,
guddaa in abaarama*.
28 Jal'oonni yommuu biyya fudhatan,
namoonni of in dhoksu;
yommuu jal'oonni sun badan garuu,
qajeelonni in baay'atu*.

**27 14:21*
**28 11:10; 29:2*

Fakkeenyaan Dubbachuu Ittuma Fufuu Isaa

29 1 Nama sababii balleessaa isaatiif
utuma ifatamuu,
didee mataa jabaatu,
badiisi deebii hin qabne
dingata isa irra in ga'a*;
2 qajeelonni yommuu baay'atan
namoonni in gammadu,
warri jal'oonni yommuu
biyya bulchan garuu,
namoonni in gaddu*.

**1 15:10*
**2 11:10; 28:12,28*

3 Namni ogummaa argachuu jaallatu,
abbaa isaa in gammachiisa;
namni bidhata ejjituu ta'e garuu,
akkasumaan horii isaa bittimsa*.
4 Mootiin firdii dhugaa kennu
biyya isaa in jabeessa,
gabbarsuudhaaf kan sassatu garuu
biyya isaa in balleessa;
5 namni sobee afaaniin namatti kuulu,
miilla ofii isaatiitti dabboo in tartara;
6 namni hamaan irra-daddarbaa isaatiin in xaxama,
namni qajeelaan garuu in faarfata, in gammadas.

**3 Luq 15:13,30*

7 Namni qajeelaan biyyeessaaf in dhimma,
namni jal'aan garuu,
wanta akkasii kanaaf
dhimma hin qabu.
8 Warri ga'isoonni mandaratti goolii in kaasu,
warri ogeessonni garuu
dheekkamsa in qabbaneessu.
9 Namni ogeessi nama gowwaa wajjin
gara yaa'ii yoo dhaqe,
inni gowwaan takka in dheekkama,
takka immoo in kolfa malee,
boqonnaa hin qabu.
10 Namoonni dhiiga namaa dhangalaasuu suusa'an,
nama mudaa bin qabne in jibbu,
nama yaada qajeelaas
ajjeesuu in barbaadu.
11 Namni gowwaan,
yaada aarii garaa isaatii
hundumaa in dubbata,

namni ogeessi garuu in obsa,
of qabaas in dubbata*.

**11 25:28*

12 Namni biyya bulchu
oduu sobaa yoo dhaggeeffate,
hojjetoonni isaa hundinuu
jal'oota in ta'u;
13 Waaqayyo lachuu isaaniif iyyuu agartuu
waan kenneef,
biyyeessii fi inni biyyeessa
cunqursu waluma qixxee dha*.
14 Mootiin biyyeessaaf firdii dhugaa yoo kenne,
mootummaan isaa bara baraan jabaatee in dhaabata*;
15 ijoollee adabanii karaa irra buusuun gaarii dha,
mucaan gad-dhiisiitti guddatu garuu,
baadha isaa yeellaasisa*;
16 yommuu jal'oonni baay'atan,
irra-daddarbaan in baay'ata;
qajeelonni garuu
kufaatii jal'ootaa in argu.
17 Ilma kee adabii karaa irra isa buusi!
Inni immoo aara si galfachiisa,
garaas si in ciibsa*.

**13 22:2*
**14 16:12*
**15 13:24; 22:15; 1Mot 1:6*
**17 23:13*

18 Mul'anni hin jiru yoo ta'e,
sabni gad-dhiisii in ta'a;
namni seericha eegu garuu
hammam haa gammadu!
19 Hojjetaan waan afaaniin itti himan duwwaadhaan,
qajeelee karaa irra hin bu'u;
yoo hubate iyyuu nama jalaa hin qabu*.

**19 Far 74:9*

20 Nama dubbii ariifatu irra,
nama gowwaatu abdii qaba*;
21 namni garbicha isaa mucummaa isaatii jalqabee qanansiisu,
dhuma irratti tuffatamuu ofitti in fida.
22 Namni dheekkamaan lola in kaasa;
namni aaraanis irra-daddarbaa in baay'isa*.
23 Of gurguddisuun,
gad deebii namatti fida,
kan gad of deebisu garuu,
ulfina in argata*.
24 Namni hidhata hattuu ta'e of in jibba,
kakatee dhugaa akka ba'uuf in gaafatama,
dhugaa dubbachuudhaaf garuu ija bin jabaatu*.

**20 26:12; Lal 5:1-2; Yaq 1:19*
**22 14:17; 15:18; 22:24*
**23 Far 75:7; Mat 23:12; 1Phe 5:5*
**24 Lew 5:1*

25 Nama sodaachuun kiyyootti nama galcha,
Waaqayyoon amanachuun garuu fayyina*;
26 namoonni baay'een,
bulchaa biyyaatti of mul'isuu in barbaadu,
firdii dhugaan garuu Waaqayyo biraa namaaf kennama.
27 Namni qajeelaan nama jal'aa in ciigga'a,
namni jal'aanis nama yaada qajeelaa in ciigga'a.

**25 Mat 10:28*

Jecha Aguur Ilma Yaaqee

30 1 Jechi kanatti fufee jiru, jecha Aguur ilma Yaaqee isa nama biyya Maasaa ti;
namni kun Itii'elitti,
Itii'elii fi Ukaalitti dubbateera;
2 inni, "Ani nama hundumaa irra gowwaa dha,
hubannaa namni qabus hin qabu;
3 ogummaa tokko illee hin barre,
waa'ee isa qulqullaa'aa raawwadhee
homaa hin beeku*;
4 eenyutu gara bantii waaqaa dhaqee deebi'ee immoo dhufe?
Eenyutu qilleensa aboottee isaa keessatti walitti qabe?
Eenyutus bisbaanitti uffata maree ittise?
Eenyutu daarii lafaa hundumaa jabeessee dhaabe?

Eenyu maqaan isaa, eenyu
maqaan ilma isaas?
Beekta yoo taate anatti himi*!
3 9:10
4 Iyo 38:28-34

5 "Dubbiin Waaqayyoo hundinuu
dhugaa ta'uun isaa
amansiiseera,
inni warra isatti kooluu galan
hundumaaf gaachana*.
6 Inni akka si hin ifannetti,
akka si hin sobsiifnettis,
dubbii isaatti waa hin
dabalin!" jedhe*.
5 Far 12:6; 18:30
6 Kes 4:2

Itti Dabalee Fakkeenyaan Dubbachuu Isaa

7 Yaa Waaqayyo, ani waan
laman si kadhadha,
hamman jirutti isaan
ana hin dhowwatin!
8 Dubbii waa'ee hin baafnee fi
dubbii sobaa anattii fageessi,
soora har'aa-borii anaaf kenni
malee,
na hin badhaasin, na hin
deegsinis!
9 Ani quufee akkan si hin
wallaalletti,
"Waaqayyo eenyu inni?"
akka ani hin jennetti,
yookiis immoo hiyyoomee,
hatee maqaa Waaqayyo kootii
akka ani hin salphifne
anaaf godhi*!
8-9 1Xim 6:8-10; Bau 5:2

10 Hojjetaan akka si bin abaarretti,
ati immoo rakkinatti akka hin
galletti,
gooftaa isaatti isa hin hamatin!

11 Abbaa isaanii kan abaaran,
haadha isaaniis kan hin jajanne
jiru;
12 xurii isaaniittii utuma hin
qullaa'in,
qullaa'oo kan of se'an jiru*;
13 warri waan guddaatti of ilaalan,
nyaara isaaniitiinis of tuuluu
isaanii
kan mul'isan jiru;
14 warri hiyyeessa nyaatanii lafa
irraa balleessuudhaaf,
warra wanta barbaachisaa
dhabanis
namoota gidduudhaa badduu
baasuudhaaf
ilkaan isaanii akka billaa
qaramaa,
ha'oon isaaniis akka haaduu
kan ta'e jiru*.
12 20:9
14 Far 14:4

15 Dhulaandhulli intaloota
"Warra kenni! Kenni!"
jedhanii iyyan lama qabdi;
"Quufe" kan hin jenne
wanta sadiitu jira,
inni afuraffaan immoo "Na
ga'a"
jechuu hin beeku;
16 isaanis, iddoo lafa jalaa,
gadameessa dhala hin godhatin
hafe,
lafa gogaa jiidha of keessaa hin
qabnee fi
ibidda, "In ga'a" jedhee hin
beeknee dha*.
16 27:20

17 Nama abbaa isaatti ga'isuu fi
abboommii haadha isaa tuffatu,
qurruun gammoojii ija isaa
isa keessaa haa baasu,
foggis isa haa nyaatu*!
18 Wanti ana dinqan sadiitu jira,
isa afuraffaa immoo hubachuu
iyyuu hin danda'u;
19 isaanis, karaa joobirri
qilleensa keessa balali'u,
karaa bofni kattaa irra adeemu,
karaa markabni galaana irra
adeemuu fi
karaa dargaggeessaa fi
dargaggeettiin
wal jaallatanii dha.
17 1:8; 19:26; 20:20; 23:22

20 Dubartii ejjituun,
akka ishee nyaattee afaan ishee
haxaa'attee,
"Ani homaa hin balleessine"
jettuu ti;
karaan dubartii ejjituu
kan akkasii ti.

21 Wanta sadiitu lafa sochoosa,
isa afuraffaa immoo danda'ee
iyyuu hin baatu.
22 Isaanis, garbicha mootii ta'e,
gowwaa quufe,
23 haftuu abbaa manaa argattee fi
xomboree iddoo giiftii isheetii
fudhattee dha*.
21-23 Lal 10:5-7

24 Uumamni bifaan xixinnoo ta'anii,
baay'ee immoo ogeeyyii ta'an
afurtu lafa irra jira;
25 mixiin uumama dadhabduu dha,
garuu nyaata ishee bona walitti
in qabatti*;
26 osoleenis uumama
humna hin qabnee dha,
garuu kattaa keessatti in galti;
27 hawaannisi mootii hin qabu,
garuu wal gurmeessee in
adeema.
28 Loccuun barruudhaan looti,
garuu keenyan mana moototaa
irratti iyyuu in argamti.
25 6:6-8

29 Wanti adeemsa tolu sadiitu jira,
inni afuraffaan immoo
simboo ulfina isaatiif ta'u qaba;
30 leenci bineensota
hundumaa keessaa jabaa dha,
wanta hundumaa irraas hin
deebi'u;
31 kormaa indaanqoo fi korbeessii
reettii
of bokoksee asii fi
achi naanna'uu fi
mootii macca isaa of
naannessee adeemuu dha.

32 Gowwoomtee, yoo ol
ol of qabde,
yookiis garaa kee keessatti
hamaa yoo yaadde,
afaan kee qabadhu!
33 Aannan raasuun dhadhaa baasa,
jabeessanii furrii baafachuun
nama dhiigsa;
rattuqanii nama aarsuun
lola in kaasa.

Gorsa Moototaaf Kenname

31 1 Jechi kanatti fufee jiru,
isa haati Lemu'el mootii
Maasaa
ittiin isa gorsitee dha*;
2 yaa ilma ko, yaa dhala dhabaa,
yaa ilma ani wareegaan
godhadhee!
Maaluma sitti bimu ree?
3 Ati humna kee dubartootatti hin
dhangalaasin!
Jireenya kees dubartoota
mootota balleessanitti
gad hin dhiisin*!
1 30:1
3 Kes 17:17; 1Mot 11:1,4

4 Moototaaf hin ta'u! Yaa Lemu'el,
mootonni daadhii waynii
dhuguutti
of gad dhiisuun hin ta'u!
Gurguddoonni biyyaas
dhugaatii nama macheessu
hawwuun gaarii miti*.
5 Isaan yoo dhugan,
wanta seerri jedhu in irraanfatu;
firdii ijoollee hiyyeessaas in
jal'isu.
6 Dhugaatiin nama macheessu
nama badiisatti dhi'aateef,
daadhiin wayniis
nama jireenyi itti hadhaa'ee
kennama.
7 Namni akkasii dhugee hiyyuma
isaa haa irraanfatu,
gadadama isaas deebi'ee hin
yaadatin!
4 20:1

8 Ati warra ofii isaaniitiif
dubbachuu hin dandeenyeef
dubbadhu!
Warra abbaan irra bin jirreefis
dhugaa isaanii cegiif*!
9 Isaaniif dubbadhu,
firdii qajeelaas isaaniif kenni!
Warra hiyyeessotaa fi
warra wanta barbaachisaa
dhabaniif falmi!
8 Iyo 29:12

Haadha Manaa Qabaa Mana Isheetli Beektu

10 Haadha manaa mana ishee qabuu
dandeessu,

eenyutu argachuu danda'a ree?
Isheen callee gati-jabeessa
hundumaa irra
guddaa in caalti*;
11 abbaan manaa ishee ishee in
amanata;
qabeenyis isatti hin hir'atu.
12 Bara jireenya ishee hundumaatti,
wanta gaarii gootiif malee,
wanta hamaa isa irratti hin
hojjettu;
13 isheen rifeensaa fi quncee talbaa
barbaaddee,
dhimmitees uffata in dhoofti.
14 Markaboonni naggaadotaa,
biyya fagoo dhaqanii akkuma
mi'a fidan,
isheenis biyya fagootii nyaata
ishee in fidatti.
10 18:22

15 Isheen ganama
utuu lafti hin bari'in kaatee,
maatii isheetiif nyaata in
kenniti,
xomboreewwan isheettis
hojii hojii isaanii in argisiifti.
16 Isheen qortee ilaaltee
lafa in bitatti;
horii itti dadhabdee argatteenis
biqiltuu waynii in dhaabbatti.
17 Mudhii ishee jabeessitee in
hidhatti,
irree ishee cimsattees in
hojjetatti.
18 Hojiin ishee bu'aa akka qabu in
ilaalti,
ibsaan ishees halkan hin
dhaamu;
19 muka itti jirhii maran
harka isheetti in baatti,
qubbeetii isheetiin immoo calii
in qabatti.

20 Isheen hiyyeessaaf in arjoomti,
dhabaadhaafis garaa in laafti;
21 maatiin ishee uffannaa dhaamocha
nama irraa ittisu
waan qabaniif,
yommuu alaa cabbii buusee roobu
maatii isheetiif hin yaaddoftu;
22 isheen uffata siree in dha'atti,
uffata calaqqisaa,
quncee talbaa ba'eessa irraa
dha'ames in uffatti.
23 Abbaan manaa ishee jaarsolii
biyyaa wajjin,
yaa'ii karra mandaraa keessa
yommuu taa'u ulfina qaba;
24 isheen quncee talbaa irraa
uffata dhooftee in gurgurti,
naggaadotattis sabbata in
gurgurti;
25 humnaa fi ulfina
akka uffataatti in uffatti;
yeroodhuma dhufuttis in
gammaddi.
26 Dgummaadhaan in dubbatti;
barsiifni gaariinis
afaan ishee keessaa in ba'a.
27 Isheen yeroo hundumaa
jireenya maatii isheetii in eegdi,
utuu hin hojjetinis
akkasumaan buddeena hin
nyaattu.

28 Ijoolleen ishee lafaa ka'anii
"Eebbifamtuu!" jedhanii
ishee in waamu,
abbaan manaa ishee immoo
ishee jajatee,
29 "Dubartoota baay'eetu
wanta ba'eessa hojjeta,
ati garuu hunduma isaanii in
caalta"
isheedhaan in jedha.
30 Simboon nama irraa in darbiti
miidhaginnis nama in
gowwoomsiti,
dubartiin Waaqayyoon sodaattu
garuu in jajamti.
31 Gatii ija hojii isheetii isheedhaaf
kennaa!
Hojiin ishee yaa'ii karra
mandaraa keessatti ishee
haa jaju!

Macaafa Lallabaa

Wanti Hundinuu Kan Waa'ee Hin Baafne Ta'uu Isaa

1 1 Dubbiin kanatti aanee jiru kan
ilma Daawit mootii Yerusaalem
isa lallabichaa ti*.
2 Lallabichi,
"Wanti hundinuu
kan waa'ee hin baafnee dha,
waa'ee hin baasu! Dhuguma
waa'ee hin baasu!" jedhe*.
1 1:12; Fak 1:1
2 12:8; Far 39:5; 62:9

3 Namni hojii isaa
isa aduu jalatti itti dadhabu
hundumaaf,
bu'aa maalii argata*?
4 Dhaloonni tokko in darba,
dhaloonni biraas in dhufa;
lafti garuu yeroo hundumaaf
dhaabatee in hafa*;
5 biiftuun in baati, in lixxi,
iddoo dhufteettis in ariifatti,
deebitees in baati;
6 qilleensi gara mirgaatti in
qilleensa'a,
gara bitaattis in naanna'a;
naanna'ees gara dur dhufetti in
deebi'a.
7 Lagoonni hundinuus gara
galaanaatti in yaa'u,
galaanichi garuu hin guutu;
lagoonni sunis gara dhufanitti in
deebi'u,
achiis deebi'anii in yaa'u.
3 2:11,18-22; 3:9; 5:15
4 Far 90:3

8 Wanti hundinuu
hamma namni isa dubbachuu
dadhabutti,
nama dadhabsiisa;
iji argun hin quufu;
gurris dhaga'uudhaan hin
guutu*;
9 wanti dur ta'ee ture
ammas ta'uuf jira;
wanti dur godhamee ture,
ammas godhamuuf jira;
wanta aduu jala jiru keessaa
wanti haaraan tokko illee
hin jiru.
10 Wanti namni,
"Ilaa! Wanta haaraa kana"
jechuu danda'u jiraa?
Wanti kun baroota
warra bara keenya dura turan
keessa kan ta'ce dha;
11 wanti darbe hin yaadatamu,
warri si'achi dhufanis
wanta ta'uuf jiru hin yaadatan.
8 Fak 27:20

12 Ani lallabichi Yerusaalemitti
mootii Israa'elin ture*;
13 ani wanta waaqa jalatti hojjetame
hundumaa
ogummaadhaan qoree
ilaaluudhaaf
itti nan yaade;
ilmaan namootaa akka
itti dhama'aniif
Waaqayyo hojii rakkisaa kana
kenneef*.
14 Ani wanta aduu jalatti hojjetame
hundumaa argeera,
kunoo, wanti hundinuu
waa'ee hin baasu,
akka nama qilleensa ari'uu tis*.
15 Wanti micciiramaan
qajeeluu hin danda'u,
wanti hin jirres lakkaa'amuu
hin danda'u*.
12 Fak 1:1
13 3:10; 8:16-17
14 2:11; 4:4
15 7:13; Fak 27:22

16 Ani, "Kunoo, ani warra ana dura
Yerusaalem irratti mootii turan
hundumaa caalaa,
nama guddaa ta'eera,
ogummaas baay'ifadheera"
jedhee garaa kootti nan yaade*.
17 Ogummaa, maraatummaa,
gowwummaas
gargar baasee beekuudhaaf
itti nan yaade,
kunis immoo akka nama
qilleensa ari'uu
akka ta'e nan hubadhe*;
18 ogummaa baay'ee kcessa aarii
guddaatu jira,
kan beekumsa dabalatus mataa
dhukkubbii dabalata.
16 2:9; 1Mot 5:9-14
17 2:12; 8:16-17; 7:25

Qannootti Jiraachuun Kan Waa'ee Hin Baafne Ta'uu Isaa

2 [1] Ani ofii kootii, "Mee dhaqcen
gammachuu qoree, wanta gaariis
ilaala!" jedbee nan ka'e; kunoo, kunis
immoo wanta waa'ee hin baafnee dha*;
[2] "Kolfi maraatummaa dha, gamma-
chuunis maal namaaf godha?" nan
jedhe*; [3] daadhii wayniitiinis namum-
maa koo gammachiisuu nan yaade,
yaadni garaa koo garuu amma iyyuu
ogummaadhaan na geggeessaa jira; ani
gowwaa fakkaadhee ilmaan namootaa
bara muraasa itti biyya lafa irra jiraa-
tan kanatti wanta gaarii gochuun isaa-
niif ta'u arguu barbaadeen ture*.
**1 2:3,10-11,24-25*
**2 Fak 14:13*
**3 Fak 20:1; 23:29-35; 31:4*

4 Ani hojii koo nan bal'ifadhe; man-
neen nan ijaarradhe, mukkeetii wayniis
nan dhaabbadhe; [5] iddoo dhaabaa nan
tolfadhe, mukkeetiis nan dhaabbadhe;
mukkeetii ija garaa garaa godbatanis
achi keessa nan dhaabe. [6] Mukkeetiin
caakkicha keessaa akka ittiin obaafa-
maniifis kuufama bishaanii achitti nan
tolche. [7] Garboota dhiiraa fi dubartii
nan bitadhe, garboonni manatti dhala-
tanis jiru; warra ana dura Yerusaalem
keessa jiraatan caalaa saawwan baay'ee
fi bushaayee baay'ee qabaadheera*.
[8] Meetii, warqee, badhaadhummaa
mootonnii fi warri kutaa biyya garaa
garaa bulchan qabaatanis walitti qaba-
dheera; faarfattoota dhiiraa fi dubartii
akkasumas saajjatoota ilmaan namoo-
taa itti gammadan baay'een qaba*.
[9] Warra ana dura Yerusaalem keessa
jiraatan caalaas guddadheera, ogum-
maan koos anuma biratti hafe*.

[10] Wanta iji koo bawwe hundumaa
ani bin dhowwanne,
garaa koos gammaduu irraa hin
dhowwine;
wanta ani itti dadhabe
bundumaatti
garaan koo in gammada,
wanta ani itti dadhabe
hundumaa keessaa,
kun qooda koo ture.
[11] Garuu wanta harki koo hojjetee fi
wantan itti dadhabe bundumaa
garagalee yommuun ilaalu,
wanti kun hundinuu
waa'ee bin baasu,
akka nama qilleensa ari'uu tis;
aduu jala wanti bu'aa qabu hin
jiru*.
**7 1Mot 5:3; 8:63*
**8 1Mot 5:1; 10:14-22; 2Sam 19:36; 1Mot 11:3*
**9 1:16; 1Mot 10:23; 1Sen 29:25*
**11 1:3*

[12] Ani kana irratti ogummaa,
maraatummaa,
gowwummaas deebi'ee
ilaaluutti nan ka'e;
namni, mootii tokko
booddeedbaan mootii
ta'uuf jiru,
isa dur hojjetame irra kan caalu
maal hojjechuu danda'a ree*?
[13] Egaa ifni dukkana irra akkuma
caalu,
akkasuma ogummaan
gowwummaa irra caaluu
isaa nan arge;
[14] namni ogeessi yaada
guutnudhaan in arga,
namni gowwaan garuu,
dukkana keessa deddeebi'a;
wanti lacbuu isaaniitti dhufu
garuu
tokkicbuma akka ta'e
hubadheera*.
[15] Egaa, "Wanti nama gowwaatti
dhufu
anattis in dhufa erga ta'ee,
maaliifan ogeessa ta'e ree?"
jedheen garaa kootti yaade;
kana irrattan,
"Kunis immoo wanta
waa'ee bin baafnee dha" jedhe.
[16] Seenaan nama ogeessaa
seenaa nama gowwaa irra
caalee
bara baraan bin yaadatamu;
baroonni yommuu darban
hundumti isaa in irraanfatama;
namni ogeessi attamitti
akkuma nama gowwaatti du'a
ree*!
[17] Wanti aduu jalatti hojjetamu waan na
gaddisiiseefan jireenya jibbe; wanti
hundinuu waa'ee hin baasu, akka nama
qilleensa ari'uu tis.
**12 1:17*
**14 9:2-3; Iyo 9:22*
**16 Far 49:10*

18 Nama isa na booddee dhufuuf
dhiisuun giddii waan anatti ta'uufan

wantan aduu jalatti itti dadhabee hojje-
dhe hundumaa jibbe; [19] namichi sun
nama ogeessa yookiis gowwaa ta'uu
isaa eenyuu beeka? Garuu inni wanta
ani aduu jalatti itti dadhabee ogummaa-
dhaan hojjedhe irratti gooftaa in ta'a;
kunis immoo wanta waa'ee hin baafnee
dha*. [20] Kanaafan wanta harki koo aduu
jalatti itti dadhabe bundumaaf deebi'ee
garaa kutadhe; [21] namni tokko ogum-
maa, beekumsaa fi harka-tolinaan wanta
itti dadhabee hojjete bundumaa nama
isa bin hojjetiniif dhiisuun giddii itti in
ta'a; kunis immoo wanta waa'ee hin
baafnee dha, guddaas nama in gaddisii-
sa; [22] namni wanta aduu jalatti itti da-
dhabec, garaa isaatiinis itti dhama'u
hundumaa keessaa maal argata? [23] Barri
isaa hundinuu dhiphinaan, wanti iuni itti
dadhabus gaddaan guurnu dha; balkan
illee yaadni isaa boqonnaa hin qabu;
kunis immoo wanta waa'ee hin baafnee
dha*.
**18-19 2:21; 6:2; Far 39:6*
**22-23 5:16; 8:16-17; Iyo 7:1-2*

24 Namni nyaatee, dhugee, wanta
hojjetettis gammaduun isaaf gaarii dha
mitii ree? Kunis immoo barka Waaqay-
yoo keessaa akka dhufu nan arge;
[25] Waaqayyo biraa yoo ta'e malee, ee-
nyuun nyaachuu yookiis gammaduu dan-
da'a ree*? [26] Waaqayyo nama isa duratti
gaarii ta'eef ogummaa, beekumsa, gam-
machuus in kenna; isa namni cubbamaan
walitti qabee tuule garuu, Waaqayyo
nama isa duratti gaarii ta'eef akka inni
kennu in godha; kunis immoo wanta
waa'ee hin baafnee dha, akka nama
qilleensa ari'uu tis*.
**24-25 3:12-13,22; 5:17-18; 8:15; 9:7-9*
**26 Iyo 27:16-17; Fak 13:22*

Wanti Hundinuu Yeroo Qabaachuu Isaa

3 [1] Wanti hundinuu yeroo qaba,
wanti bantii waaqaa jala jiru
hundinuu yeroo qaba*;
[2] dhalachuun yeroo qaba,
du'uunis yeroo qaba;
dhaabuun yeroo qaba,
isa dhaabame buqqisuunis
yeroo qaba*.
[3] Ajjeesuun yeroo qaba,
fayyisuunis yeroo qaba;
diiguun yeroo qaba,
ijaaruunis yeroo qaba.
**1 3:17; 8:5-6; 9:11-12*
**2 7:17; Iyo 5:26*

[4] Boo'uun yeroo qaba,
kolfuunis yeroo qaba;
gadduun yeroo qaba,
sirbuunis yeroo qaba;
[5] dhagaa bittimsuun yeroo qaba,
dhagaa walitti qabuunis yeroo
qaba;
ammachuun yeroo qaba,
ammachuu dhiisuunis yeroo
qaba;
[6] barbaaduun yeroo qaba,
barbaaduu dhiisuunis yeroo
qaba;
kaa'uun yeroo qaba,
gatnunis yeroo qaba;
[7] baqaqsuun yeroo qaba,
hodhuunis yeroo qaba;
calluma jechuun yeroo qaba,
dubbachuunis yeroo qaba*;
[8] jaallachuun yeroo qaba,
jibbuunis yeroo qaba;
loluun yeroo qaba,
nagaa buusuunis yeroo qaba*.
**7 Fak 15:23*
**8 9:1*

9 Namni wanta itti dadhabee hojjetu
irraa bu'aa maalii argata*? [10] Ilmaan
namootaa akka itti dhama'aniif dadhab-
bii Waaqayyo isaan irra kaa'e argeera*;
[11] Waaqayyo wanta hundumaa yeroo
isaatti miidhagsee uumeera, bawwii
wanta bara dheeraa booddee ta'u bee-
kuus yaada ilmaan namootaa keessa
kaa'eera; haa ta'u iyyuu malee, namni
wanta Waaqayyo jalqabaa jalqabee ham-
ma dhumaatti hojjete, beekuu hin dan-
da'u*. [12] Namni bara jireenya isaatti
wanta gaarii hojjetee itti gammaduu irra
kan caalu wanta tokko illee gochuu akka
hin dandeenye nan beeka; [13] namni hun-
dinuu nyaatee, dhugee, wanta itti dadha-
bettis gammaduun kennaa Waaqayyoo
ti*; [14] wanti Waaqayyo hojjetu hundinuu
bara baraan akka jiraatu ani beeka; wanti
isatti dabalamu yookiis isa irraa fudha-
mu tokko illee hin jiru; Waaqayyo namni
akka isa sodaatnuf wanta akkasii kana
hojjete*.
**9 1:3*
**10 1:13*
**11 7:14; 8:17*
**12-13 2:24-25*
**14 6:10*

15 Wanti amma jiru isuma
dur turee dha,
wanti si'achi ta'us isuma dur
ta'ee turee dha;
Waaqayyo isuma darbe
deebisee in fida*.
15 1:9

Jal'ina Blyya Lafaa Irra Jiru Arguu Isaa

16 Ammas ani aduu jalatti,
qooda firdii qajeelaa, jal'ina,
qooda qajeelinaas
micciiramummaa nan arge;
17 ani, "Waaqayyo warra qajeelota,
warra jal'ootas gara firdiitti in
fida;
wanti hundinuu, hojiin hundinuus
yeroo qaba" jedhee, garaa koo
keessatti nan yaade*.
17 3:1

18 Ilmaan namootaa immoo, "Ofii isaaniitii akka bineensotaa akka ta'an haa arganiif Waaqayyo isaan qora" jedhee, garaa kootti nan yaade. 19 Wanti namatti dhufuu fi wanti bineensatti dhufu tokkichuma; akkuma inni tokko du'u inni kaanis in du'a; hundumti isaanii hafuuruma tokko qabu; namni bineensa irra hin caalu; wanti hundinuu waa'ee hin haasu*.
19 Far 49:12,20

20 Hundumti isaanii gara iddoo tokkoo in dhaqu; hundumti isaanii biyyoo irraa dhufan, gara biyyoottis in deebi'u*; 21 hafuurri namaa gara olii akka dhaqu, hafuurri bineensaas lafa keessa akka gad dhaqu eenyutu beeka?
20 12:7; Uma 2:7; 3:19; Iyo 34:14-15; Far 103:14; 104:29; 146:4

22 Namni wanta itti dadhabetti gammaduun ga'aa isaa waan ta'eef, wanti kana irra caalu akka hin jirre argeera; wanta isa booddeedhaan ta'uuf jiru akka arguuf eenyutu deebisee isa fiduu danda'a ree*?
22 2:24-25

Cunqurfama Ilmaan Namootaa Irra Jiru

4 1 Ammas immoo cunqurfamuu aduu jalatti ta'aa jiru hundumaa dcchi'ee ilaaluutti nan ka'e;
imimmaan warra
cunqurfamaniis nan arge,
namni isaan jajjabeessu immoo
tokko illee hin jiru.
Humni gara warra isaan
cunqursanii
waan jiruuf,
namni isaan jajjabeessu
tokko illee hin jiru*.
2 Kana irrattan, "Warra hamma
ammaatti jiran irra warra
kanaan dura du'an wayya*;
3 warri hin dhalatin immoo
jal'ina aduu jalatti hojjetamaa
jiru
waan hin arginiif,
isaan kana lamaan irra iyyuu
in wayyu" jedhee yaade*.
1 3:16
2 Iyo 3:20-22
3 6:3-5; Iyo 3:11-19; Er 20:14-18

4 Wanti namni itti dadhabee
harka-tolinaan hojjetu hundinuu
nama keessatti hinaaffaa akka
kaasu nan arge;
kunis immoo wanta waa'ee hin
baafnee dha,
akka nama qilleensa ari'uu tis;
5 namni gowwaan harka isaa
dachaafatee taa'ee,
jireenya ofii isaatii ballcessa*.
6 Rakkinaan itti dadhabanii
harka lama guutuu qabaachuu
mannaa,
gabiitti harka tokko guutuu
qabaachuu wayya*.
5 Fak 6:10-11; 24:33-34
6 Fak 15:16

7 Ammas immoo wanta waa'ee hin
baafne tokko
aduu jalatti nan arge;
8 namni kophaa isaa jiraatu tokko,
ilma yookiis obboleessa
kan hin qabne,
kana hundumaa irratti iyyuu
dadhabbiin isaa
dhuma kan hin qabne,
badhaadhummaa isaatiinis
"Na ga'a" kan hin jenne yoo
ta'e,
namichi kun, "Eenyuufan
dadhabee hojjedha?
Maaliifanis gammachuu of
dhowwa?" in jedha;
kunis immoo wanta waa'ee hin
baafnee dha,
hojii nama gaddisiisuu dhas*.
8 Fak 27:20

9 Wanti lama ta'anii itti dadhabanii
hojjetan
gatii gaarii waan qabuuf,
lama ta'uun kophaa ta'uu irra
in wayya;
10 inni tokko yoo kufe,
hidhanni isaa lafaa isa in kaasa;
nama yommuu kufu
lafaa isa kaasu hin qabneef
garuu wayyoo!
11 Namoonni lama walii wajjin
yoo ciisan,
wal in ho'isu,
nama kophaa isaa ciisutti garuu,
attamitti ho'uu danda'a ree?
12 Namni tokko nama kophaa
adeemu tokko
humna caalee yoo kuffisc,
warri lama ta'anii adeeman
isaan mormuu in danda'u;
fo'aan dachaa sadiin walitti
fo'ame
dafee hin citu.

13 Mootii dulloomaa fi gowwaa isa gorsa namaa hin fudhanne mannaa, mucaa hiyyeessa ogummaa qabu wayya; 14 namichi mana hidhaa keessaa ba'ee mootii ta'ee yookiis hiyyuma isaa isa mo'aa jiru keessatti hiyyeessa ta'ee dhalate ta'a; 15 wanti jiraatanii aduu jala deddeebi'an hundinuu, mucicha isa mooticha booddeedhaan dhufu duukaa akka bu'an nan arge; 16 namoota lakkoobsa hin qabne bulchaa kan ture yoo ta'e iyyuu, warri booddeedhaan dhufan immoo isatti hin gammadan; kunis immoo dhuguma wanta waa'ee hin baafnee dha, akka nama qilleensa ari'uu tis.

Waaqayyoon Sodaachaa Akka Jiraatau Barsiisuu Isaa

5 1 Mana Waaqayyootti yommuu ol lixxu miilla kee eeggadhu! Dhaga'uudhaaf ol lixi! Dhaga'uun aarsaa isa warri gowwoonni dhi'eessan irra in caala; isaan waan hamaa akka hojjetan iyyuu hin beekan*.
2 Afaan keetiin hin ariifatin,
Waaqayyo duratti waa
dubbachuudhaafis
yaadaan hin jarjarin!
Waaqayyo waaqa irra jira, ati
garuu
lafa irra jirta,
kanaaf dubbiin kee muraasa
haa ta'u*!
3 Baay'inni hojii abjuu namatti fida,
haasaan nama gowwaa dubbii
baay'inaan beekama*;
4 Waaqayyoof wareega yommuu
wareegdu
dafii raawwadhu!
Inni warra gowwootatti hin
gammadu
waan ta'eef,
ati immoo akka warra gowwootaa
utuu hin ta'in
wanta wareegde raawwadhu*!
1 1Sam 15:22; Fak 15:8; Hos 6:6; Far 40:6-8; Isa 1:10-20
2 Mat 6:7; Yaq 1:19
3 10:14; Fak 10:19
4 Kes 23:21-22; 1Sam 1:11,28; Far 50:14

5 Isa wareegdu raawwachuu dhiisuu irra, wareeguu dhiisuu siif wayya;
6 arrabni kee wanta cubbuutti si geessu akka hin dubbanneef of eeggadhu! Ergamaa durattis, "Wanta kana utuun hin beekinan godhe" hin jedhin! Maaliif dubbii keetiin Waaqayyoon dhcekkamsiiftee hojii harka keetii akka inni ballecssu goota?

7 Abjuu baay'ee fi dubbii baay'ee keessa wanta waa'ee hin baafne baay'eetu jira, ati garuu Waaqayyoon sodaadhu*!
7 12:13; Er 23:27-28

Badhaadhummaa Amanachuun Waa'ee Kan Hin Baafne Ta'uu Isaa

8 Hojjetaan mootummaa inni isa tokko gararraa jiru, isa isaa gadii in cega, isaan lamaan gararraa kan jirus isaan in eega waan ta'eef, kutaa biyya tokkoo keessatti hiyyeessota cunqurfamanii, firdii qajeelaanii fi wanti isaaniif ta'u isaan irraa fudhatame yoo argite hin dinqisiifatin*! 9 Gara kamiin iyyuu taanaan bu'aan biyya tokkoo mootii qabaachuu ishee ti; mootichis lafti qotamu nagaatti akka eegamu in godha.
8 Bau 23:6

10 Namni horii jaallatu horii hin
quufu,
namni badhaadhummaa jaallatus
isa hin quufu;
kunis wanta waa'ee hin baafne
dha*;
11 qabeenyi yommuu baay'atu,

warri isa nyaatanis in baay'atu;
inni hore garuu ija isaatiin
ilaaluu malee
maal bu'aa qaba?
12 Namni hojjetaan muraasa nyaatus
baay'ee nyaatus,
hirriba gaarii qaba;
baay'inni qaheenyaa garuu
hirriba nama dhowwa.
*10 Luq 12:15

13 Wanti hamaan ani aduu jalatti
arge tokko immoo,
isa namni badhaadhummaa
tuulee deebi'ee
ittiin miidhamuu dha*;
14 badhaadhummaan sun garuu,
gar-malee ittiin hojjetamee in
bada;
namichi immoo yeroo itti ilma
godhatutti
harka isaa duwwaa in hafa.
15 Qullaa isaa garaa haadha isaa
keessaa akkuma ba'e,
akkasuma qullaa isaa biyyootti
in deebi'a;
wanta itti dadhabe keessaa
tokko illee
harkatti qabatee hin deebi'u*.
*13 Mat 19:22
*15 Iyo 1:21; Far 49:17; 1Xim 6:7

16 Wanti akkasii kun baay'ee
kan nama gaddisiisuu dha;
akkuma dhufetti akkasumatti
immoo biyyootti in deebi'a;
17 wanti inni itti dadhabee hojjete
akka waan qilleensi fudhatee
erga ta'ee,
kun maal bu'aa qabaaf ree*?
Inni bara jireenya isaa hundumaa
dukkana keessa in jiraata;
gaddi guddaan, dhukkubni,
aariinis isatti in dhufa*.
*16 1:3
*17 2:22-23

18 Kunoo, namni bara jireenya isaa
ishee muraasa Waaqayyo lafa irratti
kenneef kana keessatti nyaatee, dhu-
gee, wanta itti dadhabe hundumaattis
gammaduun, wanta gaarii fi miidhagaa
ta'e nan arge; qoodni isaas kanuma.
19 Waaqayyo badhaadhummaa fi qabee-
nya namaaf kennee, akka namni ga'aa
isaa fudhatee, wanta itti dadhabetti
gammadu gochuun kennaa isaa ti*;
20 Waaqayyo gammachuu garaa isaaf
waan kennuuf, namni bara jireenya
isaatii badhaadhuma iyyuu hin yaada-
tu.
*18-19 2:24-25; Far 73:26

Qabeenyi Amanslisa Kan Hin Qabne Ta'uu Isaa

6 1 Wanta hamaa namoota duratti
mul'ataa ta'e tokko, ani aduu ja-
latti argeera; 2 Waaqayyo nama tokkoof
qabeenya, badhaadhummaa, ulfinas in
kennaaf; namichi kun wanta jireenya
isaatiif barbaachisu keessaa tokko illee
kan itti hir'atu hin jiru; garuu ormatu
qabeenya isaa nyaata malee, Waaqay-
yo akka inni qabeenya ofii isaatii
nyaatu isa hin goone; kunis wanta
waa'ee hin baafnee dha, dhukkuba
hamaa dhas*. 3 Namni tokko ijoollee
dhibba iyyuu godhatee, bara baay'ees
yoo jiraate, garuu wanta gaarii jireenya
isaatti argatutti hin gammadu yoo ta'e,
awwaalas bin argatu yoo ta'e, ani,
"Nama akkasii irra isa iddoo hin ga'in
dhalatee balleeffame wayya" nan je-
dha; 4 inni iddoo hin ga'in dhalatee
balleeffamu, kan waa'ee hin baafnee
dha; dukkanaan dukkanatti in darba,
maqaan isaas deebi'ee hin dha'amu.
5 Aduu hin argine, hin beeknes; kanaaf
inni iddoo hin ga'in dhalatee balleeffa-
me nama sana caalaa boqonnaa qaba*;
6 namichi sun bara kuma lama iyyuu
jiraatee wanta gaarii hin argine yoo
ta'e, lachanuu iddoodhuma tokko dha-
qu mitii ree?
*2 2:18-19; Luq 12:20
*3-5 4:3

7 Itti dadhabee hojjechuun namaa
hundinuu
qoonqoodhuma isaatiif;
kanuma keessaa iyyuu
fedha isaa utuu hin guuttatin in
hafa.
8 Namni ogeessi nama gowwaa
caalaa
maal bu'aa qaba?
Namni deegaan namoota gidduu
akka itti jiraatu beekuun isaa
maal bu'aa qabaaf?
9 Wanta argachuudhaaf yaadaan
jooran irra,
wanta of biratti argatan wayya;

kunis immoo wanta waa'ee hin
baafnee dha,
akka nama qilleensa ari'uu tis.
10 Wanti amma jiru duruma maqaa
kanaan moggaafame,
namni maal akka ta'e duruma
beekame;
namni isa isa caaluun mormuu
akka hin dandeenyes beekamaa
dha*.
11 Dubbiin yommuu baay'atu
wanta waa'ee hin baafnetu
baay'ata;
isa keessaas namni
maal bu'aa argata?
12 Namni bara jireenya isaa isa
waa'ee hin baafne, isa
gabaabaa isa akka
gaaddisaa darbu kana
keessa utuu jiruu, wanta
isaaf gaarii ta'e eenyutu
beeka? Erga inni du'ee
wanta aduu jalatti si'achi
ta'uuf jirus eenyutu isatti
bimuu danda'a*?
*10 3:14; Iyo 9:2-4,32
*12 3:22; 1Sen 29:15; Far 144:4

Ogummaan Waa'ee Baasu Isa Kam Akka Ta'e Himuu Isaa

7 1 Urgooftuu gaarii irra, maqaa
gaarii wayya;
guyyaa dhalatan irra,
guyyaa du'an wayya*;
2 mana cidhaa dhaquu mannaa,
mana gaddaa dhaquu wayya;
duuni dhuma nama hundumaa ti,
warri jiranis garaa isaaniitti
isa in yaadatu;
3 kolfuu irra gadduu wayya;
fuulli namaa yommuu gaddu
garaan namaa in gammada;
4 garaan warra ogeessaa mana
gaddaa jira,
garaan warra gowwootaa garuu
mana gammachuu jira;
5 faarfannaa warra gowwootaa
dhaggeeffachuu irra,
ifata nama ogeessaa
dhaggeeffachuu wayya;
6 kolfi nama gowwaa akka qoraattii
xuwwee jalaa xaaxa'uu ti;
kunis wanta waa'ee hin
haafnee dha.
*1 Fak 22:1

7 Wanti doorsisaan argamu
nama ogeessa in maraacha,
gabbarsuunis amala namaa in
balleessa*;
8 jalqaba gaarii irra, dhuma gaarii
wayya;
nama of korsu irra,
nama obsu wayya;
9 aariin bobaa gowwootaa jala
waan hoqotuuf,
ati daftee hin aarin!
*7 Bau 23:8

10 "Baroonni darban maaliif baroota
ammaa irra wayyu?"
jettee hin gaafatin!
Gaaffiin akkasii
gaaffii nama ogeessaa miti.
11 Ogummaan qabeenyaa wajjin
gaarii dha;
warra lafa irra jiraataniif
hu'aa qabdi;
12 akkuma horiin nama golgu,
akkasuma ogummaan
nama in golgiti;
caalaatti immoo ogummaan
jireenya warra ishee argatanii
nagaatti in eegdi*.
*11-12 Fak 3:14-18; 16:16

13 Wanta Waaqayyo hojjete mee
ilaali!
Kan inni dabse, eenyutu
qajeelchuu danda'a ree*?
14 Namni wanta isa booddeedhaan
ta'uuf jiru hin beeku;
kanaafis ati bara gaariitti
gammadi!
Barri hamaan yoo dhufe immoo,
Waaqayyo isa kana, isa sanas
akka uume yaadadhu*!
*13 1:15
*14 3:11; Iyo 2:10

15 Ani bara jireenya koo
isa waa'ee hin baafne kana
keessa
wanta baay'ee argeera;
namni qajeelaan tokko
utuma qajeelaa ta'ee jiruu in
bade,
namni jal'aan tokko immoo
utuma jal'aa ta'ee jiruu
bara dheeraa in jiraate*;
16 maaliif nama qajeelaa fi nama
ogeessa

keessa-ba'aa taatee of
balleessita*?
17 Maaliif nama jal'aa fi nama
gowwaa
keessa-ba'aa taatee,
yeroo kee malee duuta*?
18 Wanta tokko yommuu qabattu,
isa kaanis lafa hin buusin!
Namni Waaqayyoon sodaatu,
qabaa wanta hundumaa heeka*.
15 8:14; Far 73:12-14
16 2:15
17 3:2
18 12:13

19 Wanta hulchitoonni kudhan
mandara tokkoof hin hojjenne,
ogummaan nama ogeessa
tokkoof hojjetti*;
20 haa ta'u iyyuu malee, namni
qajeelaan
yeroo hundumaa wanta gaarii
hojjetu,
cubbuus kan hin hojjenne
lafa irra hin jiru*.
21 Si ahaaruu hojjetaa keetii
haasaa keessa akka hin
dhageenyetti,
wanta namni dubbatu
hunduma isaa yaadaan hin
qahin!
22 Atis si'a haay'ee nama akka
arrabsite
garaan kee iyyuu beeka.
19 Fak 24:5
20 Far 14:3

23 Ani "Wanta kana hundumaa
ogummaadhaan qoree
ogeessa nan ta'a" jedhee,
nan yaade;
garuu ogummaan anattii in
fagaatte;
24 wanta akkas iddoo fagoo jiruu fi
wanta baay'ee gad fagoo ta'e,
eenyutu barbaadee arguu
danda'a?
25 Kanaafan ani yaada koo gara
beekumsaatti,
gara waa qoruutti,
gara ogummaa barbaaduutti,
gara hundee waan hundumaatti,
gara dadhabbii warra
gowwootaa beekuutti,
gara gowwummaa
warra qalbii hin qabnee
hubachuutti deebise.
26 Ani wanta du'a caalaa
hadhaa'u nan arge;
innis dubartii yaadni ishee
akka kiyyoo fi futtaasaa ta'e,
harki ishees akka funyoo
sibiilaa ta'ee dha;
namni Waaqayyo duratti gaarii
ta'e
ishee jalaa in ba'a;
namni cubbamaan garuu
isheedhaan in qahama*.
26 Fak 5:3-6

27 "Kunoo, ani wanta kana
walitti qabaa isaa
argachuudhaaf,
tokko tokkoon qoree argeera"
jedha lallahichi.
28 Wanta ani barbaadaa ture
amma illee hin arganne;
namoota kuma keessaa
nama yaada qajeelaa qahu
tokko argadheera,
garuu isaan kana hundumaa
keessatti
dubartii yaada qajeelaa qabdu
tokkittii illee hin arganne.
29 Waaqayyo nama yaada qajeelaa
qahu uume;
namoonni immoo yaada haay'ee
warra ofii isaaniitii qopheessan
duukaa bu'uu in barbaadu.
Kunoo, wanta ani qore
hundumaa keessatti
isa kana duwwaan arge.

Akki Itti Waaqayyo Hojjetu Dboksaatti Ta'uu Isaa

8 1 Namni ogeessi
hiikaa wanta kanaa
beekuu danda'u jiraa?
Ogummaan namaa fuula isaa in
ibsaaf,
nyaara isaas in hiikaaf.

2 Ati Waaqayyo duratti mootiidhaaf
waan kakatteef,
wanta inni si abhoomu akka
gootu sin gorsa.
3 Fuula mootii duraa ariitiidhaan
hin adeemin,
inni wanta jaallate gochuu
waan danda'uuf,
duhhii hin taaneefis hin
dhaabatiin*!

4 Mootiin aboodhaan waan
dubbatuuf,
namni, "Ati maaliif kana
goota?"
ittiin jedhu hin jiru;
5 nama abboommii isaa eegutti
wanti hamaan hin dhufu;
garaan nama ogeessaa
yeroo itti waa hojjetanii fi
akka itti hojjetan beeka.
6 Wanti hamaan nama irra ga'ee
yoo itti jahaate iyyuu,
wanti ta'u hundinuu
yeroo itti ta'uu fi
akka itti ta'u qaba*;
7 namni wanta ta'uuf jiru hin
beeku,
yeroo inni itti ta'uuf jirus
eenyutu isatti himuu danda'a*?
8 Namni hafuurri akka hin yaane
abboomuu hin danda'u;
akkasumas namni guyyaa du'aa
irratti
gooftummaa hin qabu;
akkuma yeroo lolaatti
loltuun gad dhiifamuu hin
dandeenye,
wanti hamaan warra isatti
qabaman
gad hin dhiisu.
3 Fak 20:2
6 3:1
7 10:14

9 Ani wanta kana hundumaa
argeera;
wanta aduu jalatti ta'u
hundumaas
qoree bira ga'eera;
yeroon inni tokko
warra kaan irratti mo'ee
isaan miidhus jira.
10 Ergasiis warri hamoonni iddoo qulqullaa'aadhaa gad ba'aa, ol galaa turan akka awwaalaman nan arge; naannoon isaan jal'ina keessatti hojjechaa turanis isaan hin yaadatu; kunis wanta waa'ee hin baafnee dha; 11 adabni warra wanta hamaa hojjetan irra dafee waan hin geenyeef, garaan ilmaan namootaa guutummaatti wanta hamaa hojjechuutti in jabaata*. 12 Namni cubbamaan si'a dhibba hamaa hojjetee hara dheeraa yoo jiraate illee, warri Waaqayyoon sodaachaa fuula isaa dura jiraatan isa caalaa gaariitti akka jiran ani heeka. 13 Namni hamaan garuu Waaqayyoon sodaachaa fuula isaa dura waan hin deddeebineef, hara isaa akka gaaddisaa dheereffachaa hin adeemu*.
11 Iyo 35:15-16; Mil 3:14-15
12-13 Far 37:17-20; 73:17-26; Fak 10:27

14 Wanti waa'ee hin baafne lafa irratti hojjetamu tokko jira; innis, isa wanta namoota qajeelotaaf ta'u warri jal'oonni argatanii, isa warra jal'ootaaf ta'u immoo warri qajeelonni argatanii dha; kunis immoo wanta waa'ee hin baafnee dha*.

15 Namni hara lafa irra jiraatutti nyaatee, dhugee, gammaduu irra kan caalu qannoon waan hin jirreef, ani gammachuu nan jaja; gammachuun kun bara isa Waaqayyo lafa irratti akka namni itti dadhabee hojjetuuf kenneef kana keessatti isa bira kan jiruu dha*.
14 7:15
15 2:24-25

16 Ani ogummaa qoree baruuf, wanta lafa irratti hojjetamus arguuf yaada koo irra kaa'eera; namni kana qoruu barbaadu iji isaa halkanii fi guyyaa hirriba hin argatu; 17 ergasiis ani wanta Waaqayyo aduu jalatti hojjete hundumaa namni tokko illee hubachuu akka hin dandeenye nan arge; namni hamma fedhe illee itti yaadee yoo qore, hiikaa wanta lafa irratti ta'aa jiruu argachuu hin danda'u; namni ogeessi kana kan beeku yoo of se'e iyyuu, qoree bira ga'uu hin danda'u*.
16-17 3:11; 1:13,17; 2:22-23; Isa 55:8-9

Dbumni Nama Hundumaa Tokkicha Ta'uu Isaa

9 1 Ani wanta kana hundumaa garaatti qabadheera, qoreeras; namoonni qajeelonnii fi ogeeyyiin hojii isaanii wajjin harka Waaqayyoo keessa jiru; wanti isaan eeggatu jaalala ta'ee fi jibba ta'ee isaa namni beekuu hin danda'u. 2 Nama hundumaatti isa qajeelaa fi isa jal'aatti, isa gaarii fi isa gadheetti, isa qullaa'aa fi isa qullaa'aa hin ta'initti, isa gaarii fi isa cubbamaatti, isa kakuudhaan dubbii isaa jabeessuu fi isa kakachuu sodaatutti wanta tokkichatu dhufa*.
2 2:14; Iyo 9:22

3 Wanta aduu jalatti hojjetamu bundumaa keessaa inni hamaan isa namoonni hundinuu dhuma tokkicha argatanii dha; kanuma irratti iyyuu garaan ilmaan namootaa hamminaan guutuu dha, bara jiraatan hundumaattis maraatummaan garaa isaanii keessa jira; kana booddee immoo in du'u*.
4 Garuu warra jiraatan gidduu kan jiraatu abdii qaba; leenca du'e irra saree jiru wayya.
**3 8:11-12*

5 Warri jiran akka du'an beeku,
warri du'an garuu waan tokko
iyyuu hin beekan,
gatii dadhabbii isaaniis deebi'anii
hin argatan,
seenaan isaaniis hin yaadatamu;
6 jaalalli isaanii fi jibbi isaanii,
binaaffaan isaaniis egaa
badeera;
wanta aduu jalatti hojjetamu
hundumaattiis
si'achi qooda tokko illee hin
qaban.

7 Waaqayyo amma hojii kee faara
tolaadhaan waan ilaaluuf,
egaa ati dhaqii buddeena kee
gammachuudhaan nyaadhu,
daadhii waynii kees garaa
qulqulluudhaan dhugi*!
8 Yeroo hundaas uffata adii
uffadhu,
mataa kees dhadhaa ejersaa
dibadhu!
**7 2:24-25*

9 Bara jireenya kee isa waa'ee hin baafne hundumaa kana keessatti haadha manaa kee isbee jaallattuu wajjin jireenyatti gammadi! Aduu jalatti isa kanatti akka jiraattuuf Waaqayyotu siif kenne; bara jireenya kee isa waa'ee hin baafne hundumaatti wanta ati aduu jalatti itti dadhabdee hojjetteef qoodni kee isa kana*. 10 Wanta harki kee hojjechuu beeku hundumaa humna kee guutuudhaan hojjedhu! Iddoo lafa jalaa lafa dhaquuf jirtu sana, hojjechuun, itti yaadanii waa qopheessuun, beekumsi, ogummaanis hin jiru.
**9 Fak 5:18-19*

11 Ammas aduu jalatti waan
tokko nan arge;
innis isa fiiganii
nama dura darbuu dadhaban,
lolanii mo'uu dadhaban,
ogeessa ta'anii buddeena
dhaban,
afchaala ta'anii sooromuu
dadbaban,
waa hojjechuu utuma beekanii
jajamuu dadhabanii dha;
isaan kana hundumaattis
yeroon tokkichii fi wanti
tokkichi in dhufa.
12 Namni yeroo kamitti
maal akka itti dhufu
beeku hin jiru;
akka qurxummoonni kiyyootti
galanii qabamanitti,
akka simbirroonni
jigoo jala lixanii qabamanittis,
akkasuma ilmaan namootaa
yeroo hamaa isa dingata
isaan irratti lafa dha'uun in
qabamu*.
**12 8:8*

Ogummaan Akka Waa'ee Baaftu Himuu Isaa

13 Ammas ani aduu jalatti wanta ogummaa guddaa anatti fakkaatu tokko nan arge; 14 innis, mandarri xinnoon namoonni muraasi keessa jiraatan tokko turte; mootii guddaan tokko dhufee lola itti kaasee ishee marsee, wanta ittiin masaraa isbee yaabanis guddisee naannessee itti in ijaare. 15 Namni biyyeessi achi keessa jiraatu tokko immoo ogummaa isaatiin mandarattii badiisa in oolcha ture, garuu namichi hiyyeessi kun achi akka jiru namni tokko illee bin yaadanne; 16 kanaafan, "Ogummaan jabina irra in caalti" jedhe; haa ta'u iyyuu malee, namichi kun hiyyeessa waan ta'eef, ogummaan isaa in tuffatame, dubbii isaas namni dhaga'u hin turre*.
**16 Fak 24:5*

17 Isa namni biyya mo'u
gowwoota gidduu dhaabatee
iyyu
dhaggeeffachuu mannaa,
dubbii ogeessotaa gabiitti
dhaggeeffachuu wayya;
18 ogummaan mi'a waraanaa irra
caalti,
garuu namni cubbamaan
tokkichi
wanta gaggaarii baay'ee in
balleessa.

Waa'ee Ogummaa Fi Gowwummaa Dubbachuu Isaa

10 1 Titiisi urgooftuu dibataa
keessatti yoo duute
foolii isaa akka balleessitu,
akkasuma gowwummaan xinnoon
ishee
ogummaa fi ulfina namaa in
ballecssiti;
2 yaadni nama ogeessaa karaa
qajeelaa irra
isa in buusa,
yaadni nama gowwaa garuu
karaa irraa isa in kaachisa*;
3 namni gowwaan karaa irra
yommuu adeemu iyyuu
waa hubachuu hin danda'u,
gowwaa ta'uu isaas garuma
adeemutti
of irratti in beeksisa.
4 Namni si irratti gooftummaa qabu
yoo sitti dheekkame,
daftee iddoo bojii keetiitii hin
adeemin!
Calluma jechuun
cubbuu baay'ee bambisuu in
danda'a.
**2 2:13-14*

5 Wanta hamaa ani aduu jalatti
arge keessaa
inni tokko irra-daddarbaa isa
warra biyya mo'an biratti ta'uu
dha.
6 Gowwootaaf iddoo guddaa
ulfina-qabeessatu kennama,
badhaadhonni baay'een immoo
iddoo
gara gadii in taa'u;
7 garboonni fardaan utuu
adeemanii,
bulchitoonni biyyaa immoo
akka garbootaa
lafa utuu adeemanii ani
argeera*.
**5-7 Fak 30:21-23*

8 Namni boolla namaaf qotu
ofuma isaatii keessatti in kufa;
nama keenyan diigu bofni in
idda*;
9 nama dhagaa yaasu, dhagaan in
miidha;
nama muka falaxu,
mukti in miidha.
**8 Far 7:15; Fak 26:27*

10 Qottoon doome yoo qaramuu
dhaabaate,
humna baay'ee in fixa;
ogummaan garuu hojii namaaf
in hisachiisa.
11 Bofni utuu hin dawweeffamin
yoo nama iddite,
namichi inni bofa dawweessu
bu'aa hin argatu*.
**11 Far 58:4-5*

12 Dubbiin afaan nama ogeessaa
keessaa ba'u,
namatti in tola;
namni gowwaan garuu,
arrabuma isaatiin of in
balleessa.
13 Gowwummaadhaan dubbii isaa in
jalqaba,
dhumni dubbii isaatiis
bamminaa fi maraatummaa
dha;
14 namni gowwaan dubbii in
baay'isa,
wanta ta'uuf jiru
namni tokko illee beekuu hin
danda'u;
erga inni du'ee
wanta ta'uuf jiru
eenyutu isatti himuu danda'a
ree*?
**14 5:2; 8:7*

15 Namni gowwaan,
karaa gara mandaraatti isa
geessu illee
waan hin beekneef,
hojiin isaa isuma in
dadhabsiisa.
16 Yaa biyya mucaan si irratti
mo'uu,
yaa biyya angafoonni kee
ganamaan nyaataa fi
dhugaatiitti dhi'aatanii siif
wayyoo*!
17 Yaa biyya mootiin kee nama
ga'aa ta'ee fi
angafoonni kee machiidhaaf
utuu hin ta'in
ittiin jabina argachuudhaaf

yerootti nyaatanii dhuganii,
gammadi!
**16 Isa 3:4; 5:11*

18 Dhibaa'ummaan mana in duuffisa,
harka dachaafatanii taa'uunis
mana in dhimm'isiisa;
19 nyaati nama gammachiisuuf in
hojjetama;
daadhiin wayuiis
jireenyi akka namatti tolu in
godha;
horiin garuu wanta hundumaa
namaaf in hojjeta.

20 Garaa kee keessatti illee mootii,
iddoo ciisichaa keettis
sooressoota hin abaarin!
Simbirri qilleensa keessa balali'u
sagalicha fuudhee in adeema,
wanti baalleedhaan ka'us
dubbicha in hima.

Wanti Si'achi Ta'uuf Jlru Akka Hin Beekamne Himuu Isaa

11 1 Bara baay'ee booddee deebi-
tee waan argattuuf,
midhaan kee bishaan irra
ceesisii
nama biyya fagoo jiruun ga'i!
2 Wanti hamaan attamii
lafa irratti akka dhufu
waan hin beekneef,
nama torbaaf yookiis saddeetiif
isa hiri!

3 Bokkaan duumessa keessa
yommuu guutu lafa irratti
in rooba;
mukti gara mirgaatti yookiis
gara bitaatti yoo jige,
iddoodhuma itti jige sana in
ciisa.
4 Namni yeroo hundumaa qilleensa
gaarii eeggatu
sanyii facaasuu hin danda'u;
namni yeroo hundumaa
gara duumessaa ilaalus
midhaan isaa makarachuu hin
danda'u.

5 Karaa qilleensi irra adeemu
yookiis gadameessa keessatti
baanaan attamitti mucaa akka ta'u
akkuma beekuu hin dandeenye,
akkasuma Waaqayyo
inni waan hundumaa hojjetu
kan godhu beekuu hin
dandeessu*.
6 Waan ati facaafte keessaa
inni kam akka tolu
waan hin beekneef,
sanyii midhaanii kee ganamaan
facaasi,
galgalas harki kee facaasuuttii
hin boqotin!
Inni kun yookiis inni sun
yookiis immoo lachanuu in
tolu ta'a.
**5 8:16-17; Yoh 3:8*

Namootaaf Gorsa Kennuu Isaa

7 Ifni ba'eessa,
aduu ilaaluunis ijatti in tola;
8 namni bara itti jiraatu
hundumaatti haa gammadu!
Garuu barri dukkanaa
baay'achuuf
akka jiru baa yaadatu!
Wanti dhufu hundinuu
waa'ee hin baasu.
9 Yaa dargaggeessaa,
dargagummaa keetti
gammadi!
Bara dargagummaa keettis
garaan kee haa gammadu,
gara yaadni kee si geessutti
adeemi,
wanta iji kee argu duukaas
bu'i!
Garuu Waaqayyo wanta kana
hundumaaf
gara firdiitti akka si dhi'eessu
beeki*!
10 Mucummaanii fi dargagummaan
waan darbaniif,
yaaddoon si irraa baa fagaatu,
dhagna kee keessaas dhiheen
haa badu!
**9 2:24-25*

Yeroo Dargagummaatti Uumaa Ofii Akka Yaadatan Gorsuu Isaa

12 1 Barri hamaan utuu hin dhufin,
waggoonni ati, "Anatti hin
tolan"
ittiin jettus utuu hin dhi'aatin,
bara dargagummaa keetti
uumaa kee yaadadhu!
2 Aduun, ifni, jiini,
urjiinis utuu hin dukkanaa'in,
bokkaa booddeedhaanis duumessi
utuu hin dhufin,
uumaa kee yaadadhu!
3 Yeroo sanatti harki kee
warri si eegaa turan,
miillan kee warri ciccimoonis
in hollatu;
ilkaan kee waan muraasataniif
nyaachuu in dadhabu,
iji kee inni ilaalaa tures in
dimimmisaa'a;
4 yommus gurri kee lamaan
dhaga'uu in dadhabu,
ilkaan keetiin yommuu waa
nyaattus
sagaleen isaa hin dhaga'amu,
namoonni yeroo simbirri
wacutti in ka'u,
sagaleen faarfannaa isaanii
garuu
sitti hin dhaga'amu.
5 Yommus ati irraan-olee adeemuu,
karaa irratti wanta sitti bu'us
in sodaatta;
rifeensi mataa keetii
akka daraaraa mata-bokkee in
ta'a,
caaroon kee akka kan qorophisaa
in dadacha'a;
kajeellaan kees in hadooda;
kana booddee iddoo boqonnaa
bara baraa in dhaqxa,
warri siif boo'anis karaa irra
asii fi achi in yaa'u.
6 Kanaafis bu'aa dhagna keetii
keessaa
wanti akka fo'aa meetii irraa
hojjetame
utuu hin citin,
inni akka harkee warqee irraa
hojjetame
utuu hin cabin,
wanti akka gomboo,
burqaa bishaanii biratti utuu
hin hurraa'in,
inni akka geengoo ittiin
bishaan boollaa waraabanis
utuu hin cabin uumaa kee
yaadadhu!
7 Biyyoon gara biyyoo
isa irraa dhufeetti deebi'uun,
hafuurri immoo gara Waaqayyo
isa isa kenneetti
deebi'uun hin hafu*.
8 Lallabichi, "Wanti hundinuu
waa'ee bin baasu!
Dhugumaan waa'ee hin baasu,
waa'ee hin baasu" jedhe*.
**7 3:20-21; Uma 3:19*
**8 1:2*

Jajamuu Hojli Lallahichaa

9 Lallahichi ogummaa kan qabu duwwaa utuu hin ta'in, waan ofii beeku saba in barsiise; inni fakkeenya baay'ee itti yaadee, qoree, tarree gal-chee in qopheesse; 10 inni dubbii nama gammachiisu walitti qabee, dubbii qa-jeelaa, dubbii dhugaas in caafe.

11 Dubbiin warra ogeessaa akka ulee isa tiksituu biraa argatanii ittiin horii oofanii ti; jechi isaanii inni funaa-namee walitti qabame, akka mismaara tarreetti cinqaarfamee ti.

12 Yaa ilma ko, kana irrattis gorsa kanatti aanee jiru fudhadhu! Macaafota caafuu baay'isuun dhuma hin qabu, macaafa qoruu baay'isuunis nama in dadhabsiisa.

13 Waaqayyoon sodaadhu,
abboommii isaas eegi!
Kun nama hundumaa irraa in
barbaadama;
xumurri dubbii dhageenye
kana hundumaas isa kana*.
14 Waaqayyo hojii hundumaa, gaarii
ta'us hamaa ta'us wanta dhoksaatti
hojjetamu hundumaaf firdii in kenna*.
**13 3:14; 7:18; Kes 4:10; 6:2*
**14 Rom 2:16; 2Qor 5:10*

Macaafa Weedduu Weedduu Caalu

1 [1] Kun weedduu Solomoon isa
weedduu hundumaa irra
caaluu dha*.

Isheen durbaa,

[2] "Jaalalli kee daadhii waynii irra
waan caaluuf,
afaan koo keessa na
dhungadhu*!
[3] Fooliin urgooftuu dibataa kee
namatti tola,
maqaan kee dha'amuunis
akka urgooftuu dhangala'ee ti,
kanaafuu durboonni si jaallatu*;
[4] na fudhadhuu sokki!
Dafnee in fiigna!
Gara diinqa keetti na geessi
yaa mootii!
Nuyi durboonni sitti in
gammanna,
in ililchinas;
jaalala kees daadhii waynii
caalaa in jajanna;
durboonni hundinuu
dhuguma si jaallatu*.

**1 1Mot 4:32*
**2 1:4; 4:10*
**3 1:12*
**4 1:2*

[5] "Ani gurraattii yoon ta'e iyyuu
miidhagduu dha;
yaa intaloota Yerusaalem,
yaa warra akka godoo Qedaar,
yaa warra akka golgaa
Solomoonis!
[6] Ani gurraattii waanan ta'eef,
aduun waan na gurraachesseefis
ija anatti hin baasinaa!
Obboloonni koo anatti
dheekkamanii,
iddoo dhaabaa waynii isaanii
na eegsifatan;
iddoo dhaabaa waynii kootii
garuu
ani hin eegganne.
[7] Yaa isa garaan koo jaallatuu!
Bushaayee kee cessa tikfatta?
Waareettis eessa boqochiifta?
Ani maaliifan karra bushaayee
firoota kee bira
asii fi achi joora?" jette.

Dargaggeessichi,

[8] "Yaa ishee durboota hundumaa
irra miidhagduu!
Ati ofii keetii hin beektu yoo
ta'e,
bushaayee faana dha'ii adeemi!
Ilmoolee kees
godoo warra tiksootaa bira
dheechifadhu!
[9] Yaa hiriyee ko, ati akka farda
ishee konkolaataa Fara'oon
harkiftuu ti;
[10] maddiin kee amartii
gurraattiidhaan,
mormi kees dirata warqeetiin
in miidhagfame;
[11] dirata warqee siif in tolchina,
guroo meetiis itti in rarraafna"
jedhe.

Isheen durbaa,

[12] "Yeroo mootiin maaddiitti taa'u,
urgooftuun naardos
ana irraa isatti in urgaa'a*;
[13] jaalalleen koo
akka qodaa qumbii ti,
inni harma koo gidduu in
boqota;
[14] jaalalleen koo anaaf akka
daraaraa urgaa'uu ti,
akka iddoo dhaabaa waynii
mandara En-Gedii keessaa tis"
jette.

**12 1:3*

Dargaggeessichi,

[15] "Yaa hiriyee ko, kunoo,
ati miidhagduu dha,
ati baay'ee miidhagduu dha!
Iji kees akka ija gugee kuullee
dha" jedhe.

Isheen durbaa,

[16] "Yaa michuu ko,
atis baay'ee miidhagaa dha!
Ati dhuguma nama in mararta,
margi lalisaanis iddoo ciisicha
keenyaa ti.
[17] Utubaan mana keenyaa muka
gaattiraa ti,

qinaaxxiin isaas muka ejersaa
ti" in jetti.

2 [1] Isheen, "Ani arfaasee Shaaron,
daraaraa dachaa keessaa tis"
jette.

Dargaggeessichi,

[2] "Hiriyeen koo durboota gidduutti,
akka daraaraa qoraattii keessa
jiruu ti" jedhe.

Isheen durbaa,

[3] "Michuun koo dargaggoota
gidduutti
akka muka hudhaa mukkeetii
caakkaa gidduu
dhaabatuu ti;
gaaddisa isaa jala taa'uun anatti
in tola,
iji isaas afaan kootti in miyaa'a.
[4] Michuun koo gara mana cidhaatti
na geesse;
milikkinni jaalallee isaa
ta'uu koo mul'isuu
ana irra jira.
[5] Yommuu jaalalli na
dhukkubsachiisu,
yaa jara nana, ija wayniitiin na
sooraa,
ija muka hudhaatiinis na
jabeessaa!
[6] Harki isaa inni bitaa mataa koo
jala jira,
harki isaa inni mirgaa immoo
na ammata*.
[7] Yaa intaloota Yerusaalem,
michuu koo isa akka kuruphee
yookiis akka borofa
caakkaa,
hamma inni ofiin ka'utti hin
dammaqsinaa" jette*.

**6 8:3*
**7 3:5; 8:4*

Isheen durbaa,

[8] "Kun sagalee miccuu kootii ti!
Kunoo, inni tulloota irra in
u'utaala,
gaarota irras in kaata;
[9] michuun koo akka kuruphee ti,
akka ilmoo bosonuu tis.
Ilaa! Inni kellaa mana keenyaa
duuba in ijaajja,
qaawwa kellaatti maxxanee,
karaa qaawwa manaa in ilaala.
[10] "Michuun koo deebisee anatti in
dubbate.

Dargaggeessichi,

'Yaa hiriyee ko,
miidhagduu ko!
Ka'ii na bira kottu!
[11] Kunoo, amma ganni darbeera,
bokkaan caameera, sokkeeras;
[12] daraaraan bakkee keessatti
argameera,
yeroon weedduus ga'eera,
sagaleen gugees biyya keenya
keessatti dhaga'ameera;
[13] mukti harbuu
ija godhachuu jalqabeera,
mukti wayniis daraaree
urgaa'eera,
yaa hiriyee ko, miidhagduu ko,
ka'ii na bira kottu!' naan jedhe.

[14] "Inni, 'Yaa gugee ko ishee
holqa dhagaa keessaa,
yaa ishee dhoksaa bowwaa
keessaa,
fuula kee na argisiisi,
sagalee kees na dhageessisi!
Sagaleen kee anatti in tola,
fuulli kees anatti in miidhaga'
jedha" jette.

[15] Hiriyoonni ishee immoo,
"Waangotaa fi ilmaan
waangotaa
warra waynii keenya isa daraaraa
nu duraa halleessan qabi!"
jedhan.

Isheen durbaa,

[16] "Jaalalleen koo kan koo ti,
anis kan jaalallee kootii ti;
inni daraaraa keessa horii isaa
in tiksa*.
[17] Yaa jaalallee ko! Utuu boruun
hin baqaqin,
adunnis utuu hin ba'in,
akka kuruphee fiigii kottu,
akka ilmoo bosonuus fottoqaa
gaaraa irraa
utaalii na bira ga'i*!

**16 6:3*
**17 8:14*

3 [1] "Isa garaan koo jaallatu
halkan guutuu siree koo irra
nan barbaade,
barbaadees isa hin arganne;

[ani isa nan waame,
innis na jalaa hin oowwaanne]
2 ani ka'ee mandara keessa,
karaa irra, walga'ii karaa irra
naanna'ee isa nan barbaada;
isa garaan koo jaallatu sanas nan
barbaade,
garuu isa hin argaane.
3 Warri mandara eegan,
utuu asii fi achi adeemanii na
argan;
ani immoo, 'Isa garaan koo
jaallatu argitaniittuu?'
jedhee nan gaafadhe*;
4 ergan xinnoo isaan bira darbee
immoo,
isa garaan koo jaallatu sana
argadhee,
isa nan qabadhe,
gadis isa hiu dhiifne;
gara mana haadha kootti,
gara kutaa mana haadha koo
ishee na deesseettis
nan galfadhe*.

3 5:7
4 8:2

5 "Yaa intaloota Yerusaalem,
jaalallee koo isa akka kuruphee
yookiis akka borofa caakkaa,
hamma inni ofiin ka'utti hin
dammaqsinaa*!

5 2:7

6 "Inni lafa onaa keessaa
akka umbaa aaraatti
ol ba'aa jiru,
inni fooliin isaa akka qumbii fi
ixaana,
isa naggaadeen urgooftuu
hundumaa irraa
waliin maktee hojjette kun
eenyu*?
7 Ilaa, teessoo Solomoon,
humna-qabeeyyii Israa'el
keessaa jaatamni
itti naanna'anii jiru;
8 hundumti isaanii billaa baatu,
lolaaf kan qopheeffamanii dha;
sababii bir'aa halkaniitiifis,
billaa isaanii gudeeda irra
kaa'atanii taa'u.
9 Solomoon mootichi muka
Liibaanon irraa
siree golgaa qabu
kan ittiin isa baatan in
hojjechiifate.
10 Miilli siree sanaa meetii irraa,
irkoon isaa warqee irraa,
iddoon taa'umsaa
uffata dhiilgee irraa hojjetame;
giddun isaa intaloota
Yerusaalemtu
bareechee hojjeteef.
11 Yaa intaloota Yerusaalem,
dhaqaatii gonfoo Solomoon
mootichaa,
isa haati isaa guyyaa fuudha
isaatii,
guyyaa garaan isaa gammadettis
isaaf kennite ilaalaa!" jette.

6 8:5

Dargaggeessichi,

4 1 "Kunoo ati miidhagduu dha
yaa hiriyee ko!
Ati miidhagduu dha,
iji kees akka ija gugee kuullee
dha,
innis shaashii ati baguuggattu
keessaan in mul'ata;
rifeensi mataa kee
karra re'oota tulluu Giil'aad
irraa
gad yaa'anii fakkaata;
2 ilkaan kee akka hoolota
yommuu rifeensi isaanii
muramu
dhagni isaanii dhiqamee bishaan
keessaa ba'anii ti;
hoolonni kun hundinuu
lakkuu dhalu malee,
isaan keessa maseenni
tokko illee hin jiru.
3 Hidhiin kee fo'aa bildiimaa fakkaata,
haasaan kee namatti tola,
maddiin kee rumaanii fakkaata,
innis shaashii ati haguuggattu
keessaan in mul'ata*;
4 mormi kee riqaa Daawit,
isa gaachanni gurguddaan
kumni tokko,
gaachanni warra goototaa
hundinuus
itti rarraafaman fakkaata;
5 harmi kee lachanuu ilmoolee
kuruphee,
ilmoolee kuruphee warra lakkuu,
warra daraaraa keessa dheedan
fakkaatu*.
6 Ani utuu boruun hin baqaqin,

aduunis utuu hin ba'in,
gara tulluu qumbiin irratti biqiluu,
gara gaara ixaanaas nan dhaqa.
7 Yaa hiriyee ko, ati
guutummaadhumatti
miidhagduu dha,
mudaa tokko illee hin qabdu.

1-3 6:5-7
5 7:4; Fak 5:19

8 "Yaa kaadhimma ko,
Liibaanonii ka'ii na bira kottu!
Liibaanonii ka'ii na bira ga'i!
Roggee tulluu Amaanaa irraa,
roggee tulluu Siinaarii fi
Hermoon irraa,
iddoo boolli leencotaa jiru,
tulloota qeerransaa irraas gad
bu'i!
9 Yaa obboleettii ko,
kaadhimma ko!
Ati mil'uu tokkichaan,
dirata morma keetiinis
laphee na corte;
10 yaa obboleettii ko, kaadhimma ko,
jaalalli kee attam nama
gammachiisa!
Daadhii waynii caalaa namatti
tola,
fooliin urgooftuu dibataa kees
urgooftuu hundumaa irra
caala*;
11 yaa kaadhimma ko,
hidhiin kee akka dhaaba
dammaa
nadhii coccophsa,
arraba kee jalaas dammaa fi
aannantu yaa'a,
fooliin uffata kees
akka foolii Liibaanon.

10 1:2

12 "Yaa obboleettii ko,
kaadhimma ko,
ati akka iddoo dhaabaa fi
akka laga dallaadhaan cufamee ti,
akka burqaa cufaan isaa
mallateeffamee tis;
13 ati akka iddoo dhaabaa rumaanii
ti,
mukti ija gaarii godhatu,
daraaraan urgaa'uu fi
biqiltuun naardos
achi keessa jiru.
14 Naardos, biqiltuun urgooftuu,
mukti urgaa'u, qarafaan, mukti
ixaanaa,
mukti qumbii, mukti sabirii,
urgooftuun hundumaa irra
caalus achi keessa jira;
15 ati akka burqaa iddoo dhaabaa
jiruu fi
boolla bishaan taliilli keessaa
yaa'uu,
akka bishaan Liibaanonii
gad yaa'uu tis" jedhe.

Isheen durbaa,

16 "Yaa qilleensa gara bitaa
dammaqi!
Yaa qilleensa gara mirgaa
kottu!
Iddoo dhaabaa kootti qilleensa'i,
fooliin urgooftuu isaa bakkeetti
haa ba'u!
Michuun koo iddoo dhaabaa isaa
dhufee,
ija mukkeetii isaa isa gaarii
haa nyaatu!" jette.

Dargaggeessichi,

5 1 "Yaa obboleettii ko,
kaadhimma ko!
Ani gara iddoo dhaabaa kootii
dhufeera,
qumbii koo fi urgooftuu koo
walitti qabadheera,
nadhii dhaaba dammaa kootii
nyaadheera,
daadhii waynii koo fi aannan koo
dhugeera;
yaa firoota ko, jaallatamoo ko,
nyaadhaa,
hamma quuftanittis dhugaa!"
jedhe.

Isheen durbaa,

2 "Ani rafeera,
yaadni koo garuu hin rafne,
sagaleen hiriyee kootii in
dhaga'ama,
inni balbala in rukuta,
'Balbala anaaf bani!
Yaa obboleettii ko, yaa michuu
ko,
yaa kuullee akka gugee ko
yaa ishee mudaa hin qabnee!
Mataa koo fixeensi jiiseera,
rifeensa mataa koos
tiifuun halkanii tortorseera' in
jedha.

3 Ani immoo, 'Anoo uffata koo of
irraa baaseera
attamittan deebisee uffadha ree?
Anoo miilla koo dhiqadheera,
attamittan deebisee
lafa ittiin ejjedhee xureessa
ree?' nan jedha.
4 Yommuu michuun koo karaa
qaawwaa
harka isaa ol liccisiifate,
lapheen koo in dha'ate;
5 ani michuu koof balbala
banuudhaaf ka'ee,
harka kootiin qabannoo balbalaa
yommuun qabe,
qumbiin bishaanii quba harka
koo irraa
qabannoo sana irratti in
coccophe.
6 Ani michuu koof balbala
yommuun bane,
inni dur illee deebi'ee sokke;
yommuu inni dubbate
yaadni koo isa bira ga'ee ture;
haa ta'u iyyuu malee, ani isa
nan barbaade,
garuu isa hin arganne;
ani isa nan waame,
garuu inni na jalaa hin
oowwaanne.
7 Eegdonni warri naanna'anii
mandara eegan
na arganii reebanii na
madeessan;
eegdonni kellaa sun
uffata koo ana irraa fudhatan*;
8 yaa intaloota Yerusaalem,
michuu koo yommuu argitan
maal itti bimtu?
Jaalalli na dhukkubsachiisuu isaa
isatti akka himtan
anaaf kakadhaa!" jette.

7 3:3

9 Hiriyoonni ishee immoo,
"Michuun kee michuu warra
kaanii irra
maal caala?
Yaa ishee dubartoota hundumaa
keessaa
baay'ee miidhagduu!
Michuun kee kan warra kaanii
irra maal caalaa iyyuu
ati akkas nu kaksiifta?" jedhan.

Isheen durbaa,

10 "Michuun koo diimaa barbadaa
dha,
namoota kuma kudhan
keessatti iyyuu in mul'ata;
11 buqqeen mataa isaa warqee
qullaa'aa fakkaata,
rifeensi mataa isaa
inni gad jigaan gurraacha
akka qurruu ti;
12 iji isaa kuullee akka gugee
laga bishaanii bukkee teessuu,
ishee naannoon agartuu ija
isheetii
akka aannanii addaatuu ti;
13 maddiin isaa akka madabii
biqiltuun urgooftuu hundinuu
irratti guddifamuu ti,
hidhiin isaa akka daraaraa
isa qumbii coccophsuu ti;
14 harki isaa buttujjii warqee
fakkaata,
dhagaa gati-jabeessa
bifa margaa qabuunis
miidhagfameera;
dhagni isaa akka ilka arbaa
isa Safiiros itti uffifamee in
calaqqisa;
15 mijili isaa utubaa dhagaa warqee
qullaa'aa irra dhaabatu
fakkaata;
inni surra-qabeessa
akka tulluu Liibaanonii fi
akka muka gaattiraa
isa bundumaa caaluu ti;
16 afaan isaa dhungannaatti baay'ee
miyaa'aa dha,
inni karaa hundaa nama in
marara;
yaa intaloota Yerusaalem,
kunoo isa kana michuun koo,
isa kana firri koo" jette.

6 1 Hiriyoonni ishee,
"Yaa ishee dubartoota
hundumaa keessaa
baay'ee miidhagduu!
Michuun kee eessa dhaqe?
Karaa kam irras ba'e?
Mee ka'i, nuyis sii wajjin
dhaqnee
isa in barbaannaa!" jedhan.

Isheen durbaa,

2 "Michuun koo gara iddoo
dhaabaa isaatiitti
gad bu'e,

gara madabii biqiltuun
urgooftuu
irratti guddifamuu dhaqe;
inni horii isaa achi in tiksa,
daraaraas in cirata.
3 Michuun koo kan koo ti,
anis kan michuu kootii ti;
inni daraaraa keessa horii isaa
in tiksa" jette*.

3 2:16

Dargaggeessichi,

4 "Yaa hiriyee ko,
ati akka Tiirzaa miidhagduu
dha,
akka mandara Yerusaalem
nama in mararta,
akka loltoota faajjii baataniis
nama in sodaachifta*;
5 akka inni ana hin hawwannetti,
ija kee ana irraa buqqisi!
Rifeensi mataa kee re'oota
tulluu Giil'aad irraa
gad yaa'an fakkaata;
6 ilkaan kees akka hoolota
dhagni isaanii dhiqamee
bishaan keessaa ba'anii ti;
hoolonni kun hundinuu
lakkuu dhalu malee,
isaan keessa maseenni
tokko illee hin jiru;
7 maddiin kee rumaanii baqaqfame
fakkaata,
innis sbaashii ati haguuggattu
keessaan in mul'ata*.
8 Mootuuwwan jaatamni,
saajjatoonni saddeettamni,
durboonni
lakkoobsi isaanii dhuma hin
qabne
yoo jiraatan illee,
9 gugeen koo isheen mudaa hin
qabne,
isheen haadha isheetiif tokkittii,
isheen deesse ishee marartu,
anaaf tokkittii koo ti;
durboonni ishee arganii
'Eebbifamtuu' jedhaniin;
mootuuwwanii fi saajjatoonni
ishee in jajan" jedhe.

4 6:10
5-7 4:1-3

Hiriyoonni ishee,

10 "Isheen akka boruu ganamaa ol
baatu,
akka ji'aa miidhagdu,
akka aduu iftu,
akka loltoota faajjii baatanii
nama sodaachiftu
kun eenyu?" jedhan*.
11 Inni immoo, "Ija mukkeetii
dacbaa sana keessa jiranii
ilaaluudhaaf,
mukti waynii daraaree,
rumaaniinis budheera yoo ta'e
hubachuudhaaf,
gara dachaa dbaabaa muka
meexxii nan dhaqe*.
12 Utuma ani hin beekin yaadni koo
na butee,
konkolaataa gurguddoota saba
kootii irra na kaa'e" jedhe.

10 6:4
11 7:13

7 1 Hiriyoonni ishee, "Deebi'i,
deebi'i yaa Shulaamittii!
Nuyi akka si ilaalluuf
deebi'i!" jedhan.

Dargaggeessichi immoo,

"Akka waan isheen kutata
lama gidduu sirbituutti
Shulaamittii kana irraa maal
ilaaltu?
2 Yaa intala guddaa biyyaa,
miilli kee kophee balasee
keessaan
maal maal miidhaga!
Mudhiin kee callee gati-jabeessa
isa namni barka-toleessi
tolche fakkaata;
3 handhuurri kee qadaada isa yeroo
hundumaa
daadhii waynii baatu in
fakkaata;
gudeedi kee tuullaa qamadii
isa daraaraan itti naanna'ee
jiru in fakkaata;
4 harmi kee lachanuu ilmoolee
kuruphee,
warra lakkuu dhalatan in
fakkaata*;
5 mormi kee riqaa
ilka arbaa irraa hojjetame,
iji kee lachanuu
duuchaa bishaan qurxummii
isa karra Batraabiimitti dhi'oo
Heshboon keessa jiru in
fakkaata;
funyaan kees riqaa Liibaanon

isa gara Damaasqootti
garagalee jiru in fakkaata.
4 4:5

6 "Mataan kee tulluu Qarmelos,
rifeensi mataa kees fo'aa
haarrii dhiilgee fakkaata;
isa kanaanis mootiin in
booji'ama.
7 Yaa ishee jaallatamtuu
nama gammachiiftuu,
ati attam miidhagduu dha,
attamis nama mararta!
8 Hojjaan kee akka muka meexxii ti,
harmi kees akka hurbuu waynii ti;
9 ani, 'Muka meexxii sana nan
yaabbadha,
damee isa ija godhatus
nan qabadha' nan jedhe;
harmi kee akka hurbuu waynii ti,
fooliin hafuura funyaan kee
keessaa ba'us
akka ija muka hudhaa ti.
10 Dhungaannaan michuu kootii
akka daadhii waynii
isa hundumaa caaluu,
isa hidhii fi ilkaan keessa darbee
suuta jedhee gad bu'uu ti" jedhe.

Isheen durbaa,

11 "Ani kan michuu kootii ti,
inni ana in kajeela;
12 yaa michuu ko, kottu
mandara keessaa gad in baanaa,
gandeen keessas in bullaa!
13 Obboroodhaan in kaana,
gara iddoo dhaabaa waynііs in
dhaqna,
mukti waynii hudhee daraaree,
rumaaniinis daraarcera yoo ta'e
in ilaalla!
Anis achitti
jaalala koo kennaa godhee siif
nan kenna*;
14 iji muka hawwa jaalalaa kaasu in
urgaa'a,
balbala keenya duras
iji mukaa gaggaariin,
warri ammaa fi warri durii jiru;
yaa michuu ko, isaan kana
siifan kaa'e" jette.
13 6:11

Isheen durbaa,

8 1 "Utuu ati obboleessa koo
isa harma haadha kootii
hodhee guddate taatee,
karaa irratti yommuun si argu sin
dhungadhan ture;
kanaafis namni
ana hin tuffatu ture;
2 ani si dura bu'ee gara mana
haadha kootii
ishee na guddifteetti sin geessa;
daadhii waynii isa ba'eessa siifan
kenna,
cuunfaa rumaaniis sin obaasa*.
3 Harki isaa inni hitaa mataa koo
jala jira,
harki isaa iuni mirgaa immoo
na ammata*.
4 Yaa intaloota Yerusaalem,
jaalalleen koo hamma inni
ofiin ka'utti,
akka hin dammaqsine,
isin nan kaksiisa" jette.
2 3:4
3 2:6

5 Hiriyoonni ishee, "Isheen lafa
onaa keessaa
michuu ishee harka qabattee ol
baatu kun eenyu?" jedhan.
Inni, "Ani muka hudhaa
jalaan si kaase,
iddoon sun immoo lafa itti
haati kee si ciniinsifate,
lafa isheen itti si deesses ture*.
6 Akka mallattootti garaa keettii fi
irree keetti na mallateeffadhu!
Jaalalli jabaa akka du'aa ti,
hinaaffaan gara-jabeessa akka
awwaalaa ti;
arrabni isaas akka arraba
ibiddaa ti,
akka giimii ibiddaa
isa xaph godhuu ti.
7 Bishaan baay'een iyyuu
ibidda jaalalaa hin dhaamsu,
lolaanis haree isa hin balleessu;
namni qabeenya qe'ee isaa jiru
hundumaan
jaalala bitachuu barbaaduun
gowwummaa dha" jedhe.
5 3:6

8 Hiriyoonni ishee,
"Obboleettiin keenya xinnoo
dha,
hin guntunne iyyuu dha;
namni yommuu ishee
haasa'achuudhaaf dhufu,

maal isheedhaaf goonu ree?
9 Yoo isheen masaraa taate,
nuyi immoo riqaa meetii
irratti in ijaarra;
yoo isheen balbala taate,
nuyi immoo danqaraa muka
gaattiraatiin
in cufna" jedhan.

Isheen durbaa,

10 "Ani masaraa dha,
harmi koos riqaa fakkaata,
kanaafan fuula isaa duratti
jaallatame.
11 Solomoon iddoo dhaabaa waynii
tokko
Ba'aal-Hamoonii qaba ture;
iddoo dhaabaa waynichaas
eegdotatti dugda in gurgurate;
tokkon tokkon eegdota sanaas
gatii ija waynichaa
meetii kuma tokko tokko
in baasu turan;
12 iddoon dhaabaa waynii
inni kan kootii na dura jira,
yaa Solomoon, ati kuma
fudhadhu,
warri ija isaa eegan immoo
dhibba lama haa fudhatan!"
jette.

Dargaggeessichi,

13 "Yaa ishee iddoo dhaabaa keessa
jiraattuu,
hiriyoonni kee sagalee kee
dhaggeeffatu,
mee na dhageessisi!" jedhe.

Isheen durbaa immoo,

14 "Yaa michuu ko, dafii na hira kottu!
Akka kuruphee fi akka ilmoo
borofaa,
tulluu iddoo dhaabaa urgooftuu
irraa utaalii kottu!" jette*.
14 2:17